INISTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE SEERAA FI QORANNOO SEERAA OROMIYAA

Moojulii Bilisummaa Itti-Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa

QOPHEESSAAN: - ABDII ASAFFAA

GULAALTONNI: 1. OBBO TASFAAYEE BOORESSAA

2. OBBO TAFARII H/MAARIYAAM

3. OBBO XAAFAA DACHAASAA

ILQSO,
ADAAMAA
(2012)

BAAFATA

Baafata i

Seensa waliigalaa 1

Boqonnaa Tokko 3

1. Bilisummaa Abbaa Seerummaa 3

1. Seensa 3

2. Bilisummaa Abbaa Seerummaa: Maalummaa, Barbaachisummaa Fi Bifoota 4

1.2.1. Maalummaa fi Hiikkoo Bilisummaa Abbaa Seerummaa 5

1.2.2. Barbaachisummaa 16

3. Qajeeltoowwan Bilisummaa Abbaa Seerummaa 21

1.3.1. Haguuggii Seeraa Argachuu 21

1.3.2. Qajeeltoo Adda Bahiinsa Aangoo (Separation of Powers) 22

1.3.3. Qajeeltoo Bilisummaan Jiraachuu Fi Bilisummaa Mullatu Qabaachuu 24

1.3.4. Qajeeltoo Dirqama Dhaddacha Irraa Of Kaasuu Abbaa Seeraa 25

4. Bifoota Bilisummaa Abbaa Seerummaa 26

1.4.1. Bilisummaa Abbootii Seeraa 27

1.4.2. Bilisummaa Keessaa 39

1.4.3. Bilisummaa Dhaabbatummaa 41

5. Haguuggii Bilisummaa Abbaa Seerummaa Sirna HMFDRI fi HMNO 45

1.5.1. Bilisummaa Abbaa Seeraa 48

1.5.2. Bilisummaa Bulchiinsaa 49

1.5.3. Faloota Dhiibbaa Bilisummaa Abbaa Seerummaaf kennaman 64

Boqonnaa Lama 68

2. Itti- gaafatamummaa Abbaa Seerummaa 68

1. Seensa 68

2. Itti gaafatamummaa Abbaa Seerummaa: Maalummaa, Barbaachisummaa Fi Goosota 69

2.2.1. Maalummaa 69

2.2.2. Barbaachisummaa 73

2.3. Abbaan Seeraa Eenyuuf Itti Gaafatama 75

2.3.1. Itti Gaafatamummaa Abbaa Seerummaa Manuma Murtii keessatti akka Ta'u Taasisuu (Administering Judicial Discipline Within the Judiciary) 78

2.3.2. Itti Gaafatamummaa Abbaa Seerummaa Hawwaasa Ballaa Irraa Bilisa Taasisuu (Keeping Judicial Discipline Away from Majoritarian Politics) 79
2.3.3. Qaama Addaa Mana Murtii Keessatti Hundeessuu (Establishing a Special Disciplinary Body Within the Judiciary) 79
2.3.4. Itti Gaafatamummaan Maaliif? 80
2.4. Sirna heeraa Mootummaa RDFI fi itti gaafatamummaa abbaa seerummaa 80
2.4.1. Itti Gaafatamummaa Seera Baaftuu 81
2.4.2. Itti gaafatamummaa Yakkaa 83
2.4.3. Itti gaafatamummaa Naamusaa 85
2.4.4. Itti Gaafatamummaa Seera Raawwachiiftuuf 87
Boqonnaa Sadii 90
3. Iftooma Abbaa Seerummaa 90
1. Seensa 90
2. Maalummaa fi Hiikkoo Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa 91
3. Barbaachisummaa Iftoominaa 94
4. Daangaa Iftoominaa 95
5. Haguuggii Seeraa fi Heeraa Iftoominaa 96
Maddewwan Wabii 100

Seensa waliigalaa

> *"The administration of justice, including law enforcement and prosecutorial agencies and, especially, an independent judiciary and legal profession in full conformity with applicable standards contained in international human rights instruments, are essential to the full and non-discriminatory realization of human rights and indispensable to the processes of democracy and sustainable development"*[1]

Bilisummaan abbaa seerummaa ykn bilisummaan mana murtii kenniinsa haqaa, kabajamuu mirga namoomaa, sirna diimokraasii fi olaantummaa seeraa keessatti dhimma murteessaa akka ta'e ogeessonnii fi biyyoonni baayyeen irratti waliif galu. Haa ta'u malee, bilisummaan abbaa seerummaa jechuun maal jechuu akka ta'ee fi daangaan isaa ilaalchisee walii galtee jira jechuun hin dandaa'amu. Sababiin isaas, biyyoota, qaamolee mootummaa fi miti mootummaa fi ogeessotaan hiikkoo kennamuu fi daangaa ibsamu jidduu garaagarummmaa guddaatu jira waan ta'eef. Yaaddamichas, biyyoonni hala qabatama isaanii jiddu galeessa godhachuun ballisuun ykn dhippisuun hikkoo itti ni kennu. Leenjiin kunis yaadota kana tilmaama keessa galchuun, kaadhimamtoonni abbootii seeraa fi alangaa bilisummaa abbaa seeraa fi hojiirra oolmaa isaaa irratti hubannoo guutuu ta'e akka argatan taasiisuuf kan kaayyeeffatedha. Leenjitoonnis hubannoo qaban gabbisuun hojiirra oolmaa isaa keessatti gahee irraa eegamu taphachuu akka danda'an kan aangessuu ta'a jechuudha. Adeemsa kana keessattis ogeessonni kun maalummaa bilisummaa, itti gaafatamuummaa fi iftoomina hojii abbaa seerummaa irratti hubannoo qaban ni ballifatu. Leenjiin kunis, qajeeltoowwan bu'uuraa yaaddamoota kan waliin walqabatanii ka'an irratti hubannoo, beekumsaa fi muuxannoo akka horatanif kan gargaarudha.

Sirna haqaa keessatti qaamolee gahee olaanaa taphatan keessaa tokko mana murtiidha. HMFDRI tiinis manni murtii akka qaama mootummaa tokkootti ergamaa fi dirqama ni qaba. Kanaaf, mirgootaa fi bilisummaawwan bu'uuraa heeraan eegumsaa fi beekamtii kennameef kabajuu fi kabachisiisuu; sirna siyaasaa, dinagdee fi hawaasummaa heeraan mirkaneessaman kabajuu fi

[1] Vienna Declaration and Programme of Action, adopted by the world Conference on Human Rights in Vienna on 25 June 1993, para. 27

kabachisuu; seeraa fi sirni eegamee, nagaa, tasgabbiini fi ol'aantummaa seeraa mirkaneessuu fi akka mirkanaa'u taasisuu akka ta'e hubachuun ni dandaa'ama. Ergamni heeraa manneen murtii kana akka ta'e HMFDRI fi bu'uura heerichan seeroota bahaan irraa hubachuun ni danda'ama. [2] HMFDRI ergama manneen murtii qofa hin keenye, qajeeltoowwan bu'uuraa (Principles) manneen murtii ergama isaanii bahuuf ittiin qajeelfamu qaban ifatti tumeera. Qajeeltoowwan kanneen keessaas bilisummaa abbaa seerummaa; itti gaafatamummaa abbaa seerummaa fi iftoomina caqasuun ni danda'ama.[3]

Leenjitoonnis leenjii kana booddee, bilisummaa, itti gaafatamummaa fi iftoomina hojii abbaa seerummaa fi mana murtii irratti leenjii kanaan hubannoo qaban ni gabbifatu. Adeemsa kana raawwachuu keessatti moojuliin kun qajeeltoowwan kana xiinxaluun Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa keessa qabatamni jiru maal akka fakkaatu agarsiisuun leenjitoonni muuxannoo barbaachisu horachuun gara hojiitti akka seenan dandeesiisuuf kan kaayyeffatedha. Itti dabaluunis, rakkoowwan qabatamaan mudatanii fi mudachuu danda'an kaasuun hubannoo barbaachisu akka horataniif caraaa uumuudha. Moojuliin kana keessattis, boqonnaa tokkoffaa keessatti bilisummaa abbaa seerummaa, boqonnaa lamaffaa jalatti ammoo itti gaafatamummaa abbaa seerummaa fi boqonnaa sadaffaa jalatti iftoomina hojii abbaa seerummaa xiinxalamaniiru.

Kaayyoon leenjichaa:

- Qajeeltoowwan bu'uuraa bilisummaa, itti gaafatamummaa fi iftooma abbaa seerummaa irratti hubannoo leenjitoonni qaban cimsuuf,,
- Maalummaa, kaayyoo fi galma bilisummaa, iftoominaa fi itti gaafatamummaa abbaa seerummaa irratti hubannoo leenjitoonni qaban cimsuuf,
- Walitti hidhatiinsa bilisummaa, itti gaafatamummaa fi iftoomina hojii abbaa seerummaa irratti hubannoo leenjitoonni qaban cimsuuf,
- Haguuggii bilisummaa, itti gaafatamummaa fi iftoomina hojii abbaa seerummaa HMFDRI fi seerota biroo keessa jiru irratti hubannoo leenjitoonni qaban cimsuuf,

[2] HMFDRI kwt. 9, 12, 37
[3] HMFDRI kwt. 50,

Boqonnaa Tokko

1. Bilisummaa Abbaa Seerummaa

> **"***A judiciary which* ***<u>is independent and which is perceived to be independent within the community</u>*** *protects both itself and the freedoms enshired in the constitution from invasión and corrosión. A judiciary which is not, impairs both"*
>
> **The Hon. Mr. Justice Mahomed**[4]

1. Seensa

Manneen murtii ergama heeraan qaban kan bahuu danda'an bu'uuraan bilisummaa yoo qabaatanidha. HMFDRI barbaachisummaa qajeeltoo bilisummaa manneen murtiifi abbaa seerummaaf hubachuun haguuggii kenneera.[5] Boqonnaa kana keessatti haguuggiin heeraan kenname jiru maal akka ta'ee fi seerotaan ammoo akkamitti qabatamaatti geeddaramee jira kan jedhu kan ilaallu yommuu ta'u. Ka'umsaa fi hubannoof akka tolutti maalummaafi qajeeltoowwan bu'uuraa bilisummaa abbaa seerummaa akka haaldureetti jalqaba irratti kan ilaallu ta'a. Itti aansun haguuggiin seerota Itiyoophiyaa keessatti bilisummaa abbaa seerummaafi manneen murtiif kennamee jiru maal akka fakkaatu ni ilaalama.

Xiinxala kana keessattis, haguuggiin seeraa jiru kun gahaa fi gahaa ta'uu dhabuu isaa muuxannoowwan akka addunyaatti jiranii fi ulaagalee bilisummaa abbaa seerummaa dursamanii ilaalaman waliin dabaaluun marii fi xiinxalli ni taasifma. Adeemsa kana keessatti agarsiiftuuwwan bilisummaa abbaa seerummaa fi bifoota bilisummaaa abbaa seerummaa kaasuun qabxiileen hubannoo fi muuxannoof ta'an irratti ni dubbatama. Walumaa galatti boqonnaa kana jalatti hiikkoo, qabiyyee, maalummaa fi agarsiiftuuwwanii ykn safartuuwwan bilisummaa abbaa seerummaa kan ta'an kaasuun qabatama biyya keenya keessa jiru waliin walbira qabuun xiinxalli ni taasifama.

---

[4]

[5] HMFD RI, kwt. 79 (1 fi 2)

Leenjifamtoonni Boqonnaa kana Booddee: -

- Maalummaa fi barbaachisummaa bilisummaa abbaa seerummaa irratti hubannoo qaban ni gabbifatu.
- Bifootafi agarsiiftuuwwan bilisummaa abbaa seerummaa adda baasuun qabatama biyya Itiyoophiyaa fi naanno Oromiyaa irratti hubannoo qaban ni gabbifatu.
- Bilisummaa abbaa seerummaa mirkaneessuuf qabxiilee bu'uuraa ta'an adda baasuufi muuxannoowwan biyyoota biroo irraa maal barachuu akka dandeenyu irratti hubannoo qaban ni gabbifatu.
- Haguuggii seeraa bilisummaa HMFDRI, HMNO fi seerota biroo keessatti taasifamee jiru irratti hubannoo qaban ni dabalatu.

2. Bilisummaa Abbaa Seerummaa: Maalummaa, Barbaachisummaa Fi Bifoota

Maalummaa fi hiikkoo bilisummaa abbaa seerummaa ilaalchisee addunyaan maal jedha kan jedhuu fi bu'uurumaan barbaachisummaa bilisummaa abbaa seerummaa irratti yaadota bu'uuraa jiran adda baasuun barbaachisaadha. Adeemsa kana keessa bilisummaa abbaa seerummaa yaaddamni jedhu kun qabiyyeen isaa maal akka ta'ee fi bifoota akkamiin ibsamuu akka danda'us adda baasuun agarsiisuun fi leenjitoonni hubannoo akka irratti qabaatan taasisuun dhimma bu'uuraa boqonnaa leenjii kanaati. Otoo qabiyyee fi barbaachisummaa bilisummaa abbaa seerummaa hin ilaalin dura maalummaa fi hiikkoo bilisummaa abbaa seerummaaf kennamu ilaaluun murteessaadha. Sababiin isaa, barbaachisummaa fi qabiyyeen bilisummaa abbaa seerummaas kan hundaa'u hiikkoo sirna seeraa keessattii fi ogeessotaan dirree ogummaa keessatti yaaddama kanaaf kennamu irratti kan hundaa'u waan ta'eefi. Sirna seeraa diimokraatawaadha jedhamu keessatti bilisummaan abbaa seerummaa itti gaafatamummaan daangeffamuu ykn walmadaalchifamuun dhimma barbaachisaadha.[6] Haa ta'u malee kana gochuun kan dandaa'amu bilisummaa abbaa seerummaa jechuun maal jechuudha kan jedhu irratti waliigalteen bu'uuraa ta'e yoo jiraatedha. Kanaaf, mata duree itti aanu keessatti hiikkoowwan bilisummaa abbaa seerummaaf kennaman fi maalummaa bilisummaa abbaa seerummaa kaasuun haa ilaallu.

[6] Peter H. Russell, Judicial Independence in Comparative Perspective, in JUDICIAL INDEPENDENCE IN THE AGE OF DEMOCRACY 301, 302 (Peter H. Russell & David M. O'Brian eds., 2001).

1.2.1. Maalummaa fi Hiikkoo Bilisummaa Abbaa Seerummaa

Gaaffii marii

1. Bilisummaa jechuun maal jechuudha? Bilisummaa abbaa seerummaaf jechuunihoo maal jechuudha? Bilisummaa abbaa seeraa fi bilisummaa abbaa seerummaa jidduu garaagarummaan jiru jiraa?
2. Bilisummaa abbaa seerummaaf hiikkoon kennamu akka addunyaatti tokko jechuu dandeenyaa? Garaagarummaan kan jiraatu yoo ta'e maaliif? Sababa ta'a jettanii kan yaaddan kaasuun irratti mari'adha.
3. Sirna Seeraa Itiyoophiyaa keessatti bilisummaa abbaa seerummaaf hiikkoon kennamee jiru akkamitti ilaaltu?
4. Akka ogeessa tokkootti bilisummaa abbaa seerummaa akkamitti ilaaltu? Bilisummaa mana murtii walinihoo akkamitti ilaaltuu? Garaagarummaa qabaa?
5. Ogeessoonni abbaa seeraa taatan bilisummaa abbaa seerummaa bu'uureffachuun ykn abdachuun hojii abbaa seerummaa filattanii? deebii keessan sababa isaa waliin ibsuun irratti mari'adhaa.

Bilisummaan abbaa seerummaa olaantummaa seeraa akka jiraatuuf dhimma bu'uuraati.[7] Maalummaa bilisummaa abbaa seerummaafi barbaachisummaa isaa irratti hubannoo gahaa ta'e qabaachuun yaadrimicha hubachuuf murteessaadha. Haa ta'u malee, bilisummaa abbaa seerummaa ykn mana murtii yeroo jedhamu yaaddamichi duuchaadha. Gaaffileen akka manni murtii bilisa ta'uu jechuun maal jechuudha jedhuu fi manni murtii ykn abbaan seeraa bilisa ta'uuf ulaagaalee akkamii barbaachisa jedhaniif hiikkoo fi hubannoon jiru garaagara. Yaadota kana irratti beektonni baayyeen barreessaniiru haa ta'u malee, ammayyuu waliigalteen guutuun jira jechuun hin dandaa'amu.[8] Bilisummaa abbaa seerummaaf hiikkoo kennuun rakkisaa ta'us, hayyoonni muraasni hiikkoo itti kennuuf yeroo yaalan ni jira.

[7] K Mack and S Anleu "The Security of Tenure of Australian Magistrates" [2006] Vol 30 Melbourne University Law Review 370, 372.

[8] Mathew D McCubbins, Roger Noll, and Barry R Weingast, "Conditions for Judicial Independence" 15 (n.d.): p.105.

Maalummaan bilisummaa abbaa seerummaa yaaddama baayyee hin hubatamne akka ta'e ogeessonni ni kaasu. Inumaayyuu yaaddamoota hubannoon irratti fudhatamu keessaa kan xiqqoo hubatame ta'uu akka hin hafne ogeessonni ni ni tilmaamu.[9] Rakkoon hubannaa akkasii osoo jiruu ogeessooni baayyeen yaaddama kana irratti waliigalteen hundagaleessa ta'e akka jiruutti kaasuun yeroo dubatan arguun baratamaadha. Adeemsa kana keessatti ogeessoonni kun hiikkoo osoo itti hin kenniin kan darban waanta'eef maal jechuu akka barbaadan illee hubachuun rakkisaa ta'uu danda'a. Ogeessonni biroon ammoo, hiikkoo isaan yaaddama kanaaf kennan ifaa ta'us, bu'aa mana barumsaaf (for academic purpose) qofa waan ta'eef ykn yaadda ogeessota muraasaa qofa waan ta'eef qabatama lafa jiru tilmama keessa kan galche miti. Kanaaf, hiikkoowwan akkasii kana hojii keessatti gargaaramuun rakkisaa ta'a. Ogeessonni biroon rakkoo hiikkoo kana irraa ka'uun hiikkoo yaaddamichaaf fedhii isaanii qofatti luuccessuun hiikuuf yeroo yaalanis jira.[10] Hiikkoowwan haala kanaan kennaman irratti hundaa'uun yaaddamicha hubachuun hammam rakkisaa ta'uu akka danda'au tilmaamuun ni dandaa'ama.

Bilisummaa abbaa seerumaa jechuun maal jechuudha gaaffii jedhu deebisuuf ogeessootni yeroo maalumma isaa ibsan, qajeeltoon kun kan inni xiyyeeeffatu haala hojii abbaa seeraaf hojii haqa kennuuf hojjetamu keessatti ulaagaa barbaachisaa fi murteessaa tokko akka ta'eetti yeroo kaafamu jira. Yaaddamni bilisummaa abbaa seerummaa sirn seeraa anglo-ameerikaa (Anglo-American legal system) hordofan biratti haa guddatu malee, akka addunyaatti olaantummaa seeraaf dhimma bu'uuraati jedhamee fudhatameera.[11] Yaaddamicha irratti akka yaadaatti biyyootni hedduun irratti waliif galaniyyuu bu'uuraan tarkaanfilee murteessaa ta'e akka biyyaatti fudhatamu irratti walfakkeenyi hin jiru. Kanaaf, hojiirra oolmaa fi hiikkoon bilisummaa abbaa seerummaaf kennamu irratti sirnaa sirnatti garaagarummaa guddaan mullateera. Biyyoota hedduu biratti hojiirra oolmaa yaaddamichaa qabatamaan kan mullisu hubannoon jiru walfakkaataa akka hin

[9] Larkins Christopher M. Judicial Independence and Democratization: A Theoretical and Conceptual Analysis. The American Journal of Comparative Law. 1996; 44(4):605.

[10] Larkins Christopher M. Judicial Independence and Democratization: A Theoretical and Conceptual Analysis. The American Journal of Comparative Law. 1996; 44(4):605.

[11] Daniel M Brinks and Abby Blass, "Rethinking Judicial Empowerment: The New Foundations of Constitutional Justice," *International Journal of Constitutional Law* 15, no. 2 (April 1, 2017): p.1, https://doi.org/10.1093/icon/mox045.

taanedha. Hiikkoon yaaddamichaaf kennamus, sirna siyaasaa, dinagdee, hubannoo fi kkf'n keessoo biyyattii jiruun dhiibbaa guddaan kan irra gahedha.[12]

Bilisummaaan dandeettii abbaan seeraa dhimma isaaf dhihaate tokko dhiibbaa qaama kamii malee akkaataa itti fakkateen ilaalee murteessuudha.[13] Haa ta'u malee, bilisummaan akka feetee abbaa seeraadha jedhamees fudhatamuu hin qabu. Dabalees, sirna seeraa biyya tokkoo keessatti abbaan seeraa ykn manni murtii bilisa ta'uun walitti dhufeenya hawwaasummaa walxaxaa jiraachuu danda'u tokko haala bu'a qabeessa fi loogmaleessa ta'een bulchuuf kan gargaarudha.[14] Bilisummaa abbaa seerummaa kallattii malaamaltummaa ittisuu fi kabajamuu mirga namoomaatiin yeroo ibsamu dhimma bu'uuraa akka ta'eetti ka'a. Qabatamni addunyaa irratti mullatus yaada kana kan deggerudha. Biyyoota sarbamiinsi mirga namoomaa fi malaamaltummaan keessatti babal'atee mul'atu yoo ilaalamu akka sababaatti kan ka'an keessaa jalqaba irratti kan ka'u dhiibamuu bilisummaa abbaa seerummaa akka ta'e ogeessoni ni kaasu.[15]

Yaadrimeen bilisummaa abbaa seerummaa wantoota lama agarsiisuuf ni gargaara. Isaanis, bilisummaa akka dhaabbataatti manni murtii qabaachuu qabu fi bilisummaa abbaan seeraa dhaddacha irratti dhimmoota isaaf dhihaatan keessumeessuuf qabaachuudha.[16] Bilisummaa abbaa seerummaa jechuun bilisummaa akka dhaabbataatti jiruu fi bilisummaa akka dhuunfaatti abbaan seeraa qabu agarsiisa. Bulisummaa dhuunfaa jechuun abbaan seeraa dhimma tokko keessummeesuu keessatti dhiibbaa qama kamii irraa bilisa ta'uun dhimmicha keessumeessuuf dirqama qabu agarsiisa. Yaaddamichi abbaan seeraa adeemsa dhimmicha keessumeessuu keessatti

---

[12] Mohammad Saiful Islam, "Does the Independent Judiciary Important in Bangladesh? A Legal and Economic Study," n.d., p.38.

[13] Thomas E Plank, "The Essential Elements of Judicial Independence and the Experience of Pre-Soviet Russia" 5 (n.d.): p.3.

[14] Plank, p.3.

[15] "Judicial_independence_Definition_measurement_and_i.Pdf," n.d., p.1."Judicial_independence_Definition_measurement_and_i.Pdf," n.d., p.1.

[16] Fiona Elizabeth Jamieson, "Judicial Independence: The Master Narrative," *SSRN Electronic Journal*, 2018, p.3, https://doi.org/10.2139/ssrn.3128963.Fiona Elizabeth Jamieson, "Judicial Independence: The Master Narrative," *SSRN Electronic Journal*, 2018, p.3, https://doi.org/10.2139/ssrn.3128963.Fiona Elizabeth Jamieson, "Judicial Independence: The Master Narrative," *SSRN Electronic Journal*, 2018, p.3, https://doi.org/10.2139/ssrn.3128963.Fiona Elizabeth Jamieson, "Judicial Independence: The Master Narrative," *SSRN Electronic Journal*, 2018, p.3, https://doi.org/10.2139/ssrn.3128963.

loogmaleessa ta'uuf haalonni isa dandeessisan jiraachuu waliin walqabata.[17] Kanaaf, dhiibbaa keessaa fi alaan abbaa seeraa irraan gahuuf kan yaalamuu yoo ta'e bilisummaan abbaa seerummaa rakkoo jala jiraachuuf akka agarsiisftuutti ka'uu danda'a.

Bilisummaan mana murtii olaantummaa seeraa kabachiisuuf barbaachisaadha. Barbaachisummaa bilisummaa yeroo ibsamus, manni murtii olanaatummaa seeraa akka kabachiisuuf kan barbaadamu yoo ta'e bilisummaan isaa gaaffii jala galuu hin qabu jechuun ogeessotni ni ibsu. Bilisummaan mana murtii akka dhaabbataatti haala gurmaa'iinsaa fi caseffama dhaabbatichaa waliinis kan walqabatudha. Manni murtii bilisummaa akka qabaatuff, akka qaama mootummaa tokkooti of danda'ee hundaa'uu qaba jechuudha. Manni murtii qaamolee mootummaa biroo jalatti akka gurmaa'u ta'uun kallattiin yaaddama bilisummaa abbaa seerummaa waliin kan walsimu ta'uu dhiisuu akka danda'u ogeessonni ni kaasu.[18] Kana bu'uureffachuun, mana murtii biliummaa qaba jechuuf, manni murtii qaamolee mootummaa sadeen keessaa tokko ta'ee, qaamolee mootummaa biroon waliin sadarkaa walqixaa akka qabaatu sirni diriiree jiraachuudha.

Bilisummaan abbaa seerummaa achiasdhufaatii isaa yoo ilaallu yaadrimee haarawaa miti. Bilisummaan abbaa seerummaa jaaraa 16ffaa irraa kaasee haayyoota seeraa fi siyaasaa adda addaatiin yaadrimee xiyyeeffannaa guddaan itti kenname bal'inaan irratti dubbatamee fi irratti barreeffamedha. Keessumaa biyya Ingilizitti bara 1215 akka warra awurooppaatti mallatteeffamuu Maagnaa Kaartaa irraa eegalee kabajamuu mirga lammilee fi olaantummaa seeraa mirkaneessuuf akka dhimma bu'uuraatti gaaffii kaa'aa turedha.[19] Kana irraa ka'uun yaaddamni bilisummaa abbaa seerummaa jedhu kun yeroo ammaa biyyoota baay'eedhaan qajeeltoo beekumtii fi egumsa heeraa godhameef keessaa tokko ta'eera. Kanarra darbee qaama abbaa seerummaa bilisaa fi loogmaleessa ta'een murtii argachuun akka mirga namoomaa tokkooti sadarkaa ilaalamu irra gaheera.[20]

Bilisummaan abbaa seerummaa kallattii walitti dhufeenya qaamoleen mootummaa qabaniinis ibsamuun ni dandaa'ama. Qajeeltoon adda bahiinsa aangoo qaamolee mootummaas manni murtii

[17] Jamieson, p.3.
[18] Jamieson, p.3.Jamieson, p.3.Jamieson, p.3.Jamieson, p.3.
[19] Jeffrey M Sharman, "Judicial Ethics: Independence, Impartiality, and Integrity," n.d., p.1.
[20] Fakkeenyaaf, Konveeshinni Mirga Sivilii fi Siyaasaa (ICCPR) kewwata 14(1) "……everyone shall be entitled to a fair and public hearing by a competent, independent and impartial tribunal established by law" jechuun isa tumee jiru ilaaluun ni dandayama.

qaamolee mootummaa keessa tokko fi kan of danda'e ta'uu ni dirqisiisa. Manni murtii bilisummaa qabaachuun isaa kallattiin qaamoleen mootummaa aangoo isaanii garmalee akka hin gargaaramneef daangaa kan ka'uu fi walitti dhufeenyi isaan jidduu jiru madaallii isaa kan eeggate kan taasisudha.[21] Kun barbaachisummaan qoqqooddii aangoo maal akka ta'ee kan agarsiisudha. Hiikkoowwan kanneen irraa hubachuun akkuma dandaa'amu bilisummaan abbaan seerummaa kun karaa garaagaraan yaaddama ibsamuu danda'u ta'uu isaati. Kanaaf, yaadni Kirisitoofar Laarkiinii fi Kiroos maalummaa bilisummaa abbaa seerummaa ibsuu irratti rakkinni akka jiruu barreeffamoota yaadrimee kanarratti barreeffaman adda addaa irraa hubachuun ni danda'ama jedha sirrii ta'uu hubachuun ni dandaa'ma. Qabatamni jirus kan agarsiisu bilisummaa abbaa seerummaa irratti barreeffamootni jiran baay'ee ta'aniis maalummaa isaa ilaalchisee garuu hiikkoo walfakkaatu argachuun rakkisaadha. Kana jechuun ammoo hiikkoowwan kanneen jidduu walfakkeenyummaa fi qabxiileen akka ulaagaatti ka'an kan walfakkaatan hin jiran jechuu akka hin taanes hubatamuu qaba.

Yaadrimeen bilisummaa abbaa seerummaa jedhu olitti akkuma tuquun yaalame bu'uura irraa kan maddu yaaddama adda bahiinsa ykn qoqqooddii aangoo qaamolee motummaa (principle of separation of pawer) irratidha. Bu'uuraan yaaddamni kun qaamoele kana adda baasuu qofa osoo hin taane qaamoleen kun akkamitti walto'atu (checks and balances) kan jedhu agarsiisuuf kan gargaarudha.[22] Kanaaf, hiikkoon bilisummaa abbaa seerummaaf kennamu dirqama manni murtii fi abbaan seeraa akka qaamolee mootummaa keessa tokkootti bahuuf isa dandeessisu waliin kan walqabate ta'uudha. Kana jechuunis, manni murtii qaamolee mootummaa biroo to'achuu fi itti gaafatamaa taasisuuf of danda'e socho'uun ykn jiddu lixummaa qaamolee mootummaa fi sadaffaa biroo malee hojii isaa hojjechiisuu aangoo isa dandeessisu qabaachuu qaba jechuudha.[23]

Hiikkoo bilisummaa abbaa seerummaaf kennamu ilaalchisee gargarummaan akka jiru hayyootni seeraa fi siyaasaa ni argisiisuu. Burqaan garaagarummaa kanaas baay'ee ta'uus isaan kana keessaa

[21] Sharman, "Judicial Ethics: Independence, Impartiality, and Integrity," p.2.

[22] Shimon Shetreet, "Fundamental Values of the Justice System," *SSRN Electronic Journal*, 2011, p.8, https://doi.org/10.2139/ssrn.1837486.

[23] As Petren wrote, the maintenance of the independence of the judiciary is 'part of [Montesquieu's] theory of division of power. The tripartition of the public decision-makers into the executive, the legislative, and the judiciary is based on the idea that each of these three acting parts should have a certain independence in relation to each other': G Petren, 'The Independence of the Judiciary' in Helsinki Symposium, at 95.

murasa akka fakkeenyaatti sirna seeraa fi siyaasaa biyyi tokko hordoftu, guddina siyaas dinagdee, hubannoo fi barumsa, akkasumas seenaa duubaa biyyitti akka ta'e olitti kaafneerra.[24] Kana jechuun, biyyoota aadaan dimookiraasii guddatee fi dagaagee qabanii fi biyyoota kana hin qabne keessatti hiikkoon yaadrimee kanaaf kennamu tokko ta'uu dhiisuu danda'a jechuudha. Garaagarummaa kanarraa kan ka'e Profeessor Shiimoon Sheetiriti *"each country interprets the principle of judicial independence in its own distinct manner and in accordance with its own political and cultural traditions."* jechuun ibsaniiru. Haa ta'u malee, maalummaa isaa sirritti hubachuuf, bilisummaan abbaa seerummaa afaan Ingiliffaan ibsuuf "it *should be defined in a more concrete but dynamic manner."* jechuun hiikkoon kennamu garaagarummaa qabaatus, yaaddamichaaf hiikkoon yeroo faana jijjiiramaa deemuu danda'u kennamuufii akka qabuu ni kaasa. Kanaaf, yaaddamicha hubachuuf qabxiileen ittiin akka biyyaatti ittiin ilaalamu qabaachuun barbaachisaa ta'uu isaa hubachuun ni dandaa'ama.

Olitti kallattii garaagaraan hiikkoo ibsaaf kaafame akkuma jirutti ta'ee jalqaba irratti, yaadrimeen "bilisummaa abbaa seerummaa" jedhu jechoota lama irraa kan ijaarameedha. Isaaniis "abbaa seerummaa" (judicial) ykn (judiciary) fi "bilisummaa'' (independence) kan jedhudha. Jechootni lameen kun mataan isaanii ifaa miti. Kanaaf jechoota lameen kana mataa isaanii ifa gochuun barbaachisaadha. Dura, jecha "abbaa seerummaa" (judiciary) jedhu. Akka Nwabueziiti jechii "judiciary''jedhu hiikkoo dhiphoo fi bal'aa akka qabu ibsa. Dhiiphisuun yammuu hiikamu jechii kun abbootii seeraa akka waliigalaatti kan ilaalatu yammuu ta'u bal'isuun yammuu hiikamuu ammoo manneen murtii (courts) ykn (institutions) fi abbootii taayitaa (officials) manneen murtii keessa hojjatan, jechuuniis abbootii seeraa kan ilaallatuudha. Haa ta'u malee jechii "judiciary" jedhu kun manneen murtii ykn manneen murtii fi abbootii seeraa kan ilaalatu ta'uus jechii "mana murtii" jedhu hubachuun rakkisaa ta'u ni dandaya. Jaarmaaya ykn qaama kamii "mana murtii" kan jedhamu. Qaamooleen hojii abbaa seerummaa raawwatan kan biroo (fakkeenyaaf, manneen murtii amantaa fi aadaa fi manneen murtii hawaasummaa) kan dabalatedhamoo miti kan jedhu deebi argachuu kan qabu ta'uu hubachuun ni dandaa'ama.[25]

[24] Shetreet, "Fundamental Values of the Justice System," p,8.
[25] Alamaayyoo Taganee, Bilisummaa Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa, (Moojulii Leenjii Hojiin Duraa, ILQSO) 2002, fuula 6.

Itti aanee jechii ifa ta'u qabu 'bilisummaa'dha. Jechi kun akkuma haala isaatti hiikkoo adda addaa qabaachu ni dandaya. Haa ta'u malee jechii kun jecha haala salphaadhaan hubatamu dandayu akka hin taanee Ruth Gaavisoon: *"indepenence is a complex notion that deserve an extended analysis*" jechuun ibsa. Fakkeenyaaf, Blaaks Low Dikiishinariin *"to be independent is referred to mean (1) Not subject to the control or influence of another; (2) Not associated with another entity; (3) Not dependent or contingent on something else"* jechuun hiika.[26]

Akka Salzibergeritti jechii "bilisummaa" jedhu jecha "abbaa seerummaa" jedhu wajjiin yammuu ta'u qabxiilee sadii of keessatti hammata. Isaaniis afaan ingiliffaatiin: "*the subject of independence"; "the nature of independence" and "the object of indepenence"* dha. Ammaas qabiyyeen qabxiilee sadeen kanaa yeroodhaa yerootii fi biyyaa biyyatti gar gara. Fakkeenyaaf, "the subject of independence" (guulumoon) bilisummaa biyya tokko keessatti yeroo tokko abbootii seeraa qofa kan ilaalatu; yeroo biraa ammoo abbootii seeraa fi manneen murtii (courts) kan ilaalatu ta'u ni dandaya. Haaluma walfakkaatuun "the object of judicial independence" garee walfalmitootaa ykn garee walfalmitootaafi qaamolee mootummaa lameen, ykn garee walfalmitootaa, qaamoolee mootummaa, abbootii taayitaa, abbootii seeraa biroo, uummata kkf. kan ilaalatu ta'u ni dandaya. Ammaas, biyya tokko keessatti yeroo ta'e "the nature of independence" abbootii seeraa fi/ykn manneen murtii kan ibsu ta'u ni dandaya. Yeroo biraa ammoo, abbootii seeraa fi manneen murtii dabalate, amala ykn adeemsa kenniinsa murtii abbootii seeraa fi/ykn manneen murtii kan ilaalatu ta'u ni dandaya.[27]

Yaadrimee bilisummaa abbaa seerummaa jedhu kana hiikkoo jechoota kana lameeniif kennamu irratti kan hundaa'u ta'uu hubachuun ni dandaa'ama. Jechoota lameen kanarraa kan ijaaramee waan ta'eef garaagarummaan hiikkoo, qabiyyee fi daangaa jechoota kanaa hiikkoo, qabiyyee, daangaa fi qulqullina yaadrimee bilisummaa abbaa seerummaa irratti addaan baatee hordofsiisuu akka danda'u ta'uu hubatamuu qaba. Bilisummaan abbaa seerummaa calanqeettii sonawwan hawaasaa waan ta'eef, akkuma sonawwan hawaasaa isaan kaanitti hiikkoon, qabiyyeen, daangaa fi qulqullinni isaa yeroodhaa yerooti kan jijjiramu dha. Kanaaf, hiikkoo kanaaf haalli qabatamaa

[26] Alamaayyoo Taganee, Bilisummaa Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa, (Moojulii Leenjii Hojiin Duraa, ILQSO) 2002, fuula 6.
[27] Ibid. fuula 6-7

biyyi tokko keessatti argamutu akkuma siiyaas dinagdee, hubannaa hawwaasaa, beekumsa, fi kkf jijjiiramaa adeemu duukaa jijjiiramaa kan adeemu danda'u ta'uu hubatamuu qaba. Barreessitoonni baay'een sirna seeraa; sirna siyaasaa; seenaa; muxannoo fi haala qabatamaa jiru tilmaama keessa galchuun bilisummaa abbaa seerummaa karaa adda addaatiin hiikuuf yaalaniru. Dura hiikkoo barreessaan K. Keeroosiin jedhamu kennee haa ilaalu. Haaluma kanaan K. Keeroosiin bilisummaa abbaa seerummaa: abbaan seeraa tokko dhimma tokko hangam dhiibbaa tokko malee yaada isaanii, ragaa isaaniif dhihaate, seeraa fi haqa irratti hundaa'uun murteessuu danda'u kan jedhudha. Kunis abbaan seeraa hangam dhiibbaa fi sodaa karaa mootummaa ykn namoota dhuunfaa dhaqqabuu danda'u irraa bilisa ta'uun abbaan seeraa murteessa kan jedhudha jechuun hiikee jira.[28] Dabalees ogeesssi J.G. Verner karaa biraatiin bilisummaa abbaa seerummaa yeroo hiiku, dandeettii abbaan seeraa dhimma isaaf dhihaate tokko bu'uura seeraa fi keessoo dhimmichaa qofa irratti hundaa'uun jiddu lixummaa fi dhiibbaa qaamolee siyaasaa fi mootummaan malee murtii kennuuf jidu akka ta'eetti ibseera.[29] Haaluma walfakkaatuun ogeessi Piinii Jee Waayt ammoo bilisummaa abbaa seeraa jechuun jalqabuma irraatti, bilisummaa abbaan seeraa bulchiinsa qaama alaa irraa qabanidha. Kunis dhiibbaa, sossobbaa fi sodaachisuu qaama alaa kamiiniyyuu kan dabalatu ta'uu kaaseera. [30]

Walumaa galatti bu'uura hiikkoo olitti ka'ee kanaan bilisummaa abbaa seerummaa jechuun abbootiin seeraa dhiibbaa; haacuccaa fi sodaa tokko malee dhimma dhiyaateef seeraa fi ragaa qofa hundee godhachuun murteessudhaaf walabummaa qaban kan ilaallatu jechuudha. Haa ta'u malee, hiikkoon bilisummaa abbaa seerummaaf kennamu yeroo ammaa kana kana qofa akka miti. Hiikkoon olitti dhihaate kun bilisummaa abbaa seerummaa kallattii tokko qofaan caqasuun kan

---

[28] *"The degree to which judges actually decided cases in accordance with their own determinations of the evidence, the law and justice, free from the coercion, blandishments, interference or threats from governmental authorities or private threats"* Alamaayyoo Taganee, Bilisummaa Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa, (Moojulii Leenjii Hojiin Duraa, ILQSO) 2002, fuula 7.

[29] *"the ability to decide cases on the basis of established law and the'merit of the case', without substantial interference from other political or governmental agents*" Alamaayyoo Taganee, Bilisummaa Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa, (Moojulii Leenjii Hojiin Duraa, ILQSO) 2002, fuula 7.

[30] Alamaayyoo Taganee, Bilisummaa Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa, (Moojulii Leenjii Hojiin Duraa, ILQSO) 2002, fuula 7.

dhiheessedha. Innis kallattii sadarkaa (status) abbootii seeraa qabaachuun murtii kennuuf qaban qofa irratti kan xiyyeeffatedha. Kun garuu, bifoota bilisummaa abbaa seerummaa keessaa gamtokkocha qofa. Akka hiikkawwan kanaatti bilisummaa abbaa seerummaa eenyuun ilaallata kan jedhuuf (subject of judicial independence) abbooti seeraa qofa akka ta'e hubachuun ni dandaa'ama. Haa ta'u malee, yaadrimeen bilisummaa abbaa seerummaa hammayyawwaan abbootii seeraa qofa osoo hin taane mana murtii akka dhaabbataatti kan dabalttudha.[31] Walumaa galatti yaadrimee bilisummaa abbaa seerummaa bilisummaa abbootii seeraa qofa kan haaguugu akka hintaane hubatamu qaba.

Yaada kana cimsuun Profeessar Shiimoon Sheetiriitis kanuma cimsuun: *"A modern conception of judicial independence cannot be confined to the individual judge's independence, but must include collective independence of the judiciary as a whole."* jedhaniru.[32] Haaluma walfakkaatuun Kirstoofar Laarkiin bilisummaa abbaa seerummaa yeroo hiiku, sirna abbaan seeraa bu'aa siyaasaa garee tokkoof hin hojjenne jiran, loogmaleessummaan hojjetanii fi kan qaama mootummaa tokko ta'uun seerummaa hojii mootummaa to'atachuun haqa loogmaleessa ta'e kennan jechuu akka ta'e ni ibsa.[33] Bilisummaa abbaa seerummaa bifa waliigalaa ta'een kan abbootii seeraa fi manneen murtii kan hammatu ta'uu hiikkoowan boodana kennaman lamaan irraa hubachuun ni dandaa'ama. Kallattii kanaan hiikkoon Profeessar Shiimoon Sheetrittii fi Laarkiiniin kennaman kun hiikkawwan biroo wajjiin walbira qabne yammuu ilaallu hiikkoo guutuu bilisummaa dhuunfaa fi dhaabbataa kan haammatanidha.

Bilisummaan abbaa seerummaa bilisummaa murtii kennuu fi dhaabbataa jira jedhamuu qofas miti. Bilisummaan abbaa seerummaa haalawwan qabatamoo kana akka wabii bara hojii abbootii seeraa fi hariiroo bulchiinsaa manni murtii seera tumtuu fi raawwachiftuu waliin qabu qofa osoo hin taane haala sammuu kan ilaalatu ykn dhugumaan raawwatamuuf kan kaa'ame ta'uu isaa mirkaneeffatamuu yaaddama qabu akka ta'e biyyoonni ni kaasu. Akka fakkeenyaat Manni Murtii

[31] Shimon Shetreet, "Developments in Constitutional Law: Selected Topics," *Israel Law Review* 24, no. 3–4 (1990): p.273, https://doi.org/10.1017/S0021223700010001.

[32] Shetreet, P.273.

[33] Alamaayyoo Taganee, Bilisummaa Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa, (Moojulii Leenjii Hojiin Duraa, ILQSO) 2002, fuula 7-8

Waliigala biyya Kaanaadaa dhimmaa *Valent V. The Queen* irratti murtii kennee keessatti:*" .... judicial independence is a status or relationship resting on objective conditions or gurantees as well as a state of mind or attitude in the actual exercise of judicial functions...." j*echuun haala dansaa ta'een ibseera.[34] Kana jechuun, bilisummaan abbaa seerummaa dhugumaan hangam abbaan seeraa dirqama isaa bahuuf ulaagaa jedhame kana fayyadamaa jira kan jedhu kan haammatu ta'uu ni agariisa.

Maalummaa bilisummaa abbaa seerummaan walqabatee qabxiin itti aanee ilaallamu qabu abbootiin seeraa ykn manni murtii bilisa ta'u kan qabu ykn kan qaban eenyuurraa? kan jedhudha. Bilisummaan abbaa seerummaa aangoo seera raawwachiftuu fi seera tumtuun abbootii seeraa irratti qaban daangeessuu (muuduu, hojirraa ari'u, ittisuu, jijjiruu kkf..) irratti kan xiyyeeffate akka ta'e seenaa duuba yaadrimichaa irraa hubachuun ni dandayama. Kanarraa kana ka'e yeroo dheeraaf bilisummaan abbaa seerummaa seera raawwachiftuu fi seera tumtuu irraa akka ta'e fudhatamaa tureera. Itti aanee ammo bilisummaan abbaa seerummaa dhiibbaa gama seera raawwachiftuu fi seera tumtuun gahuu dandayu irraa qofa osoo hin taane, dhiibbaa dhuunfaa ala irraahiis ta'u akka qabu ibsamaa tureera. Kanaafiis akka fakkeenyaati, yaadrimee kanaaf hiikkoo K. Roosinnii fi Piinii Jee Waayitiin kennaman ilaaluun ni danda'ama.[35]

Haa ta'u malee, yaadrimee bilisummaa abbaa seerummaa hammayyawwaan abbaan seeraa dhimma dhiyaateef yeroo murteessuu bilisa ta'uu kan qabu dhiibbaa seeraan ala seera tumtuu, seera raawwachiftuu fi namoota dhuunfaa irra qofa otoo hin taane dhiibbaa seeraan ala karaa uummataatiin, dhaabbilee sabqunnamtiin, dhaabbaa siyaasaatiin, hoggantoota mana murtii, abbootii seeraa manneen murtii sadarkaa ol'aanaa irratti argaman fi kanneen isa wajjiin hojjatan irraa bilisa ta'uu kan dabalatuu dha. Kallattii kanaan hiikkawwan K. Roosinnii, Piinii Jee Waayiti fi J.G. Verneriin kennaman yammuu madaaluu guutummaa kan isaan hanqatu akka ta'e hubachuun ni dandayama.

[34] Alamaayyoo Taganee, Bilisummaa Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa, (Moojulii Leenjii Hojiin Duraa, ILQSO) 2002, fuula 7-9

[35] Ibid.

Walumaa galatti, bilisummaan abbaa seerummaa calanqeettii sonawwan bulchiinsa haqaa, sirna seeraa, siyaasaa fi seenaa biyya dhimmi isa ilaalatu tokkooti jechuun ni dandayama. Kanarraa kana ka'e yaadrimeen kun hiika jaaraa 16ffaa keessa qabuu, yeroo amma qabate hin jiru. Qabiyyee fi daangaan isaas akkasuma. Qabiyyeen yaadrimee kanaa waggoota muraasa asitti bal'achaa kan dhufe akka ta'e ni hubatama. Kanaaf biyyoonni haala sirna seeraa fi siyaasaa hordofan, akkasumas galma mirkeeffachuu barbaadan irratti hundaa'uun hiikni bilisummaa abbaa seerummaatif kennan gargar ta'uu ni danda'a. Biyya tokko keessatti mataan isaa yeroo adda addaatii hiika garagaraa qabaachuu ni danda'a. Fakkeenyaaf Ameerikaa caqasuun ni danda'ama. Ameerikaati bara 1939 dura yaadrimeen bilisummaa abbaa seerummaa jedhu bilisummaa adeemsa kenniinsa murtii ilaachisee bilisummaa abbootiin seeraa qaban qofa kan hammatu ture. Bara 1939 dura manni murtii seera raawwachiftuu jala ture. Bara 1939 booda ammo manni murtii seera raawwachiftuu jalaa bahe akka ofiin uf-bulchu godhameera. Kunis Ameerikaatii bara 1939 dura yaadrimeen bilisummaa abbaa seerummaa bilisummaa manni murtii akka waajjiraatii qabu hin hammatu turee jechuudha. Bara 1939 booda garuu, manni murtii hojii raawwachiftuu jalaa bahee akka mataa isaa of dandayee of bulchuu waan godhameef yaadrimeen kun hiikkoo bal'aa qabaachu dandayeera.[36]

Bilisummaa abbaa seerummaaf hiikkoo kennamu ilaalchisee garaagarummaan jiru akkuma jirutti ta'ee, waa'ee yaadrimee bilisummaa abbaa seerummaa ilaalchisee yaadootni namuu irratti waliigaludha. Qabiyyee bu'uuraa yaadrimichaa fi barbaachisummaa isaa irrattis addaan baateen biyyaa biyyatti, sirna mootummaa fi siyaasaa hordofamu irratti, aadaa fi duudhaa hawwasaa jiru irratti hundaa'uun hiikkoon garagaraa itti kennamuu danda'a. Biyyuma tokko keessatti yeroo tokko waan tokko yeroo biraa ammoo waan biraa ta'uu danda'uun akkuma jirutti ta'ee, bu'uuraan fudhatamummaa yaaddamichaa akka jiru hubachuun ni dandaa'ama.[37] Haa ta'u malee qabiyyeen bilisummaa abbaa seerummaa yeroo adda addaati yaadootni haarawwa ta'an itti dabalamaa kan dhufee yaadrimee hiika bal'aa qabachaa dhufee ta'us, qabiyyeen bu'uura isaa (*al-loogummaa; madaalummaa fi haqa qabeessummaa*) akka qabateetti tureera ykn jira. Dabalee, hojiin abbaa seerummaa wantootaa gurguddoo of keessatti qabachuu qabu ni jiru. Isaanis; seera deemsaa haqa

[36] Alamaayyoo Taganee, Bilisummaa Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa, (Moojulii Leenjii Hojiin Duraa, ILQSO) 2002, fuula 7-9

[37] Shetreet, "Fundamental Values of the Justice System," p.8.Shetreet, "Fundamental Values of the Justice System," p.8.Shetreet, p.8.

qabeessa ta'e qabaachuu (procedural fairness), amantaa uummanni mana murtii irraa qabaachuu (public confidence in the courts), bu'a qabeessummaa (efficiency), dhaqqabamumaa (access to justice) fi bilisummaa (independence)dha. Qajeeltoowwan gurguddoo hojiin abbaa seerummaa ittiin geggeeffamu kanneen keessaa bilisummaan abbaa seerummaa bu'uuraan qajeeltoowwan warren kaaniif dhagaa bu'uuraadha.[38] Kanaaf dhimmaa kallattii hundaa gosoota isaa hunda dabalatee xiyyeeffannoo addaan ilaalamuu qabu ta'a jechuudha.

Gaaffii Marii

1. Bilisummaa abbaa seerummaa ilaalchise hiikkoowwan olitti kennaman akkamitti ilaaltu? Hiikkoon bilisummaa abbaa seerummaa ilaalchisee kennamu bilisummaa murtii kennuu qofa haammachuu qabamoo bilisummaa mana murtii akka dhaabbataatti dabalachuu qaba jettu? Maaliif?
2. Bilisummaa dhaabbataa malee bilisummaan abbaa seerummaa kan dhuunfaa ykn murtii kennuu jiraachuu ni danda'a jettuu? Maaliif?
3. Hiikkoo bilisummaa abbaa seerummaaf mootummoota Itiyoophiyaa kan bara Haayile Sillaasee, Dargii fi HMFDRI jidduu garaagarummaa jiru maali? Sababiin garaagarummaa kanaa maali? Dhiibbaa inni murtii kennamu irratti fidu jiraa? Maaliif?

1.2.2. Barbaachisummaa

The goals of judicial independence are both lofty and practically significant. At an institutional level we seek judicial independence so that the judicial branch can act as

[38] Shetreet, p.1.

> *a check on the potential excesses of the legislative and executive branches of government.*[39]

Bilisummaan abbaa seerummaa kan barbaachiseef sababiin inni guuddaa qaamolee mootummaa hunda irratti olaantummaan seeraa akka raawwatiinsa qabaatuuf akka ta'e caqasni olitti kaa'amee jiru ni agarsiisa. Seerri biyyattii qaamolee hunda irratti walqixa raawwatiinsa qabaachuu kan danda'u qaamni seericha raawwachiisuu danda'u yoo jiraate qofadha. Manni murtii dirqamni isaa inni bu'uuraas seericha hiikee hojiirra oolchuudha. Hojii isaa kanas haala bu'a qabeesa ta'een raawwachuu kan danda'u dhiibbaa qaamolee abbaa dhimmaa ta'uun fuuldura isaa dhufuu danda'anii irra bilisa ta'uu yoo danda'e qofa.[40]

Bilisummaan abbaa seerummaa qajeeltoowwan walitti hidhatiinsa qaban adda addaa irratti kan hundaa'edha. Isaan keessaa jalqaba irratti kan kaafamu qajeeltoo olaantummaa seeraati, kan barbaachises aangoo akka feetee mootummaa daangessuufidha. Qajeeltoon olaantummaa seeraas kan hojiirra oolu bu'uura qoqqooddii aangoo qaamolee mootummaa sadeen jidduutti raawwatamuunidha. Aangoon qoqqoodamuu qofa osoo hin taane qoqqooddiin aangoo kun heeraan kan deggeramee fi qaamoleen kun akka walto'atan ta'uun kan became ta'uu isaadha. Egaan bu'uura qajeeltoo adda bahiinsa aangoo qaamolee mootummaa kanaan manni murtii bilisa ta'e qabaachuun ulaagaa bu'uuraadha. Sababiin isaas, manni murtii olaantummaan seeraa qaamolee mootummaa hunda irratti akka raawwatu taasisuu danda'u jiraachuun murteessaa waan ta'eefi.[41] Jecha biraatiin, ol'aantummaa seeraa mirkanneessuuf manni murtii bilisa ta'e jiraachu qaba. Kallattii kanaan manni murtii bilisa ta'e hundee ol'aantummaa seeraati. Kana qofa osoo hin taane, manni murtii bilisa ta'e jiraachuun sirni diimokraasii biyya tokko keessatti hundee godhachuuf dhagaa bu'uuraati.

---

[39] Charles Gardner Geyh & Emily Field Van Tassel, The Independence of the Judicial Branch in the New Republic, 74 CHI.-KENT. L. REV 31, 32 (1998).

[40] Thomas Tinkham, "Applying a Rational Approach to Judicial Independence and Accountability on Contemporary Issues," *SSRN Electronic Journal*, 2010, p.1638, https://doi.org/10.2139/ssrn.1681100.Thomas Tinkham, "Applying a Rational Approach to Judicial Independence and Accountability on Contemporary Issues," *SSRN Electronic Journal*, 2010, p.1638, https://doi.org/10.2139/ssrn.1681100.

[41] Sharman, "Judicial Ethics: Independence, Impartiality, and Integrity," p.1.Sharman, "Judicial Ethics: Independence, Impartiality, and Integrity," p.1.

Bilisummaan abbaa seerummaa kan barbaachiseef qabxiin biraa olaantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti adeemsi isaa xiyyeeffannoo guddaa qabaachuu isaati. Kana jechuunis, namni kamiyyuu adeemsa seeraan ka'ame keessa yoo darbe malee mirga qabeenyaa, lubbuu fi bilisummaa qabu daanga'uu hin danda'u. Mirga adeemsa seeraa kana mirkaneessuun kan dandaa'amu bu'uuraan manni murtii bilisummaa qabu yoo jiraate qofadha.[42] Kana yeroo jedhamu, mootummaan akka mootummaatti aangoo biyya bulchuu ni qaba, aangoo seera kabachiisuus ni qaba haa ta'u malee, aangoo adeemsa seeraa malee seera namoota irratti raawwachiisuu kan hin qabne ta'uu isaa fi aangoon mootummaa daanga'aa ta'uu isaa mirkaneessuun kan dandaa'amu manni murtii bilisa ta'ee fi dirqama isaa bahu danda'u yoo jiraate qofadha.

Bilisummaan mana murtii qaamoleen mootummaa aangoo isaaniif kenname keessatti qofa akka hojjetan taasisuu fi olaantummaa seeraa isaan irratti mirkaneessuuti dabalataan, sirna dimookiraasii keessatti mirgi namoomaa akka kabajamuuf gumaacha guddaa qaba. Mirgootaa fi bilisummaawwan bu'uura heera ykn seera biraatiin tumuun qofaa isaa kabajamuu mirgoota kanaa hin fidu. Mirgoonni fi bilisummaawwan kanneen qabatamaa taasisuuf manni murtii bilisa ta'e jiraachuun murteessaadha.[43] Kanaaf manni murtii kabajamuu mirga namoomaaf, sirna diimokraasiif, olaantummaa seeraa fi adda bahiinsa aangoo qaamolee mootummaa mirkaneessuu keessatti gahee guddaa akka qabutti cimee ka'a.

Manni murti bilisummaa qabuu fi haqa qabeessa ta'e sirna haqaa keessatti murtii haqa qabeessaa fi fudhatamaa qabu kennuuf barbaachisaadha. Manni murtii bilisummaa hin qabaatu taanaan bu'uuraan qaamolee mootummaa warreen biroo irrratti kan hirkatu ta'a. Kun ammoo manni murtichaa dhimmoota bilisummaan akka hin keessumeessinee fi haqa baasuuf dandeettii inni qabu kan dhabsiisu ta'a. Dabalees, manni murtii akkasii fedhii fi dantaa qaamolee mootummaa qofa kan raawwachiisu waan ta'eef mootummaa abbaa irreef meeshaa ta'a.[44] Dhuma irratti, sadarkaa Baankii Addunyaatti bilisummaan mana murtii guddina dinagdeef akka hundeetti kan ka'u ta'uu isaa barreeffamoonni ni agarsiisu. Kana jechuun manni murtii bilisa ta'uun dhimmootaa ykn waldhibdaalee gareewwan garaagaraa jidduu jiru hiikuu danda'u hin jiru taanaan dandeettiin

[42] Sharman, p.1.
[43] Sharman, p.1.Sharman, p.1.Sharman, p.1.
[44] Shetreet Shimon, Christopher Forsyth. The culture of judicial independence: conceptual foundations and practical challenges: Martinus Nijhoff Publishers, 2012.

walitti dhufeenya uumuu fi abbootii qabeenyaa hawwachuu sirna biyyichaa kan gadi bu'e akka ta'u ragaan jiru ni agarsiisaa.[45] Kanaaf, sirna akkanaa keessatti hojiin dinagdee jiru baayyee laafaa fi sirnaawaa ta'uu hin danda'u jechuudha.

Barbaachisummaa bilisummaa abbaa seerummaa qaamolee mootummaa biro irraa jiru agarsiisuuf jecha Monteskuu akkas jedhee ibseera:[46]

- *"When the legislative and executive powers are united in the same person or body, there can be no liberty, because apprehension might arise lest the same monarch or senate should enact tyrannical laws, to execute them in a tyrannical manner."*
- *"Again, there is no liberty, if the judiciary power be not separate from the legislative and executive. Were it joined with the legislative, the life and liberty of the subject would be exposed to arbitrary control; for the judge would be then the legislator. Were it joined to the executive power, the judge might behave with violence and oppression."*
- *"There would be an end of everything, were the same man or the same body, whether of the nobles or the people, to exercise those three powers, that of enacting the laws, that of executing the public resolutions, and of trying the cases of individuals."*

Bilisummaan abbaa seerummaa bu'uuraan akka seeraa ka'ametti qofa osoo hin taane, qabatamaan raawwatamuu isaatu barbaachisaadha. Kanaaf, barbaachisummaan bilisummaa abbaa seerummaa ykn mana murti seeraan haguuggii argatuu qofa osoo hin taane dhugumaan qabatamaan bu'aan bilisummaa abbootii seeraa biratti ykn mana murtii biratti mullachuu danda'uu isaatu akka ulaagaatti fudhatama qaba. Dabalees, murtii isaanii keessatti mullachuu danda'uu qaba. Kana qofaa osoo hin taane, fayyadamtoonni mana murtii manni murtii adeemsa murtii kennuu keessatti

[45] Islam, "Does the Independent Judiciary Important in Bangladesh? A Legal and Economic Study," p.39. The World Bank sponsors primarily in client countries to develop judicial standard and procedural quality for eradicating poverty through confirming vast economic growth and control corruption. For more authorization see among others report, "World Development Report 1997: The State in a Changing World"; "Helping Countries Combat Corruption: The Role of the World Bank" (1997); "World Development Report 2002: Building Institutions for Markets"; "World development report 2005: a better investment climate for everyone" and "Initiatives in Justice Reform 1992-2012", The Office of the Publisher, The World Bank.

[46] Sam J. Ervin, "Separation of Powers: Judicial Independence," *Law and Contemporary Problems* 35, no. 1 (1970): p.109, https://doi.org/10.2307/1191032.

bilisummaa qabaachuu isaa hubachuu fi arguu danda'uu qabu.[47] Kanaaf, barbaachisummaan bilisummaa abbaa seerummaa manni murtii fi abbaan seeraa seera fi duudhaa hawwaasichaa dhiibbaa qaama sadaffaa malee hangam kabachiisuu danda'ee jira kan jedhu dhugumaan mirkanaa'uu isaa irratti hundaa'a. Haqaa fi mirgoonni namoomaa heeraan kaa'amanii jiran mana murtii bilisummaa qabaniin gara hojiitti kan hin geeddaramne yoo ta'e bu'a qabeessummaa seeraan eegumsa argachuu mirgoota kanaa hafaa ta'a.[48] walumaa galatti manni murtii bilisa ta'e kan barbaachisuufii fi walabummaa uummataan akka dhaabbatu ta'us, uummanni inni madda aangoo isa sirrii ta'e manni murtii dantaa isaanii akka eegsisuuf yomuttii barbaadanidha.[49] Bilisummaan abbaa seerummaa sirna diimokraasii fi bilisummaa mirkaneessuuf dhagaa bu'uurati. Sirni seeraa biyya tookko haqa qabeess, loogmaleessaa fi bilisummaa qabaachuun isaa dinagdee biyyaa keessatti gahee guddaa taphata. Kanaaf bilisummaan mana murtii hundee guddina siyaasaa, hawwaasummaa fi dinagdee biyya tokkoof dhimma murteessaadha.[50] Yeroo ammaa kana aduunyaa irratti gahee manni murtii taphatu adda baasuu fi walitti dhufeenya manni murtii qaamolee mootummaa biroo waliin qabu yaaddama maalii irratti akka hundaa'e adda baasuun sirna seeraa biyya tokkoof dhimma murteessaa akka ta'eetti ni dubbatama.

Haaluma kana fakkaatuun, sadarkaa idila addunyaatti muuxannoon jiru kan agarsiisu adeemsi kenniinsa murtii haqa qabeessa kan jedhamu, abbootiin seeraa dhimmicha keessumeessan bilisummaa yoo qabaatan qofadha. Sanadoonni idila addunyaa kenniinsa murtii haqa qabeessa jechuuf bilisummaa fi loogmaleessuummaa abbaa seeraa akka haalduree jalqabaatti kaa'u. koomiteen Mirga Namoomaa Addunyaa (The Human Rights Committee) irra deddeebi'uun mirgi mana murtii bilisummaa fi loogmaleessa ta'een dhimma ofii ilaalchifachuu mirga takkumaa hambifata hin qabne ykn haala addaan hin cabne jechuun kaasu.[51] Kanaa irraa ka'uun

[47] J. Clifford Wallace, "An Essay on Independence of the Judiciary: Independence From What and Why" vol 58:241, no. Issue 2 (2001): p.1.
[48] J. Clifford Wallace, p.1.J. Clifford Wallace, p.1.
[49] J. Clifford Wallace, p.258.J. Clifford Wallace, p.258.
[50] Shetreet, "Fundamental Values of the Justice System," p.1.Shetreet, "Fundamental Values of the Justice System," p.1.Shetreet, "Fundamental Values of the Justice System," p.1.
[51] José Zeitune, *International Principles on the Independence and Accountability of Judges, Lawyers and Prosecutors*, second Edition, Lawyers and Prosecutors A Practitioners Guide (International Commission of Jurists, 2007), p.17.José Zeitune, *International Principles on the Independence and Accountability of Judges, Lawyers and Prosecutors*, second Edition, Lawyers and Prosecutors A Practitioners Guide (International Commission of Jurists, 2007), p.17.

barbaachisummaa bilisummaa abbaa seerummaa dhuunfaanis ta'e akka dhaabbataatti qabu hubachuun ni dandaa'ama.

3. Qajeeltoowwan Bilisummaa Abbaa Seerummaa

1.3.1. Haguuggii Seeraa Argachuu

Sadarkaa idila addunyaatti qajeeltoowwan bilisummaa abbaa seerummaa jedhamuun haguuggii akka argatuuf karaa Mootummoota Gamtoomanii (UN) ka jiru keellattiin kaa'amee jiru jalqabaatti irratti qajeeltoon kun haguuggii seeraa akka argatudha. Bu'uuruma kanaanis kallattiin kaa'ame kan agarsiisu, bilisummaan mana murtii mootummaan kan eegamuu fi heera biyyaan haguuggiin kennamuufii dhimma qabu ta'uu ni ibsa. Itti dabalees, bilisummaa abbaa seerummaa kabajuun, kabachiisuu fi eeguun dirqama mootummaa fi qaamolee mootummaa hunda akka ta'e qajeeltoon kun cimsee ni akeeka.[52] Mootummoonnis qajeeltoo kana fudhachuun heera biyya isaanii keessatti tumaa bilisummaa abbaa seerummaaf haguuggii kennu galchuu akka qabanidha. Dabalees, bu'uuraan seera baaftuu fi seera raawwachiiftuun tarkaanfilee fi hojiiwwan bilisummaa abbaa serummaa balaa irra buusuu danda'u fudhachuu kan hin qabne ta'uu ni agarsiisa. Yaaddamni kun akka Ardii Afirikaattis fudhatama argachuun fudhatameera.[53]

Qabatamaan akka Itiyoophiyaatt HMFDRI jalatti bilisummaan abbaa seerummaa haguuggii kan argate ta'uu hubachuun ni dandaa'ama. Bu'uura HMFDRI kwt. 78 (1) tiin heerichi mana murtii bilisa ta'e hundeesseera. Sadarkaa naannoottis HMNO kwt. 61 fi 63 jalattis haaluma walfakkaatuun manni murtii bilisa ta'e kan hundaa'eera. Haguuggiin bilisummaa abbaa seerummaaf kenname kun heera keessatti qofa kan kaa'amee jiru osoo hin taane sadarkaa labsiileettis gadi bu'uun sadarkaa Federaalaatti Labsii Manneen Murtii Federaalaa hundeessuuf bahe Labsii Lakk. 25/88 jalatti haguuggii argateera. Haaluma walfakkaatuun sadarkaa Naannoottis Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa irra deebi'anii hundeessuuf bahe Labsii Lakk.

[52] united Nations Basic Principles on the Independence of the Judiciary, adopted by the Seventh united Nations Congress on the Prevention of Crime and the Treatment of Offenders held at Milan from 26 August to September 1985 and endorsed by General Assembly resolutions 40/32 of 29 November 1985 and 40/146 of 13 december 1985. Hereinafter, UN Basic Principles

[53] Adopted in April 1996 at the 19th Session of the African Commission on Human and People's Rights.

216/2011 kwt. 6 fi 7 jalatti bilisummaan abbaa seerummaa kan dhuunfaas ta'e dhaabbataa adda bahee haguuggii seeraa argatee jira.

Itiyoophiyaa keessatti sadarkaa naannoottis ta'e sadarkaa Federaalaatti haguuggii seeraa fi heeraa kennamee jiru irraa kan hubachuun dandaa'amu. Jalqaba irratti manni murtii bilisummaa abbaa seerummaa fi bilisummaa dhaabbataa qabu kan hundaa'e ta'uudha. Itti aansuun, hojiin abbaa seerummaa kan abbaa seeraa qofa ta'uu isaa haala ifa ta'een kaa'amuun isaa manni murtii jiddu lixummaa tokko malee dhimmoota murtiin ilaalamuu danda'an hunda irratti murtii kennuu akka danda'u kan isa dandeessisu aangoo kennamuufiidha. Inni biraan seerota kana irraa kan hubatamu, gurmaa'iinsi mana murtii akka qaama mootummaa tokkootti of danda'uun qaama mootummaa qaamolee mootummaa biroo waliin sadarakaa walqixa qabaatee hundaa'e ta'uudha. Kana qofa osoo hin taane manni murtii bajataan qaamolee mootummaa biroo irrattis hirkattuu akka hin taaneef tumaan adeemsa mirkaneessa bajataa illee sadarkaa heera federaalaa fi naannootti haguuggii argachuun isaa xiyyeeffannoo bilisummaa abbaa seerummaa kennamee jiru kan agarsiisudha. Qabxiilee kanneen mata duree haguugguu seeraa bilisummaa abbaa seerummaa jedhu jalatti gadi fageenyaan kan xiinxalaman ta'u.

1.3.2. Qajeeltoo Adda Bahiinsa Aangoo (Separation of Powers)

Qajeeltoon bilisummaa abbaa seerummaa qajeeltoo olaantummaa seeraa irraa kan maddu ta'u olitti kaafameera. Qajeeltoon bilisummaa abbaa seerummaas ta'e olaantumma seeraa kan hojjechuu danda'u yaaddamni adda bahiinsa aangoo yoo jiraate qofadha. Qajeeltoon olaantummaa seeraa fi seerummaa jedhaman bu'uuran qajeeltoo bilisummaa abbaa seerummaa malees mirkanaa'uun rakkisaa ta'a. Qajeeltoowwan kana jidduu walitti dhufeenyi guddaan akka jiru ogeessonni ni kaasu. Akka isaan ibsanittis tokko isa tokko malee jiraachuun rakkisaa akka ta'u ni ibsu.[54] Bu'uura qajeeltoo adda bahiinsa aangoo kanaan, qaamoleen mootummaa sadanuu, seera baaftuu, raawwachiiftuu fi hiiktuun qaamolee mootummaa adda addaa akka ta'an kan agarsiisudha. Adda addummaa isaanii kana irraan kan ka'es aangoo fi gahee isaan sirna mootummaa keessatti qaban garaagaradha. Sababa kanaafis, qaamni mootummaa inni tokko aangoo qaama mootummaa isa

[54] Human Rights Committee, General Comment No. 29 - States of Emergency (article 4), doc. cit., para 16, Habeas Corpus in Emergency Situations (articles 27.2, 25.1 and 7.6 American Convention on Human Rights), IACtHR Advisory Opinion OC-8/87, Series A No. 8, paras. 24 and 26

biro keessa akka seenuuf ykn hojjetuuf hin hayyamamuu, haala addaan yoo ta'e qofa malee.[55] Kana irraa ka'uun, qajeeltoon badda bahiinsa aangoo bilisummaa abbaa seerummaaf dhagaa bu'uuraa akka ta'e hubachuun ni dandaa'ama.

Yaaddamni adda bahiinsa aangoo hin jiru taanaan mootummaa keessatti manni murtii bilisa ta'e jiraachuu kan hin dandeenye ta'uu ni ibsama.[56] Adda bahiinsa aangoo malee waa'ee bilisummaa abbaa seerummaa fi loogmaleessummaa dubbachuun hin dandaa'amu. Qajeeltoo kanaaf beekamtii kennuu fi kabajuun mootummaa diimokraatawaa fi haqummaa qabuuf dhimma murteessaadha.[57] Qajeeltoon adda bahiinsa aangoo kan barbaachiseef bilisummaa abbaa seerummaa kabachiisuuf akka ta'e ni dubbatama. Adda bahiinsi aangoo jiraatee jennaan manneen murtii akka qaama mootummaa tokkootti bilisummaa isaan kan seeraan mirkanaa'ee jirutti gargaaramuuf haalli mijataa ta'a.[58] Qoqqooddii aangoo ilalachisee koomiteen Mirga Dhala Namaa Idila Addunyaa (Human Rights Committee) qoqqoddii aangoo ilaalchise haala ifaa ta'een ibsamuu dhabuun isaa qaamoleen mootummaa biroon bilisummaa mana murtii balaa irra buusuu danda'u kan jedhu akka soddaatti ni kaasu.[59] Itiyoophiyaa keessattis HMFDRI fi HMNO keessatti qaamolee mootummaa seera baaftuu, raawwachiiftuu fi hiiktuu jedhamuun adda bahiinsi aangoo raawwatamee jira. Qaamolee kanaafis heera lameenuu keessatti gaheen mata mataa isaanii kennameefii jira. Keessumattuu kan mana murtii ilaalchisee eegumsi addaa heerota lamaniinuu taasifameefii jira. Kanas HMFDRI kwt. 50(2) jalatti motummaan sadarkaa federaalaattis ta'e sadarkaa naannootti hundaa'u seera baaftuu, hiiktuu fi raawwachiiftuu kan qabaatu ta'uu isaa tumamee jira. Itti dabaluunis, sadarkaa naannootti HMNO kwt. 46 jalatti sadarkaa naannoottis haaluma walfakkaatuun seera baaftuu, hiiktuu fi raawwachiiftuu kan hundaa'u ta'uu tumamee jira.

---

[55] José Zeitune, *International Principles on the Independence and Accountability of Judges, Lawyers and Prosecutors*, p.18.José Zeitune, *International Principles on the Independence and Accountability of Judges, Lawyers and Prosecutors*, p.18.

[56] Report of Special Rapporteurs on the situation of human rights in Nigeria, uN document E/CN.4/1997/62/ Add.1, para. 71.

[57] Report of the Special Rapporteur on the independence of judges and lawyers, uN document E/CN.4/1995/39, para. 55, pars, 32 and 34.

[58] José Zeitune, *International Principles on the Independence and Accountability of Judges, Lawyers and Prosecutors*, p.19.José Zeitune, *International Principles on the Independence and Accountability of Judges, Lawyers and Prosecutors*, p.19.

[59] José Zeitune, p.19.José Zeitune, p.19.

Gaaffii Marii

1. HMFDRI fi HMNO keessatti qoqqooddii aangoo ilaalchisee qoqqooddii aangoon (separation of Power) jedhamee tumaan dhibuun qoqqooddii aangoo ilaalchisee dhibuun dhiibbaa inni fidu jiraa?

1.3.3. Qajeeltoo Bilisummaan Jiraachuu Fi Bilisummaa Mullatu Qabaachuu

Bilisummaa abbaa seerummaa jechuun olitti akkuma ibsame jiraachuu abbaan seeraa hojii isaa bilisummaan murteessuu waliin kan walqabatu ta'uu ilaalleerra. Kunis kan ibsamu manni murtii hojii isaa jidduu lixummaa qaamolee biroo malee hojjechuuf hammam dandeettii qaba kan jedhuun akka ta'e hiikkoowwan kennaman irraa ni hubatama. Haa ta'u malee dhibuun ykn mullachuu dhibuun jiddu lixummaa qofaan bilisummaan abbaa seerummaa mirkanaa'eera jechuun hin dandaa'amu. Bilisummaan abbaa seerummaa jiraachuu qofa osoo hin taane qabataman jiraachuun isaa mullachuu danda'uu qaba.[60] Kana jechuunis, bilisummaan abbaa seerummaaf kennamee jiru sodaa fi yaaddoo hawwaasa bira jiru hammam hambisuu danda'eera kan jedhuun madaalama. Bilisummaan abbaa serummaa rakkoo jala jira kan jedhamu abbaan seeraa bilisummaa dhabuu isaan qofa osoo hin taane hawwaasa biratti bilisummaa kan qabu fakkaatee mullachuu hin danda'u yoo ta'es yaada jedhu kan agarsiisudha.

Kanas mirkaneessuuf qabxiileen gurguddoo hojiirra oolan ni jiru. Isaanis abbaan seeraatti maal fakkaataa (subjective test) fi qabatamaan maal fakkaata (objective test) kan jedhamanidha. Dhuunfaan abbaan seeraa tokko bilisummaa kan qabu ta'uu isaaf hammam amantaa qaba kan jedhu yommuu ta'u. Jalqaba irratti abbaan seeraa dhuunfaan bilisummaa qabaachuu isaa maddaallii mataa siaan hangam itti mallachuu akka danda'uu fi amantaa qabaachuu isaa kan agarsiisudha. Itti aansuunn qaamolee dhimma isaanii gara mana murtiitti fidatan abbaan seeraa dhimmicha bilisummaa guutuun kan ilaalu ta'uu isaa hammam argu kan jedhudha. Kunsi abbaan seeraa bilisummaa qabaachuu isaaa hangam argisiisuuu danda'a kan jedhuun bilisummaan abbaa seerummaa madaalamuu akka danda'u barreeffamootaan ni ka'a.[61] Qabxiin lammaffaa irratti ka'e kun manni murtii hawwaasa dhimma isaa gara mana murtiitti dhiheeffatu biratti manni murtii

[60] José Zeitune, p.28.
[61] José Zeitune, p.28.

bilisummaa kan qabu fakkaatee mullachaa jiraa yaada jedhu agarsiisuuf kan dhihaatedha. Kanaaf, qabatamni lafa jiru maal akka fakkaatu ilaaluun barbaachisaadha.

Gaaffii marii

1. Manneen murtii keessatti JBAH'n yaaddamoota akka 'dhimmoota xiyyeeffannoo addaa barbadan' jechuun dhimmoonni addatti ilaalaman jiru yaada jedhu ni kaa'a. Kun bilisummaa mana murtii irratti dhiibbaa inni fidu jira jettuu? Maaliif?

2. Manni murtii bilisummaa kan qabu ta'uu isaa hawwaasatti agarsiisuuf maal gochuu qaba jettuu? Maaliif?

1.3.4. Qajeeltoo Dirqama Dhaddacha Irraa Of Kaasuu Abbaa Seeraa

Bilisummaan abbaa seerummaa kallattiin dandeettii abbaan seeraa dhimma isaaf dhihaate tokko loogmaleessa ta'ee ilaaluu danda'uu waliin kan walqabatu dha. Kanaaf, abbaan seeraa dhimma isaaf dhihaate tokko loogmaleessa ta'ee ilaaluu hin danda'u yoo ta'e maal ta'uu qaba gaaffii jedhu ka'uun dirqama ta'a jechuudha. Yeroo akkanaa kana sirni seeraa biyyaa abbaa seeraaf furmaata kaa'uu qaba jechuudha. Qajeeltoon kun kan agarsiisu abbaan seeraa dhimmicha bilisummaan ykn loogmaleessa ta'ee ilaaluu hin danda'u taanaan dandeettii dhaddacha irraa of kaasuu qabaachuu qaba kan jedhu irratti kan hundaa'edha. Carraan akkanaa yeroo mudatee jedhu abbaan seeraa hanga mormiin irratti dhihaatuutti eeguu kan hin qabne ta'uu qajeeltoon kun ni agarsiisa. Abbaan seeraa fedhii isaan ofii isaa dhaddacha irraa of kaasuu danda'uu qaba. Yaaddamni kun sadarkaa Idila addunyaatti qajeeltoo Bangloor keessattis beekamtii argachuun qajeeltoo 2.5 jalatti sababoota abbaan seeraa dhaddacha irraa ittiin of kaasuu qabu jedhamuun tarraa'ee jira.[62]

[62] The Bangalore Principles of Judicial Conduct, adopted by the Judicial Group on Strengthening JudicialIntegrity, as revised at the Round Table Meeting of Chief Justices at The Hague, 2002

A judge shall disqualify himself or herself from participating in any proceedings in which the judge is unable to decide the matter impartially or in which it may appear to a reasonable observer that the judge is unable to decidethe matter impartially. Such proceedings include, but are not limited to, instances where

2.5.1 the judge has actual bias or prejudice concerning a party or personal knowledge of disputed evidentiary facts concerning the proceedings;

2.5.2 the judge previously served as a lawyer or was a material witness in the matter in controversy; or

4. Bifoota Bilisummaa Abbaa Seerummaa

Qajeeltoon bilisummaa abbaa seerummaa kan agarsiisu abbaan seeraa bilisummaa dhuunfaa (personal) fi hojii (substantive) kan qabu ta'uu isaati. Bilisummaa dhuunfaa yeroo jedhamu abbaan seeraa tokko haala inni keessatti hojii isaa hojjetu keessatti jiddu lixummaa seera raawwachiiftuu fi qaamolee biro kamiiyyuu irraa bilisa ta'uun hojii isaa hojjechuu danda'uu kan agariisudha. Bilisummaan akkanaa kun kanneen akka mindaa, bakka hojii, hojii irraa ka'uu fi tarkaanfilee naamusaa waliin kan walqabtan ta'uu danda'u. Bilisummaa hojii ykn murteessuu kan jedhamu ammo abbaan seeraa hojii isaa hojjechuu keessatti eenyuun akka bitamu fi maal irratti hundaa'ee akka hojjetu kan agarsiisudha. Innis abbaan seeraa seeraa fi yaada sammuu isaa qofaa irratti hundaa'ee hojii isaa hojjechuu waliin kan walqabatudha.[63] Yaaddamni abbaa seerummaa akkanaan ibsamu kun abbaan seeraa akka dhuunfaa isaatti bilisummaa akkamii qabachuu qaba kan jedhu agarsiisuuf kan itti gargaaramnudha.

Haa ta'u malee, yaaddamni bilisummaa abbaa seerummaa jedhu kun kallattii bilisummaa dhuunfaa abbaa seeraa qofaan kan ibsamu akka hin taane olitti ilaallee jira. Yeroo ammaa kana yaaddamni bilisummaa abbaa seerummaa hammayaa'aa jedhamee ibsamu bilisummaa abbaa seerummaa akka dhaabbataatti ykn akka waliigalaatti maala ta'uu qaba kan jedhu kan of keessatti haammate ta'uu akka qabu ogeessonni cimsanii ni kasu.[64] Abbaan seeraa dhuunfaan qofa osoo hin taane manni murtii akka bulchiinsa abbaa seeraatti bilisummaa qabaachuu qaba. Bulchiinsi mana murtii dhiibbaa qaamolee mootummaa biroo irraa bilisa ta'uu qaba jechuudha. Hiikkoowwan olitti ka'anis yaada kana haala deggeruun waa'ee bilisummaa abbaa seerummaa xiinxalameera. Yaaddamni bilisummaa abbaa seerummaa akka dhaabbataatti jedhamu kun kallattiin kan maddu heera irraa yommuu ta'u qoqqooddiin aangoo heera keessatti raawwatame mootummaa akka

---

2.5.3 the judge, or a member of the judge's family, has an economic interest in the outcome of the matter in controversy:

Provided that disqualification of a judge shall not be required if no other tribunal can be constituted to deal with the case or, because of urgent circumstances, failure to act could lead to a serious miscarriage of justice.108

[63] Shetreet, "Developments in Constitutional Law," p.372.Shimon Shetreet, "Developments in Constitutional Law: Selected Topics," *Israel Law Review* 24, no. 3–4 (1990): p.372, https://doi.org/10.1017/S0021223700010001.

[64] Shetreet, "Judicial Independence: Conceptual Dimensions and Contemporary Challenges" in Shetreet, Judicial Independence: The Contemporary Debate (Dordecht,
1985) 590

qaama mootummaa tokkoo kan of danda'e akka ta'e kaa'amuu isaa irratti. Hojii isaa keessattis sera baaftuu fi raawwachiiftuu waliin walqixa ta'uu isaa haala agarsiisuun kaa'amuu isaadha. Kana irraa ka'uun bilisummaa abbaa seerummaa bifoota adda addaa akka qabu hubachuun ni dandaa'ama. Bu'uurumma kanaan barreessitoonni hedduun bilisummaa abbaa seerummaa bakka lamatti qoodu. Isaaniis: - bilisummaa abbootii seeraa (*independence of individual judges*) fi bilisummaa dhaabbatummaa (*institutional independence)* dha.[65] Karaa biraatiin barreessitoonni bilisummaa abbaa seerummaa bakka sadiitti qooduus jiru. Fakkeenyaaf akka addunyaati bilisummaa abbaa seerummaa irratti barreessuun hayyuu seeraa beekamaan Profeessara Shiimoon Sheetriitin caqasuun ni danda'ama. Akka profeessar Shiimoon Sheetriititti bilisummaa abbaa seerummaa bifoota sadii qaba. Isaaniis: - bilisummaa abbootii seeraa (*independence of individual judges*), bilisummaa keessaa (*internal independence*) fi bilisummaa dhaabbatummaa (*institutional independence*) dha.

Kana irraa ka'uun bilisummaan abbaa seerummaa kallattii adda addaa fi bifoota addaa addaa inni qabuun ilaaluun barbaachisaadha. Sababiin isaa bilisummaa dhuunfaa qofa ykn ammo dhaabbataa qofa ykn murteessuu qofa eeguun gartokkee bilisummaa abbaa seerummaa qofa hubachuu fi deebisu waan ta'eef. Tokkoon tokkoon dhimmoota irratti tilmaamni bilisummaa abbaa seeraaf dhimmootaa fi akka dhaabbataatti manni murtii qabu dhima ilaalamuu qabudha. Mootummaan akka mootummaatti gosoota bilisummaa jiran hundumaaf eegumsa barbaachisaa ta'e kennuu kan danda'u miti yoo ta'e kallattiin dirqama isaa kan waliigalteewwan idila addunyaa jala jiru bahaa akka hin jirreef agarsiiftuudha.[66] Matadureewwan xixiqqaa itti aananii jiran keessatti bifoota bilisummaa abbaa seerummaa hanga ta'e tokko kaasuun kan xiinxalaman ta'a.

1.4.1. Bilisummaa Abbootii Seeraa

Bilisummaa abbaa seeraa jedhamee yeroo kaafamu bu'uuraan wantoota lama kan of keessatti qabatu ta'uu ogeessonni ni kaasu. Isaanis: bilisummaa murtii (*decisional/substantive/functional*

[65] Shetreet, "Developments in Constitutional Law," p.372.Shetreet, "Developments in Constitutional Law," p.372.
[66] José Zeitune, *International Principles on the Independence and Accountability of Judges, Lawyers and Prosecutors*, p.17.José Zeitune, *International Principles on the Independence and Accountability of Judges, Lawyers and Prosecutors*, p.17.

independence) fi bilisummaa dhuunfaa (*Personal independence)* dha.[67] Isaan kanaas akka itti aanu kanaatti gabaabinaan ilaaluuf yaalla.

1.4.1.1. Bilisummaa murtii

Qajeeltoon jalqabaa bilisummaa abbaa seerummaa ilaalchisee akka agarsiistutti qaamoleen mootummaan fi dhaabbileen biroo dirqama bilisummaa abbaa seerummaa kabajuu fi eeguu qabu. Kana jechuun, seera raawwachiiftuun, seera baaftuun fi qaamoleen biroo kanneen akka poolisii, mana sirreess, hawwaasummaa fi barnootaa murtii mana murtii kabajuu fi kabachiisuuf dirqama qabu jechuudha. Murtii mana murtiinis bitamuuf dirqama qabuu. Kun kan ta'us murticha waliin waliigaluu fi dhiisuu isaanii tilmaama keessa osoo hin galchin ta'uu qaba. Manni murtii aangoo akkasii qabaachuun isaa olaantummaa seeraa, eegumsa mirga namoomaaf baayyee barbaachisaadha. Sababiin isaas mootummaan dirqama bilisummaan mana murtii akka hin dhibamne taasisuu qaba waan ta'eef, murtii mana murtii kabajuu fi kabachiisuun isa bu'uuraa ta'uu hubatamuu qaba.[68]

Bilisummaa murtii kennuun kallattiin hojii mana murtii keessaa isa muummee kan ta'e murtii kennuu waliin walqabata. Kunis, abbaan seeraa adeemsa murtii kennuu keessatti dhiibbaa isa irra gahuu danda'u hambisuuf kan kaayyeffatedha. Bu'uura kanaanis abbaan seeraa adeemsa murtii kennuu keessatti dirqama abbaa seerummaa isaa yerottii bahutti seeraa fi yaada sammuu isaan qofa geggeeffamuu qaba malee qaama kamiinuu geggeeffamee murtii kennuu akka hin qabne kan agarsiisudha.[69] Bilisummaan murtii, abbaan seeraa hojii abbaa seerummaa yammuu raawwatu kan qajeelfamu qabu waan biraatiin osoo hin taane ragaa isaaf dhihaate, yaada sammuu isaa fi seeraan qofa akka ta'u qabu cimsee kan gaafatuudha. Jecha biraatiin abbaan seeraa dhimma tokko irratti murtii kennuuf falmii garee falmitoota irraa dhiyaatu, firii dubbii, ragaa fi seera dhimmichaaf

[67] Shimon Shetreet, "The Normative Cycle of Shaping Judicial Independence in Domestic and International Law: The Mutual Impact of National and International Jurisprudence and Contemporary Practical and Conceptual Challenges" 10, no. 1 (n.d.): p.285.Shimon Shetreet, "The Normative Cycle of Shaping Judicial Independence in Domestic and International Law: The Mutual Impact of National and International Jurisprudence and Contemporary Practical and Conceptual Challenges" 10, no. 1 (n.d.): p.285.

[68] "Human Rights in the Administration of Justice: A Manual on Human Rights for Judges, Prosecutors and Lawyers," n.d., p.121. Basic Principles on the Independence of the Judiciary, 1985

[69] Yaada kana proofeessar Shiimoon Sheetiriti: "Decisional independence means that in the making of judicial decisions and exercising other official duties, individual judges are subject to no other authority but the law" jechuun maalummaa bilisummaa abbaa seerummaa kana haala dansaa ta'en ibsaniru.

rogummaa qabaniin alatti dhimmoota biroon dhiibbaan akka irra gahuuf heyyamuu hin qabu jechuudha. Qajeeltoon kun kan agarsiisuu dhiibbaan karaa qaama keessaa fi alaa dhufuu danda'u kamiyyuu kallattiin bilisummaa murtii kennuu abbaa seeraa waliin kan walitti bu'udha. Qaamni kamiyyuu abbaa seeraa irraan dhiibbaa geessisuuf ajaja fi qajeelfama kennuu hin qabu kan kennu yoo ta'e kallattiin bilisummaa abbaa seerummaa waliin kan walitti bu'u ta'a jechuudha.

Bilisummaan murtii kallattiin dhiibbaa mana murtii keessaa fi alaa dhufuu danda'an qofa irratti kan xiyyeeffatu miti. Abbaan seeraa keessoo dhuunfaa isaa irraa illee bilisa ta'uu akka qabu ni agarsiisa. Kana jechuunis, abbaan seeraa adeemsa murtii kennuu keessatti seeraa fi ijoo dubbii gareewwaniin dhihaatan qofaan geggeeffamuu qaba yeroo jedhamu, fedhii dhuunfaa, miira mataa isaa fi loogii keessoo isaa irraa bilisa ta'uu qaba jechuudha. Abbaan seeraa murtii kennu keessatti dhugumaan loogmaleessa ta'uu isaa agarsiisuu danda'uu qaba jechuudha. Uummanni manneen murtii fi abbootii seeraa irratti amantaa akka qabaatuuf abbaan seeraa dhimma murteessuu fi adeemsa kenniinsa murtii irratti loogmaleessa ta'ee argamuu qofa otoo hin ta'in loogmaleessa ta'ee mul'achuu qaba. Kanaaf jecha abbaan seeraa gochawwan fi naamusa al-loogummaa/loogmaleessummaa isaa gaaffii keessa galchuu danda'an hunda irraa of qusachuu ykn of fageessutu irraa eegama.[70]

Barbaachiisummaan bilisummaa murtii caalmaatti kan ol bahee mul'atu gareewwan falmitoota keessaa tokko qaama mootummaa yoo ta'e ykn dhimmicha irratti murtiin kennamu kan dantaa ykn faayidaa mootummaa kan tuqu yoo ta'e ykn dhimmichi dhimmaa siyaasaa (political sensitive cases) yammuu ta'eedha. Bilisummaa manni murtii tokko qabuus kallattii kanaan yeroo baayyee madaalama. Yaadrimeen bilisummaa abbaa seerummaa gareewwan falmitootaa keessaa tokko mootummaa ta'es nama dhuunfaa; dhimmicha irratti murtiin kennamu dantaa ykn faayidaa mootummaa kan tuquu ta'us ta'u dhabuus ykn dhimmichi dhimma siyaasaa ta'us abbaan seeraa falmii fi ragaa bitaa fi mirgaa seera rogummaa qabu wajjiin walsimsiisee murtii kennuu akka qabu kan gaafatudha. Kanaafiis jecha abbaan seeraa gareewwan walfalmitoota eenyus haa ta'u eenyu

[70] Alamaayyoo Taganee, Bilisummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa (Moojulii Leenjii Hojii Irraaf Kan Qophaa'ee, ILQSO) 2001, fuula 16-20.

ajajni ykn murtiin dhimmicha irratti kennu faayidaa mootummaa kan miidhuu ta'ees, ta'uu baatees dirqama bilisummaa manneen murtii eeguu qaba.[71]

Jecha biraatiin, abbaan seeraa adeemsa keenniinsa murtii keessatti qajeeltoo namiin kamiyyuu seera fuul duratti walqixxa jedhu hojiirra oolchuudhaan ol'aantummaa seeraa mirkaneessuuf dirqama qaba. Adeemsa kenniinsa murtii keessatti namiin kamiyyuu seera fulduratti walqixxa jedhuu qajeeltoo bu'uura heeraa abbaan seeraa kamiiyyuu hojii abbaa seerummaa yoo raawwatu ittiin qajeelfamu fi hojii irraa oolchuu qabuudha. Kanaafiis abbaan seeraa dhimma tokko yoo murteessuu wanti inni sodaatu jiraachuu hin qabu. Ol'aantummaa seeraa mirkaneessuu fi hojirra oolchuun ala kaayyoo addaa tarkaanfachisuuf kan dhaabbate ta'uu hin qabu. Barreessaan tokko haala kana: *"The judge should decide cases solely based on the law and the facts that are applicable without regard to political or popular pressure, without regard to partisanship, fear of intimidation or special interests"* jechuun haala dansaa ta'een ibsuuf yaaleera.[72]

Haa ta'u malee, bilisummaan murtii abbaa seerummaa wantoota gurguddoo sadii of keessatti akka qabu barreeffamoonni ni kaasu.[73] Isaanis; aangoo bulchiinsa dhimmootaa (administration), aangoo adeemsaa (procedure) fi aangoo qabatamaan seericha hojiirra oolchuu (substantive)dha. Abbaan seeraa bilisummaa murtii qaba jechuuf, jalqaba irratti dhimmoota mana murtiitti dhihaatan bulchuu, guyyaa dhagaha murteessuu, baayyina hojii to'achuu fi dhagala'iinsa dhimmaa to'achuun aangoo abbaa seeraa ykn mana murti jala kan jiru yoo ta'edha. Itti dabaluun, abbaan seeraa aangoo murteessummaa qaba jechuuf akka ulaagaa lammaffaatti kan kaa'ame, abbaan seeraa bilisummaa adeemsaa qabaachuudha. Innis, dhimma isaaf dhihaatu akkaataa seera deemsaa fi raga rogummaa qabuun murteessuu fi keessumeessuuf aangoo yoo qabaate qofadha. Dhuma irratti qabxiin qabatamaan mullachuu jedhamuun ka'e, kallattiin abbaan seeraa dhimma isaaf dhihaate tokko dhiibbaa qaama tokko malee seerota rogummaa qabaniin xiinxalee murteessuuf aangoo qabudha.

---

[71] Alamaayyoo Taganee, Bilisummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa (Moojulii Leenjii Hojii Irraaf Kan Qophaa'ee, ILQSO) 2001, fuula 16-20.

[72] Ibid.

[73] Shetreet, "The Normative Cycle of Shaping Judicial Independence in Domestic and International Law: The Mutual Impact of National and International Jurisprudence and Contemporary Practical and Conceptual Challenges," P.286.Shetreet, "The Normative Cycle of Shaping Judicial Independence in Domestic and International Law: The Mutual Impact of National and International Jurisprudence and Contemporary Practical and Conceptual Challenges," P.286.

Bu'aan isaas, murtiin kan mullatu ta'a. Ulaagaaleen kunniin hin guutamne taanaan abbaan seeraa bilisummaa murti qaba jechuun kan hin dandaa'amne ta'uu ogeessonni ni kaasuu.[74]

Gaaffii marii

1. Bilisummaa murtii irraan wantoonnii dhiibbaa geessisuu dandeessian maal fa'ii? Ibsaa.

    a. Fakkeenyaaf, galmeelee filachuun abbaa seeraaf kennuun, dhimmoota mootummaa fi qaamoleen dantaa irraa qabamu abbootiin seeraa muraasni qofa filatamuun akka keessummeessan taasisuufaa akkamitti ilaaltu?

    b. Dhimmoota xiyyeeffannoo barbaadan jedhamuun, dhimmoota adda baasuun xiyyeeffannoo addaa gochuun bilisummaa abbaa seerummaa irraan dhiibbaa inni geessisu jiraa? Maaliif?

    c. Qooddiin galmee ulaagaa maaliin raawwata kan jedhu dhiibbaa inni bilisummaa murtii abbaa seerummaa irratti fidu jiraa? Maaliif?

2. Bilisummaa murtii abbaa seeraa fi bilisummaa bulchiinsa abbaa seeraa waliin walitti dhufeenya jiru maali? Bilisummaa bulchiinsaa malee bilisummaa murtii kaasuun ni dandaa'amaa? Maaliif?

3. Maree abbootii seeraa murtii irratti waliin taasisan bilisummaa murtii abbaa seerummaa irraan dhiibbaan geessisu jiraa? Maaliif?

1.4.1.2. Bilisummaa dhuunfaa

Manii murtii bilisummaa qabaachuu qaba yeroo jedhamutti, waa'ee bilisummaa akka dhaabbataatti manni murtii qabu qofa osoo hin taane bilisummaa abbaan seeraa akka dhuunfaatti qabus kan haammatu ta'uu dagatamuu hin qabu. Sababiin isaas, abbootiin seeraa akka ogeessatti bilisummaa hojii isaanii ogummaa isaanii irratti hundaa'uun hojjechuu ni qabu waan ta'eef. Kun ammo bilisummaa dhuunfaa abbaa seeraa jedhamee beekama. Haa ta'u malee, abbaan seeraa

[74] Shetreet, p.286.Shetreet, p.286.

bilisummaa dhuunfaa qaba yeroo jedhamutti murtii akka feeteen kennuu danda'a jechuu miti. Bilisummaa dhuunfaa jechuun, abbaan seeraa dhimma isaaniif dhihaate tokko bilisummaa seera fi ijoowwan dubbii gareewwaniin dhihaate qofa irratti hundaa'uun, dhiibbaa qaama kamii fi sodaa qaama kamiyyuu irraa bilisa ta'uun murteessuu danda'a jechuudha. Dabalees, bilisummaa dhuunfaa yeroo jedhutti, abbaan seeraa qeeqqii dhuunfaa kamiyyuu irraa fi haaloo bahii fi himannaa dhuunfaan sababa murtii kennaniif isaan irratti dhihaachuu danda'u kamiyyuu irraa bilisa ta'uu kan hammatudha. Haa ta'u malee, yeroo baayyee abbootiin seeraa bilisummaan akka isaan hojii isaanii hojjetaniif haalonni hin hayyamaniif. Biyyoota hedduu keessatti abbootiin seeraa sababa murtii kennaniif qeeqqii hin mallee fi dhiibbaa hin malleef yeroo saaxilaman arguun baratamaadha. Dhiibbaan isaan irra gahus hojii irraa hanga ari'amuu fi miidhaa qaamaa hanga lubbuu dabarsuutti yeroo gahu ni jira. Kun kallattiin soda dhuunfaan abbaa seeraa irra jiru kan agarsiisudha.[75]

Abbaan seeraa bilisummaa dhuunfaa hin qabu taanaan bilisummaan abbaa seerummaa jira jechuu hin dandaa'amu. Bilisummaan dhuunfaa kunis abbaan seeraa dhuufaadhaan dhiibbaa tokko malee murtii kennuu danda'uu abbaa seeraa dhimma qabatee jiruu kan ilaallatudha. Bilisummaan dhuunfaas karaa inni itti mullatus muudama abbaa seeraa, wabii bara hojii abbootii seeraa; guddinna; jijjiirraa; kaffalitti; tarkaanfii naamusaa, hojii irraa gaggeeffamu fi jiraachu sirna abbaan seeraa dhiibbaa alaa jalatti akka hin kufne ittiin taasianii fi kkf.. waliin kan walqabatedha.[76] Bilisummaa dhuunfaa keessatti akka ulaagaa dabalataatti kan ka'u biraan abbaan seeraa raawwachiiftuun aangoo irraa akka hin kaaneef daangaawwanii fi golgaawwan jiranidha. Dabalees, abbaan seeraa bilisummaa qaba jedhamu qofa osoo hin bilisummaan kun qabatamaan abbotii dhimmaaf mullachuu danda'uu qaba. Yaaduma kana cimsuun Profeessar Shiimoon Sheetriiti:[77] *"By personal independence of judges is to mean the enjoyment by individual judges*

[75] "Human Rights in the Administration of Justice: A Manual on Human Rights for Judges, Prosecutors and Lawyers," p.123.

[76] José Zeitune, *International Principles on the Independence and Accountability of Judges, Lawyers and Prosecutors*, p.24.José Zeitune, *International Principles on the Independence and Accountability of Judges, Lawyers and Prosecutors*, p.24.

[77] Shetreet, "Developments in Constitutional Law," p.372.Shetreet, "Developments in Constitutional Law," p.372.

of judicial terms of office and tenure free from the undue or improper influence and control of the political branches" jechuun ibsaniru.

Kana jechuunis, abbaan seeraa dhimma dhiyaateef firii dubbii, ragaa fi seeroota dhimma ilaalatu qofa irratti hundaayee akka murteessuu haalli barbaachisuu kamiyyuu hundii mijaayu qaba jechuudha. Haaluma kanaan, bilisummaan dhuunfaa barri tajaajilaa abbootii seeraa too'annoo fi dhiibbaa qaamoolee mootummaa jechuunis seera tumtuu fi raawwachiftuu irraa bilisa akka ta'uu yaaddamni kun ni gaafata. Haala bilisummaa abbaan seeraa ittiin dhimma isaaf dhihaate tokko muteessuu qabu irratti Mootummoota Gamtoomanitti qajeeltoon bilisummaa abbaa seerummaa akkaataa itti aanuttu ibsee jira. *"The judiciary shall decide matters before them impartially, on the basis of facts and in accordance with the law, without any restrictions, improper influences, inducements, pressures, threats or interferences, direct or indirect, from any quarter or for any reason"*[78] abbaan seeraa murtii murteessuu waan biraa kan isa yaaddessuu fi murtee kennu ilaalchisee loogmaleessummaa isaa kan yalbsisu sirni jiraachuu kan hin qabne ta'uu yaaddama kana irraa hubachuun ni dandaa'ama.

Walumaa galatti bilisummaa dhuunfaa abbaa seerummaa ilaalchisee wantoonni hubatamuu qaban; barri tajaajilaa abbootii seeraa fedhii qaama seera tumtuu ykn seera raawwachiftuu irratti akka hundaayu taasiisuun qajeeltoo bu'uuraa bilisummaa abbaa seerumaattin kan waliitti bu'uu ta'uu, fo'annoon; muudamni; jijjiirraan; guddinnii; barri tajaajila abbootii seeraa; naamusni fi sirni hojii irraa gaggeeffamuu eegumsa seeraa godhamuufii irra darbee qabatamaan mullachuun murteessaadha. Kanaaf, kaadhimamaan abbaan seeraa tokko akkamitti akka filatamuufi ulaagaaleen muudamaa maal akka ta'an; qaamni isa muudu eenyuu akka ta'e; barri muudama isaa yeroo meeqaaf akka ta'e; abbaan seeraa eega muudame booda guddinnaafi jijjiirraan ulaagaa maaliin akka raawwatamu; sirna tarkaafii naamusaa; sababiwwan hojirraa isa gaggeessuu dandayan maal akka ta'an fi qabxiwwaan biroo kan tumu seerri ifa ta'e jiraachuu qaba. Walumaa galatti qabxiilee bilisummaa dhuunfaa abbaa seeraa irraan dhiibbaa geessisuu danda'an tokko tokko akkaataa itti aanutti xiinxalamaniiru.

---

[78] José Zeitune, *International Principles on the Independence and Accountability of Judges, Lawyers and Prosecutors*, p.25.José Zeitune, *International Principles on the Independence and Accountability of Judges, Lawyers and Prosecutors*, p.25.

1.4.1.2.1. Muudama

> "Persons selected for judicial office shall be individuals of integrity and ability with appropriate training or qualifications in law. Any method of judicial selection shall safeguard against judicial appointments for improper motives. In the selection of judges, there shall be no discrimination against a person on the grounds of race, colour, sex, religion, political or other opinion, national or social origin, property, birth or status, except that a requirement, that a candidate for judicial office must be a national of the country concerned, shall not be considered discriminatory."[79]

Bu'uura qajeelto kanaan, akka biyyaatti ulaagaa baafachuun biyyaaf kan dhiifame ta'uun isaa akkuma jirutti ta'ee, ulaagaa biyyi baafatu gahumsaa fi naamusummaa kaadhimamtootaa adda baasuu ulaagaa danda'u irratti qofa kan xiyyeeffate ta'uu akka qabudha. Abbaan seeraa ilaalcha siyaasaa qaban, amantaaa isaanii, fi kkf. Kan aantummaa abbaa seerummaa argachuuf gargaaruu danda'an ulaagaa taasisuun filannoo fi fo'annoon geggeeffamuu hin qabu. Kun kallattiin bilisummaa abbaa seerummaa fi loogmaleessummaa abbaa seeraa irraan dhiibbaa kan geessisu ta'a. Muudamni akkanaan taasifmamu kallattiin bilisummaa dhuunfaa abbaa seerummaa hanquu taasisuu irra darbee amantaa hawwaasni mana murtii irra qabu kan balleessu ta'a.[80] Kanaaf, Mootummoonni Gamtooman biyyoota akka Sudaan, Booliviaa fa'iin muudamni abbaa seerummaa bilisummaan dhuunfaa isaanii akka qabataan kan barbaadamu yoo ta'e dhimmoota akkanaa ilaalcha keessa galuu hin qaban jechuun yaada fooyya'iinsaa dhiheesseef.[81]

Abbaan seeraa fedhaa fi ilaalchaa gaarii seera raawwachiiftuu ykn baaftuu qofa irratti hundaa'ee kan muudamuu fi hojii irraa akka ka'u kan heyyamamu yoo ta'e abbaan seeraa akkasii bilisummaa dhuunfaa qaba jechuun hin dandaa'amu. Kanaaf, sirni muudamaa abbaa seeraa ulaagaa beekamaa kan ogummaa fi naamusa jiddu galeessa godhate qofa irratti kan hundaa'e ta'uun bilisummaa dhuunfaa abbaa seerummaaf murteessaadha. Kana agarsiisuuf jecha sadarkaa Mootummoota

---

[79] "Human Rights in the Administration of Justice: A Manual on Human Rights for Judges, Prosecutors and Lawyers," p.123.

[80] "Human Rights in the Administration of Justice: A Manual on Human Rights for Judges, Prosecutors and Lawyers," p.123."Human Rights in the Administration of Justice: A Manual on Human Rights for Judges, Prosecutors and Lawyers," p.123.

[81] UN doc. GAOR, A/53/40 (vol. I), para. 132. UN doc. GAOR, A/52/40 (vol. I), para. 224

Gamtoomaniitti "Appointments of judges must, in other words, in themselves constitute a strong factor for independence and cannot be left to the exclusive discretion of the Executive and Legislature." Jechuun barbaachisummaa muudama ilaalchisee eegumsa ta'uu maluu ibsu.[82]

1.4.1.2.2. Bara Hojii (Security of Tenure)

Akkuma aangootti karaa abbaan seeraa dhufan abbaa seeraa irra dhiibbaa hin malle geessisuun bilisummaa dhuunfaa hanqisuu danda'u, hangi yeroo turmaatii abbaa seeraa dheeraa miti yoo ta'e ykn fedhii qaama biraa irratti kan hundaa'u yoo ta'e bilisummaa dhuunfaa abbaa seeraa kan hanqisu ta'a. Barri hojii abbaa seerummaa seeraan haguuggii kan argate miti yoo ta'e abbaan seeraa murtii kennu bilisummaan kenna kan jedhu gaaffii jala gala. Sababiin isaas, hojii irraan geggeeffama kan jedhu sodaan kan keessatti uumamu waan ta'eef abbaan seeraa kun dhimmoota mootummaa fi qaamni hojii irra isa geggeessuu danda'u keessa jiran bilisummaan murteesssuu hin danda'u jechuudha. Barri turmaatii hojii abbaa seeraaf sodaa ta'uu danda'a kan jedhu irraan kan ka'e sadarkaa Mootummoota Gamtoomaniitti qajeeltoo 12 jalatti akkas jechuun kaa'amee jira; "Judges, whether appointed or elected, shall have guaranteed tenure until a mandatory retirement age or the expiry of their term of office, where such exists."[83] Itti dabaluunis, abbaa seeraa yeroo baayyee gababaa ta'eef, ykn yeroon turmaatii isaa kan hin beekamneef qacaruun qajeeltoo 11 fi 12 waliin kan walitti bu'u ta'u ni ibsama.[84]

Bilisummaa abbaan seeraa dhuunfaan akka qabaatuuf kan barbaadamu yoo ta'e, abbaan seeraa barri hojii isaa umurii guutu ykn ammo bara hojii sooramaa akka ta'uu qabu ogeessonni ni kaasu. Akkas ta'uun isaa abbaan seeraa sun hojii isaa irratti ofitti amanummaa akka qabaatu taasisuu irra darbee maamiltoonnii fi hawwaasni mana murtii irraa amantaa akka qabaataniif gumaacha guddaa

[82] UN doc. GAOR, A/55/40 (vol. I), para. 279.

[83] Recommendation I.3 of Council of Europe Recommendation No. R (94) 12 is identical to Principle 12. (Sadarkaa Gamtaa Awurooppaattis qajeeltoodhuma 12 ffaa jala kan jiru fudhachuun akka ardiitti kan hojiirra oolchanidha.)

[84] The Special Rapporteur on the independence of judges and lawyers has held that while "fixed-term contracts may not be objectionable and not inconsistent with the principle of judicial independence; a term of five years is too short for security of tenure". In his view "a reasonable term would be 10 years"; UN doc. E/CN.4/2000/61/Add.1, Report on the Mission to Guatemala, para. 169(c).

taasisa.[85] Walumaagalatti qajeeltoon kun kan agarsiisu barri hojii abbaa seeraa fedhii qaamolee dantaa mana murtii irraa qabanii irratti hundaa'uu hin qabu kan jedhu agarsiisa.

Gaaffii marii

1. Abbaan seeraa bara hojii isaa keessatti yero yeroon leenjii kennuu fi qoramaata irratti hundaa'uun abbaa seerummaa isaa akka itti fufuu fi dhiisu taasisuun bilisummaa abbaa seerummaa waliin kan walitti bu'udha jechuun ogeessonni ni kaasu.[86] Isin yaada kana waliin waliif galtuu? Maaliif?

2. Wantoota bilisummaa dhuunfaa abbaa seeraa irraan dhiibbaa geessisuu danda'an maal fa'i? wantoota kaftan sababaan deeggeruun ibsuun irratti mari'adha?

1.4.1.2.3. Bilisummaa Galii (Financial Independence)

Bu'uura qajeeltoo 11 Mootummoota Gamtoomaniitiin, abbaan seeraa kanfaltii gahaa fi soorama gahaa ta'e qabaachuu qaba jechuun ni ibsa.[87] Yaada kana keessatti jechu 'gahaa' ta'e jettu dhimma xiyyeeffannoo guddaan itti kennamuu qabudha. Sababiin isaas galiin fi sooromni abbaa seeraaf kennamu gahaa ta'uun abbaan seeraa dhiibbaa maallaqaa jalatti akka hin kufne kan taasisu waan ta'eef malaamaltummaa hambisuuf akka meeshaatti gargaaruu irra darbee abbaan seeraa

[85] "Human Rights in the Administration of Justice: A Manual on Human Rights for Judges, Prosecutors and Lawyers," p.127."Human Rights in the Administration of Justice: A Manual on Human Rights for Judges, Prosecutors and Lawyers," p.127.

[86] In some country's judges may be obliged to go through a recertification procedure at certain intervals in order to be authorized to continue in office. Faced with this practice in Peru, the Human Rights Committee noted "with concern that the judges retire at the expiration of seven years and require recertification for reappointment". It considered this "a practice which tends to affect the independence of the Judiciary by denying security of tenure". (UN doc. GAOR, A/51/40, para. 352.) (It follows that, in the view of the Human Rights Committee, the practice of executive recertification or review of judges is contrary to article 14(1) of the International Covenant on Civil and Political Rights.)

[87] Adopted by the Seventh United Nations Congress on the Prevention of Crime and the Treatment of Offenders held at Milan from 26 August to 6 September 1985 and endorsed by General Assembly resolutions 40/32 of 29 November 1985 and 40/146 of 13 December 1985, "Basic Principles on the Independence of the Judiciary," Adopted by the Seventh United Nations Congress on the Prevention of Crime and the Treatment of Offenders held at Milan from 26 August to 6 September 1985 and endorsed by General Assembly resolutions 40/32 of 29 November 1985 and 40/146 of 13 December 1985 § (n.d.), ohchr.org/EN/ProfessionalInterest/Pages/IndependenceJudiciary.aspx.

bilisummaa dhuunfaa akka qabaatuuf jalqabii guddaadha.[88] Kunis abbootiin seeraa dhiibbaa siyaasaa, dinagdee fi abbootii aangoo dandamachuu akka dandaa'niif gumaacha guddaa qaba. Kana ilaalchisee haguuggiin seeraa miindaa abbaa seeraa hirrisuu daangessuu fi gahee qaamoleen biro daballii miindaa fi faayidaa abbaa seeraa keessatti qaban daangessu qabaachuun murteessaa akka ta'e barreeffamoonni ni kaasu. Haa ta'u, malee akka gaaffiitti kan ka'uu danda'u kanfaltii gahaa jechuun maal jechuudha kan jedhudha. Kanaaf, deebiin walfakkaataa ta'e kennuun rakkisaadha. Biyyoonniis, haala qabatama keessoo biyya isaanii irratti hundaa'uun yeroo isaan hiikkoo itti kennan qabatamaan ni mullata.

1.4.1.2.4. Guddina

Qajeeltoon 13 kan mootummoota gamtoomanii kan agarsiisu guddinni abbaa seeraa biyyi tokko sirna guddinaa kan qabdu yoo ta'e kan irratti hundaa'uu qabu, dandeettii, naamusaa fi muuxannoo ta'uu qaba yaada jedhu agarsiisa. Wantoonni ogummaa fi ogeessummaa isaa waliin walitti hidhatiinsa hin qabne tilmaama keessa galuu hin qabani jechuudha. Akka fakkeenyaatis wantoonni ilaalamuu hin qabne, looggii ilaalcha saala, sanyii fi naannummaa irratti hundaa'uun guddinni taasifamuu akka hin qabnedha.[89] Guddinni abbaa seerummaa sirna seeraa biyyattii keessa kan jiru yoo ta'e ulaagaa beekamaa fi looggii irra bilisa ta'e irratti hundaa'uu akka qabu agarsiisa. Itti dabalees, abbaan seeraa sababa murtii kenneef guddinan dhaba jechuun sodaachuu akka hin qabnetti sirnichi bocamuu kan qabu ta'uu isaa ni mullisa.

1.4.1.2.5. Itti Gaafatamummaa

Qabxii kana irratti booda mata duree mataa isaa danda'e ta'ee kan ilaalamu ta'uun akkuma jirutti ta'ee, bilisummaa dhuunfaa abbaa seeraa waliin walqabsiisuun wantoota tokko tokko agarsiisuun barbaachisaadha. Sadarkaa addunyaatti barbaachisummaa itti gaafatamummaa abbaa seeraa ilaalchisee gaaffiin kan hin jirre yoo ta'us, akkamitti fi eenyuun tarkaanfiin akkamii fudhatamuu

---

[88] "Human Rights in the Administration of Justice: A Manual on Human Rights for Judges, Prosecutors and Lawyers," p.128."Human Rights in the Administration of Justice: A Manual on Human Rights for Judges, Prosecutors and Lawyers," p.128.

[89] As to minority representation in the legal profession in the United States, see report by the American Bar Association Commission on Racial and Ethnic Diversity in the Profession entitled Miles to Go 2000: Progress of Minorities in the Legal Profession. According to this report, minority representation in the legal profession is significantly lower than in most other professions. Although mainly devoted to lawyers, the report also contains a subsection on the Judiciary; see www.abanet.org/minorities.

qaba kan jedhu ilaalchisee garuu yaadonni garaa garaa ni ka'u. Ijoon guddaan bilisummaa dhuunfaa abbaa seeraa waliin walqabatee itti gaafatamummaa ilaalchisee ka'uu malu, abbaan seeraa mormii ijoo falmii irratti yeroo murteessan taasisan irraa kan ka'e ykn murtee kennan irraan kan ka'e itti gaafatamummaan dhufuu akka hin qabnedha.

1.4.1.2.6. Mirga Of Ibsuu (Freedom of Expression)

Sirna diimokraasii keessatti mirgi of ibsuu fi gurmaa'uu abbaa seeraa bu'uura seeraan eegamuufiin dhimma mirga namoomaati. Abbootiin seeraa gurmaa'uu fi of ibsuuf mirga yoo qabaatan waliin ta'uun bilisummaa isaanii fi dantaa ogummaa isaaniif dubbachuuf fi eegsifachuu danda'uu. Mirga kana ilalchisee qajeeltoon saddeettafaa akkas jedha: *"In accordance with the Universal Declaration of Human Rights, members of the judiciary are like other citizens entitled to freedom of expression, belief, association and assembly; provided, however, that in exercising such rights, judges shall always conduct themselves in such amanner as to preserve the dignity of their office and the impartiality and independence of the judiciary"*[90] Yaaddaman kana irraa kan hubatamu mirgi gurmaa'uu fi of ibsuu kun garuu bilisummaa abbaa seerummaa balaa irra kan buusu ta'uu akka hin qabnedha.

Gaaffii Marii

1. Abbaan seeraa mirga of ibsuu qaba yeroo jedhamutti, mirgi kun haalota yeroo irratti yaada ofii ibsachuu fi dhimmoota siyaasaa irratti yaada kennuu waliin walqabatee akkamitti ilaalamaa? Maaliif?

2. Mirga sochii siyaasaa keessatti hirmaachuu abbaa seerahoo akkamitti ilaalamaa? Maaliif?

[90] Adopted by the Seventh United Nations Congress on the Prevention of Crime and the Treatment of Offenders held at Milan from 26 August to 6 September 1985 and endorsed by General Assembly resolutions 40/32 of 29 November 1985 and 40/146 of 13 December 1985, Basic Principles on the Independence of the Judiciary.Adopted by the Seventh United Nations Congress on the Prevention of Crime and the Treatment of Offenders held at Milan from 26 August to 6 September 1985 and endorsed by General Assembly resolutions 40/32 of 29 November 1985 and 40/146 of 13 December 1985, Basic Principles on the Independence of the Judiciary.

1.4.1.2.7. Leenjii fi Barnoota

Abbaan seeraa yeroo yerootti dhimmoota haraa fi hojimaatawwan haaraa irratti leenjiin kennamuufiin barbaachisaadha. Kun guddina ogummaa isaaf gumaacha guddaa kan qabu waan ta'eef dhimmoota bilisummaa dhuunfaa abbaa seerummaa irraan dhiibbaa geessisan keessaa tokoodha. Sadarkaa idila addunyaatti mirgoota namaa fi seerota idila addunyaa ilaalchisee abbaan seeraa yeroo yerootti jijjiiramaa fi guddina jiru irratti leenjii fi barnoota argachuu qaba.

1.4.2. Bilisummaa Keessaa

Bilisummaa keessaa jechuun, bilisummaan abbaa seerummaa dhiibbaa alaa irraa qofa abbaa seeraa kan eegu osoo hin taane dhiibbaa manuma murtii keessaa fi abbaa seeraa mataa isaa irraa dhufu illee kan ilaallatudha. Abbaan seeraa dhimma dhiyaateef yeroo keessumeessutti hogganaa ol'aanaa, abbootii seeraa manneen murtii sadarkaa ol'aanaa irraafi abbootii seeraa wajjiin hojjetu irraa dhiibbaa seeraan alaa dhufuu danda'u irraa bilisa ta'uu kan gaafatudha.[91] Bilisummaa murtii dhugomsuuf bilisummaa keessaa mirkanaayuu qaba. Kana jechuun abbaan seeraa hojii abbaa seerummaa akka seeraan hojjetu kan barbaadamu yoo ta'e dhiibbaa hoggantoota ol'aannoo fi abbootii seeraa wajjiin hojjatan irraa bilisa ta'uu qaba. Dabalataanis, abbaan seeraa yaada dhuunfaa ofii isaa irra illee bilisa ta'uu qabas. (free from his own personal bias)

Hojiin abbaa seerummaa kan hojjetamuu qabu abbaa seeraa dhimmicha qabateen qofa ta'uu qaba. Dhaddacha abbaa seeraa tokko qofa itti mogaafameeti, hojiin abbaa seerummaa abbaa seeraa dhaddacha irratti mogaafameef kan dhiifameedha. Abbaan seeraa sadarkaa wal-fakkaatuu irratti argamu kamiiyyuu ykn hogganaan isaa ol'aanaan dhimma abbaan seeraa tokko qabate ilaalchisee qajeelfama ykn dhiibbaa seeraan alaa geessiisuu hin qabu.[92] Abbaan seerichaas dhiibbaa akkanaa kana eeyyamu hin qabu. Miltoonni abbaa seerichaa fi hogganaan isa ol'aanaan abbaan seerichaa dhimmicha sarara isaan barbaadaniin akka murteessuuf akka irratti waliigalu taasiisuu hin qaban. Haala kana mijeessuuf itti gaafatamummaan mana murti keessaa kan dhuunfaa abbaa seeraa bilisummaa bulchiinsaa, adeemsaa fi qabatamaan hin eegamu taanaan jedhamee kan olitti ka'e

[91] Shetreet, "The Normative Cycle of Shaping Judicial Independence in Domestic and International Law: The Mutual Impact of National and International Jurisprudence and Contemporary Practical and Conceptual Challenges," p.286.
[92] Shetreet, p.287.Shetreet, p.287.

yaadachuun barbaachisaadha. Sababiin isaa bilisummaan murteessuus haaluma walfakkaatuun eegumsa kan barbaadu waan ta'eef.

Dhaddacha abbaa seeraa tokko olii itti mogafamuttii ammoo abbaan seeraa kamiyyuu walitti qabaas ta'ee kan mirgaa ykn kan bitaa dhimma dhiyaatee irratti ijannoo mataa isaa tarkaafachiisuf bilisummaa guutuu qaba. Yeroo mariis ta'ee adeemsa kenniinsa murtii irratti abbaan seeraa tokko ijoo dubbii fi seeroota dhimmi ilaalatuu kallattii itti hubateen yaada qabu callaqisiisuu fi yaada murtii sagalee caalmaa irrattiis kan waliihingalee yoo ta'ee yaada garaagarummaa isaa teessifaachuu bilisummaa guutuu qabaachuu qaba.[93] Dabalataanis, abbaan seeraa tokko ykn tokkoo ol dhaddacha mogaafamutti abbootiin seeraa hoggantoota fi ol'aantoota isaanii irraa dhiibbaa fi to'annoo seeraan alaa irra bilisa ta'uu qabu. Pireezidaantoonni manneen murtii; walitti qabootni dhaddachaa; abbootii seeraa fi sadarkaa ol'aanaa irratti abbootiin seeraa argaman abbootii seeraa biroo dhimma tokko kallattii isaan barbaadaniin akka murteessaniif dhiibbaa kamiyyuu gochuu hin qaban.[94]

<u>Gaaffii marii</u>

1. Bilisummaa abbaa seerummaa fi maree galmee irratti geggeeffamu akkamitti ilaaltu? Bilisummaa abbaa seerummaa waliin walitti ni bu'a jetuu? Maaliif?
2. Abbootiin seeraa galmee irratti maqaan isaanii hin mooggaafamin maree irratti hirmaachuu ni danda'uu? Maaliif?
3. Bilisummaa keessaa ilaalchisee murtiileen dhaddacha ijibaataa fi manneen murti olaanoo dhiibbaa isaan manneen murti jalaa irratti qaban ilaalchisee akkamitti ilaaltu? Bilisummaa abbaa seeraa irraan dhiibbaa isaan geessisan jira jettuu? Maaliif?
4. Bulchiinsa keessoo mana murtii ilaalchisee caaseffama jiru waliin bilisummaa keessaa abbaa seerummaa akkamitti wal simsiisuu dandeenya?

[93] Alamaayyoo Taganee, Bilisummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa (Moojulii Leenjii Hojiin Duraa ILQSO, kan hin maxxanfaamen)(2001), p.24-27 keessatti akka caqasametti

[94]Alamaayyoo Taganee, Bilisummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa (Moojulii Leenjii Hojiin Duraa ILQSO, kan hin maxxanfaamen)(2001), p.24-27 keessatti akka caqasametti

1.4.3. Bilisummaa Dhaabbatummaa

Bilisummaan dhaabbataa bifa bilisummaa abbaa seerummaa isa biraati. Aangoo mootummaa kutaa sadiitti jechuun seera tumtuu, seera raawwachiiftuu fi seera hiiktuu jechuun qooduun kan baratmeedha. Manneen murtiis qaamolee mootummaa kanneen keessaa qaama mataa isaa of danda'e tokkodha. Bilisummaan dhaabbatummaa qoodiinsa aangoo mootummaa kanaan kan walqabateedha. Bilisummaan abbaa seerummaa dhimma baayyee murteessaa waan ta'eef, bilisummaa dhuunfaa abbaa seerummaa qofa eeguun galma kan gahu miti waan ta'eef dirqama bilisummaa dhaabbataa ykn waliinii abbootii seeraa hunda kan barbaadu ta'u hayyoonni ni himu.[95] Hayyuun seeraa tokko bilisummaa dhaabbatummaa: *"Institutional independence of the judiciary means that the judiciary is not subject to pressure from either the executive or legislature and is not subordinate to either of them particularly in the area of administration of courts "*jechuun haalaa gaariin ibseera.[96]

Bilisummaan dhaabbatummaa manneen murtii akka qaama mootummaa sadaffatti hundeffamuu fi jiraachuu qofa kan ilaalatu otoo hin taane dhiibbaa qaamolee seera tumtuu fi seera raawwachiftuu, keessaahuu, manneen murtii bulchuu gama ilaalatuun walaba ta'uu kan gaafatuudha. Jecha biraatiin, bilisummaan dhaabbatummaa manni murtii seera tumtuu fi seera raawwachiftuu waliin hariiroo fi walitti dhufeenya jiruu fi qabaachu qabu kan ilaallatuudha. Yaada kana Profeesor Sheetree akka na jechuun cimsu *"Interference with the judiciary as a whole is, therefore, likely to have a negative impact on the sense of independence of individual judges."*[97] Kanaaf, kallattii kamiinu akka dhaabbataatti bilisummaan abbaa seerummaa sirni eegsisu diriiruun murteessaa ta'a jechuudha.

Bilisummaan mana murtii akka dhaabbataatti karaa lamaan ibsamuu danda'a. Isaanis: bilisummaa abbootii seeraa fi hojjattoota deeggarsa bulchu fi bilisummaa baajataadha. Bilisummaan abbootii seeraa bulchuu jechuun fo'annoo abbootii seeraa, muudama, jijjiirraa, guddinna, naamusa, hojii

---

[95] Shetreet, "The Normative Cycle of Shaping Judicial Independence in Domestic and International Law: The Mutual Impact of National and International Jurisprudence and Contemporary Practical and Conceptual Challenges," P.285.
[96] Alamaayyoo Taganee, Bilisummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa (Moojulii Leenjii Hojiin Druaaf kan qophaa'e, ILQSO), 2001, fuula 22.
[97] Shetreet, "The Normative Cycle of Shaping Judicial Independence in Domestic and International Law: The Mutual Impact of National and International Jurisprudence and Contemporary Practical and Conceptual Challenges," p.285.Shetreet, p.285.

irraa gaggeessuu, mindaa fi faayidaalee biroo akkasumas hojjattoota deeggarsa qacaruu fi hojii irraa gaggeessuu karaa ilaalatuun manni murtii of danda'uun jiddu lixummaa qaamolee ala malee raawwatachuu danda'u mana murtii waliin walqabata. Bilisummaa baajataa immoo manneen murtii haqa bulchuuf baajata barbaachisuu tilmaama isaa qopheessanii akka mirkanaayuuf qaama ilaalatuuf dhiyeessuu fi baajatichi erga mirkanaa'e booda giddu seennummaa seera raawwachiiftuutiin ala bilisummaa baajaticha bulchuu kan ilaallataudha. Gabaabinaan bilisummaan dhaabbataa hariiroo manni murtii qaamoolee mootummaa isaan lameen jechuunis seera tumtuu fi seera raawwachiftuu waliin qabu ykn qabaachuu qabu kan ilaalatuudha.

Dhuma irratti bilisummaa dhaabbatummaa wajjiin wal-qabatee gaaffiin ka'u manneen murtii eenyu haa bulchuu? kan jedhuudha.[98] Itti gaafatamummaa bulchiinsa manneen murtii ilaalchisee moodeloonni adda addaa jiru. Akka proofeessar Shiimoon Sheetirititi moodelonni bulchiinsa mana murtii akkaakun afur ni jiru.[99]

1. 'The exclusive judicial responsibility model': - Bu'uura kanaan, itti gaafatamummaan manneen murtii bulchuu guutumaan guutuutti manneenuma murtiitiif kan kennameedha. Moodeelli kun moodeeloota xixiqqaa lama of jalaa qaba. Tokkooffaan moodeela ''individual" /dhuunfaa tokkoo/ yoo ta'u, moodeela xiqqaa kanaan itti gaafatamummaan manneen murtii bulchuu abbaa seeraa tokkoof kan dhiifameedha. Fkn. Newyork State. Modeeliin lammaffaan "Collective" model kan jedhamudha. Akka moodela xiqqaa kanaati itti gaafatamummaan manneen murtii bulchu qaamoolee mana murtii keessaa waliitti babahee dhaabbateef kan kennamuu dha. Fakkeenyaf, Mana Murtii Fedéeraala Ameerikaa; Xaaliyaan fi Porchugaal tuquun ni danda'ama.
2. "*The exclusive executive responsibility model":* - Moodeellin kun faallaa moodeela tokkoffaati. Bu'uura kanaan itti gaafatamummaan manneen murtii bulchuu kan seera raawwachiiftutii. Fkn. Norwaay fi Ostiriyaa caqasuun ni danda'ama.

[98] Alamaayyoo Taganee, Bilisummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa (Moojulii Leenjii Hojiin Duraa ILQSO, kan hin maxxanfaamen)(2001), p.24-27

[99] Alamaayyoo Taganee, Bilisummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa (Moojulii Leenjii Hojiin Duraa ILQSO, kan hin maxxanfaamen)(2001), p.24-27 keessatti akka caqasametti.

3. *"A shared executive judicial model":* - Itti gaafatamummaan manneen murtii bulchu qaama seera raawwachiisuu fi mana murtiitiif kan qoodameedha. Haala moodela kanaatiin qoodiinsii itti gaafatamummaa bulchuu cinaadhaan /dalgaan/ ta'uu ni danda'a. Fakkeenyaaf, Jarman fi Kaanaadaatti itti gaafatamummaan bulchiinsa manneen murtii sadarkaa ol'aanaa irratti argamani kan manneetii murtii yoo ta'uu itti gaafatamummaan bulchiinsa manneetii murtii sadarkaa gad jalaa jirani immoo kan qaama raawwachiiftuuti.
4. "*A multi-branch responsibility model*": - Itti fgaafatamummaan manneen murtii bulchuu qaamota mana murtii fi kan biiro qaamolee sadan mootummaa jechuun qaama seera tumuu ykn/ fi qaama seera raawwachiisuu fi akkasumas qaamolee biroo fakkeenyaaf waldaa abukaatootaa ykn qaamoolee kutaa hawaasaa biraa irraa namoota filatamanii bakka bu'aaniif kan kennamee dha. Qaamnii kun boordii; komishinii; konfaransii; yaa'ii abbootii seeraa jedhamee maqaa garaagaraatiin waamama. Fakkeenyaaf, biyyoota Laatiin Ameerikaa irraa Arjeentiinaa fi Biraaziliin, Awurooppaa Lixaa irraa immoo Ispeenii fi Xaaliyaan caqasuun ni danda'ama. Biyyoota Awuroppaa Lixaatti Gumii abbootii seeraa seera raawwachiiftoonni manneen murtii irratti aangoo qaban daangeessuuf kan dhaabbateedha. Haaluma kanaan aangoon muudama fi guddinna abbooti seeraa seera raawwachiiftuun ala gochuun, aangoon kun qaama of-danda'eef akka kennamu ta'eera.

Moodoloonni bulchiinsa mana murti akkaataa kanaan garaa gara ta'e haa jiraatu malee biyyoonni haala qabatama biyya isaanii irratti hundaa'uun kan filatan ta'uu hubachuun barbaachisaadha. Moodeloota kanneen keessaa tokkotu sirriidha inni biraa ammo dogongora jechuun dubbachuun rakkisaa ta'uu danda'a. Haa ta'u malee, kan dagatamuu hin qabne filannoon moodeloota kanaa bilisummaa manneen murtii qabaachuu danda'an irratti dhiibbaa maalii fiduu danda'a kan jedhu tilamaama keessa galchuun mana murti bilisummaa dhuunfaa abbaa seeraaf haguuggii guutuu ta'e kennuu danda'u uumuu danda'uu qaba. Itti dabaluunis, filannoo moodeloota kanaa haala qabatamaa biyyi tokko of keessaa qabdu waliin akkamitti adeemuu danda'a kan jedhu dhimma dursee ilaalamuu qabu ta'uu isaa hubatamuu qaba. Moodelli tokko sirna seeraa biyya tokkoo keessatti sababa bu'a qbeessa ta'eef sirna seeraa biyya biroo keessattis bu'a qabeesa ni ta'e jechuun kan dandaa'amu miti waan ta'eefi.

Dabalataanis, bilisummaa dhaabbatummaa mirkanneessuuf qajeeltoowwan bu'uura hojiirra ooluu qaban kan biroo jiru. Kanneen keessaa qajeeltoowwan bu'uuraa manneen murtii idiileetiin alatti manneen murtii yeroodhaa hundeessuu dhorkuu (*the principle against ad hoc courts)* fi qajeeltoo bu'uuraa bilisummaa abbaa seerummaa murtiin boodaa (*the principle of post-decisional independence*) eeruun ni dandayama. Qajeeltoon bu'uuraa bilisummaa abbaa seerummaa murtiin boodaa qaamoolee mootummaa sadan jiddu qoodiinsa aangoo jiru hundee kan godhateedha. Akka qajeeltoo kanaati seera raawwachiiftuun murtii mana murtii raawwachuuf dirqama qabu. Akkasumas seera raawwachiftuun adeemsa raawwii murtii irratti gufuu kamiyyuu uumuu akka hin qabne qajeeltoon kun dirqama jedha.[100]

Qabxii Marii

1. 'Bilisummaan abbaa seerummaa seerummaa mirga addaa abbaa seeraaf kenname osoo hin taane itti gaafatama aangoo abbaa seerummaa qabaachuutiin kan namatti dhufudha' yaada kana waliin waliigaltuu? Maaliif?

2. Kaayyoon bilisummaa abbaa seerummaa maali? Bilisummaa abbaa seerummaa malee sirna haqaa tilmaamuun ni dandaa'maa? Maaliif? Bilisummaa abbaa seerummaa fi ol'aantummaa seeraa jidduu walqunnamittiin jiru jiraa? Sababa keessan ibsaa irratti mari'adha?

3. 'Abbaan seeraa bilisummaa murti qofa argannaan gahaadha' yaada jedhu waliin walii galtuu? Maaliif? Barbaachisummaa gosoota bilisummaa abbaa seerummaa maali?

4. Barreessitooni dhimmii ilaalatu baay'een yaadrimee bilisummaa abbaa seerummaa (kessaahuu bilisummaa dhaabbatummaa) yaadrimee qoodiinsa aangoo mootummaa wajjiin walitti fidu. Yaadrimee bilisummaa abbaa seerummaa fi yaadrimee qoodiinsa aangoo mootummaa jidduu walqunnamittiin jiru maali? Akkasumas, bilisummaa abbaa seerummaa kallattii aangoo heera hiikkuun barreessitooni ilaalan jiru. Bilisummaa abbaa

[100] Alamaayyoo Taganee, Bilisummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa (Moojulii Leenjii Hojiin Duraa ILQSO, kan hin maxxanfaamen)(2001), p.24-27 keessatti akka caqasametti

seerummaa fi aangoon heera hiikkuu wal-qunnamitti qaba jettani yaadduu? Akkamitti? Maaliif?

5. Bilisummaa abbaa seerummaa fi itti gaafatamummaa abbaa seerummaa yaada walfaallessudha moo waldeggerudha? Maaliif? Yaada keessan sababeessuun irratti mari'adha.

6. Walitti dhufeenyii fi garaagarummaan bilisummaa abbaa seerummaa fi al-logummaa maali?

7. Qaamooleen armaan gadii kun haala akkamiin bilisummaa abbaa seerummaa irratti dhiibbaa akka geessisuu dandayanii fi dhiibbaa kanaas ittisuuf toftaaleen ykn sirnootni diriirifamu qaban maal maal akka ta'an tokko tokkoon ibsaa.

    a. Seera raawwachiftuu

    b. Seera tumtu

    c. Garee falmitootaa

    d. Hoggantoota mana murtii

    e. Abbootii seeraa abbaa seerichaa waliin hojjatan

    f. Dhaabbilee siyaasaa

    g. Dhaabilee sab-qunnamitti

    h. Uummata

    i. Abbaa seeraa mataa isaa

5. Haguuggii Bilisummaa Abbaa Seerummaa Sirna HMFDRI fi HMNO

Bilisummaa abbaa seerummaa ilaalchisee sadarkaa addunyaatti qajeeltoo bu'uuraa xiyyeeffannaa guddaa argateedha. Barbaachisummaa isaas ilaalchisee waliigalteen jira jechuun ni dandaa'ama. Kana irraan kan ka'es sanadoota seeraa biyyolessaa fi addunyaa adda addaa keessatti haguuggii

argateera. Biyyi keenya Itiyoophiyaanis qajeeltoo kana fudhachuun akka biyyaatti barbaachisummaa fudhatteetti. Haa ta'u malee biyyoota addunyaa keessa jiran hunda biratti qajeeltoon bilisummaa abbaa seerummaa kun haala walfakkaataa ta'een hojiirra oolaa jira jechuu akka hin taane hubatamuu qaba. Garaagarummaan jirus, sirna siyaasaa, seeraa fi dinagdee irratti kan hundaa'edha. Sadarkaan fi bal'ini bilisummaa manneen murtii biyya irraa biyyaatti garaa gara. Akkasumas, biyyoonni bilisummaa abbaa seerummaa mirkaneessuuf tooftaalee adda addaa fayyadamu. Haa ta'u malee, sadarkaa addunyaati qajeeltoowwan bu'uuraa fi madaalliiwwan akka waliigalaatti fudhatama argatanii bilisummaa abbaa seerummaa argisiisuuf gargaaran hin jiran jechuu miti. Wixinee qajeeltoowwan bu'uuraa bilisummaa Mana Murtii Mootummoota gamtoomanii yaada kana seensa isaa keessatti: -[101] *"Notwithstanding the diversities of political systems and legal mechanism in different countries there is a basic and substantial consensus on the principles and minimum standards relating to the independence of justice in the constitutions and legal systems of the world" jechuun* ibseera. Bu'uura kanaanis. biyya biyya jidduu sirna siyaasaa fi seeraa irratti hundaa'uun garaagarummaan jiraatus, qajeeltoowwan bu'uuraa bilisummaa abbaa seerummaa fi madaalliiwwan irratti waliigalateen bu'uuraa jira jechuudha. Qajeeltoowwan bu'uuraa bilisummaa abbaa seerummaa fi madaalliiwwan bilisummaa abbaa seerummaa waliin walqabatan sanadoota sadarkaa idila addunyaatti dhaabbilee Mootummoota Gamtooman (UN) waliin ta'uun yeroo hedduu ni labsama.[102]

Bilisummaa abbaa seerummaa mirkanneessuuf madaalliiwwan gargaaraan sanadoota kana keessatti hammatamanii argamu. Sanadoonni kun amala dirqisiisummaa qabaachuu baataniis bilisummaa abbaa seerummaa mirkaneessuuf tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban ykn tooftaalee

[101] The United Nations Draft Principles on the Independence of the Judiciary (1981)

[102] Article 10 of the Universal Declaration of Human Rights, General Assembly Res No 217A (lll), UN Doc A/810 (1948), Wixinee Qajeeltoowwan Bu'uuraa Bilisummaa Mana Murtii Mootummoota Gamtoomanii (The United Nations Draft Principles on the Independence of the Judiciary) (1981), Madaalliiwwan Bilisummaa Abbaa Seerummaa Waldaa Abukaatoowwan Addunyaa (The International Bar Association and Minimum Standards of Judicial Independence) (1982) ("New Delhi Standards"), Ibsa Waliigalaa Bilisummaa Mooniteriyaal Jastiisii (The Montreal Universal Declaration on the Independence of Justice) (1983) ("Universal Declaration"), Qajeeltoowwan Bu'uuraa Bilisummaa Mana Murtii Mootummoota Gamtoomanii (The United Nations Basic Principles on the Independence and Impartiality of the Judiciary), Wixinee Ibsa Waliigalaa Bilisummaa Mana Murtii fi Al-loogummaa (Draft Universal Declaration on the Independence and Impartiality of the Judiciary) (1989), Mt. Scopus Approved Revised International Standards of Judicial Independence (Mar 19, 2008), available online at http://aw.huji.ac.il/upload/InternationalStandardsofJudicialInd2008.doc

biyyoonni fayyadamuu dandayan waan eeraniif faayidaan isaanii guddaadha.[103] Itti dabalees, biyyoonii sagantaa fooyya'insa manneen murtii hojirraa oolchaa jiran bu'a qabeessummaa sagantaa fooyya'insa isaanii madaaluuf safartuwwan kanaatti fayyadamaa jiru. Moojuuli kanaan keessattis HMFDRI fi seerota bilisummaa abbaa seerummaa akka mirkaneessan keessatti qajeeltoowwan kun hangam beekamtii argatanii akka hojiirra oolan taasifameera kan jedhu ilaalla. Qabxiileen akka madaalliitti ka'anis armaan olitti mata duree qajeeltoowwan bilisummaa abbaa seerummaa fi haguuggii bilisummaa abbaa seerummaa jedhu jalatti qabxiilee ka'anii xiinxalaman kan of keessatti qabatudha.

Ulaagaaleen akka agarsiiftuu bilisummaa abbaa seerummaatti sanadoota kanneen keessatti ka'anis wabii bara hojii, kaffalitii gahaa fi eegumsa heeraa, itti gaafatamummaa hariiroo irraa bilisa ta'uu, adeemsii kenniinsa murtii dhiibbaa hoggantoota ol'aanaa irraa bilisa ta'uu, murtii mana murtii raawwachiisuu irratti deeggarsa seera raawwachiiftuu, seera duubatti deebi'ee hojjetu jiraachu dhabuu, dambii naamusaa ifa ta'e, bilisummaa bulchiinsaa, jijjiirraa, madaalliiwwan guddinnaa ifaa fi qabatamoo fi kkf jiraachuudha. Qabxiileen kunis qabatamaan hojii irra kan jiran ta'uun isaa bilisummaan akka biyyaa fi naannootti jiraachuu fi dhibuuf akka agarsiiftuutti gargaara. Madaaalliiwwan kanniins iddoowwan gurguddoo;

- Bilisummaa abbaa seeraa
- bilisummaa bulchinsaa (bilisummaa dhaabbataa),
    - filannoo fi muudama abbootii seeraa;
    - wabii bara hojii;
    - kaffaltii gahaa;
    - naamusaa fi sirna hojiirraa gaggeessuu

jedhanitti addaan qooduun haguuggii isaan sirna HMFDRI fi HMNO waliin walbira qabaan kan ilaallu ta'a.

[103] Alamaayyoo Taganee, Qajeeltoowwan Bu'uuraa Manneen Murtii Ittiin Qajeelfaman: Bilisummaa Abbaa Seerummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftooma, (Moojulii Leenjii Hojii Irraaf kan qophaa'e, ILQSO) (2001), fuula 26.

1.5.1. Bilisummaa Abbaa Seeraa

Qabxiin jalqabaa inni guddaan bilisummaan abbaa seerummaa haguuggii heeraa fi seeraa argachuudha. Ogeessonni akka agarsiisanitti bilisummaan abbaa seerummaa seera olaanaa biyyattiin haguuggii argachuun murteessaa akka ta'edha. Kunis, seericha akka salphaatti jijjiiruun bilisummaa abbaa seerummaa irraan dhiibbaa gahuu danda'u hambisuufidha.[104] Akka qajeeltootti qajeeltoowwan bu'uuraa bilisummaa mana murtii mootummoota gamtoommanii biyyoonni miseensa gamtichaa bilisummaa abbaa seerummaa mirkaneessuuf bilisummaa abbaa seerummaaf eegumsa seeraa gochuu akka qaban tumeera.[105] Keewwanni tokkoffaan sanadichaas, *"The independence of the judiciary should be guaranteed by state and enshrined in the constitution and the law of country."* Jechuun bilisummaan abbaa seerummaa heera mootummaa biyyatti ykn seera biyyaatiin haguuggii argachuu akka qabu ni tuma.

Biyyoonni baay'een qajeeltoo bu'uuraa bilisummaa abbaa seerummaa beekamtii fi eegumsa heera kennaniiru. Bu'uuruma kanaan wabii bara hojii abbootii seeraa; muudama; hojiirraa gaggeeffamuu; mindaa fi dhimmoota biroo heera mootummaa isaanii keessatti akka hammatamu godhaniiru. Kanaafis heeri biyya Awuustiraaliyaa, Baraaziil, Yugaandaa, Faransaay, Jarman fi Beljiyeem akka fakeenyaatti caqasuun ni danda'ama.[106] Biyyoonni tokko tokko immoo osoo gad-fageenyaan keessaa hin seeniin bilisummaan abbaa seerummaa kabajamu isaa ibsu. Eegumsi akkanaa kun immoo seera biraatiin deeggaramu gaafata. Akka rakkootti kan ka'uu danda'u, haguuggii seera idileen taasifamu yeroo keessa haala salphaa ta'een jijjiiramuu kan danda'u waan te'eef dhiibbaan dhufuu danda'a kan jedhudha.

Haala qajeeltoo kana waliin walsimuun HMFDRI kwt. 78 fi 79 jalatti heerichi mana murti bilisa ta'e kan dhaabe ta'uu ibsee jira. Kana qofa osoo hin taane, heerichi kwt. 79(1) jalatti aangoon

---

[104] Shetreet, "The Normative Cycle of Shaping Judicial Independence in Domestic and International Law: The Mutual Impact of National and International Jurisprudence and Contemporary Practical and Conceptual Challenges," p.288.Shetreet, "The Normative Cycle of Shaping Judicial Independence in Domestic and International Law: The Mutual Impact of National and International Jurisprudence and Contemporary Practical and Conceptual Challenges," p.288.

[105] Adopted by the Seventh United Nations Congress on the Prevention of Crime and the Treatment of Offenders held at Milan from 26 August to 6 September 1985 and endorsed by General Assembly resolutions 40/32 of 29 November 1985 and 40/146 of 13 December 1985, Basic Principles on the Independence of the Judiciary.

[106] Alamaayyoo Taganee, Qajeeltoowwan Bu'uuraa Manneen Murtii Ittiin Qajeelfaman: Bilisummaa Abbaa Seerummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftooma, Moojulii Leenjii Hojii Irraaf kan qophaa'e (2001),

abbaa seerummaa mana murti qofaaf kan kenname ta'uus tumameera. Itti dabaluunis, kwt. 78(4) jalatti manneen murti yeroo (ad-hoc courts) dhaabuun kan hin dandaa'amne ta'uu ni tuma. Kun kallattiin hojiin abbaa seerummaa mana murti qofaan hojjetamuu akka qabu kan calanqisudha. HMFDRI kwt. 79(2) jalatti tumaan haammatamee jiru kallattiin bilisummaa dhaabbataa manni murti qabu kan agariisudha. HMFDRI kwt. 79 (2 fi 3) jalatti tumaan haammatamee jiru kallattiin bilisummaa dhuunfaa murtii abbaan seeraa qabu kan agarsiisudha. Haaluma walfakkaatuun HMNO jalatti kwt. 61 jalatti manni murti bilisa ta'e nannoo Oromiyaa keessatti kan hundaa'u ta'uu isaa tumameera. Manneen murti addaa ykn yeroo (ad-hoc courts) kan jedhaman kan aangoo manneen murti idilee irraa fudhataman seera ala ta'uu isaas ibsuun tumamee jira. HMNO kwt. 63 (1) jalatti haaluma HMFDRI fakkaatuun aangoon abbaa seerummaa kan mana murtii qofa ta'u ibsuun tumameera. Qajeeltoowwan bu'uuraa bilisummaa abbaa seerummaa waliin walqabatanii jiran akkaataa olitti ibsametti haguuggii heeraa argachuu qofa osoo hin taane seerota idileenis kan deggeramanidha. Bu'uuruma kanaanis, sadarkaa Federaalaatti labsii lakk. 25/1988 fi sadarkaa naanno Oromiyaattis labsii lakk. 216/2011 kaasuun ni dandaa'ama. Bu'uura labsiilee kanaanis, manneen murtii hojii isaanii, bajata isaanii, bulchiinsa isaanii fi adeemsa kenniinsa murtii ilaalchisee bilisummaa barbaachisuf haguuggii kennaamee jiraachuu hubachuun ni dandaa'ama.

1.5.2. Bilisummaa Bulchiinsaa

Bilisummaan bulchiinsaa mannii murtii akka waajjiratti abbootiin seeraa fi hojjettoota deeggarsaa akkasumas karaa baajata bulchuutiin bilisummaa qabu akka ilaalatu armaan dura tuqameera. Isaan kanaas akka itti aanu kanaatti gabaabinaan ilaaluuf yaalla.

1.5.2.1. Bilisummaa Abbootii Seeraa Fi Hojjettoota Deggarsaa Bulchuu

Akka madaallii bilisummaa abbaa seerummaa addunyaatti itti gaafatamummaan mana murtii fi hojjetoota deggarsaa bulchuun manneen murtiif ykn manneen murtii fi qaamoolee gara biroo irraa qaama walitti babaheef kennamuu qaba. Qaama kana keessatti namoonni mana murtii irraa bakka bu'an lakkoofsa caalmaa qabaachuu qabu. Akka waliigalatti aangoon abbootii seeraa filuu, muuduu; jijjirru; guddisuu; tarkaanifii naamusaa fi hojjirraa gaggeessuu fudhachuu akkasumas aangoon hojjattoota deggarsaa qaxaru fi hojjirraa gaggeessuu seera raawwachiftuun osoo hin taane mana murtii mataa isaatiif ykn qaama mana murtii fi qaamoolee gara biroo irraa walitti babahee gurmaa'eef kennamu qaba.

Gama biraatiin biyyoota muxannoo fi seenaa dimookraasii bara dheeraa qabanitti guddinni fi muudamni abbootii seeraa qaama mana murtitiin ala ta'een akka raawwatamuu gochuun qajeeltoo bilisummaa abbaa seerummaa waliin akka walitti hin bune akka ta'e madaalliiwwan bilisummaa abbaa seerummaa waldaa abukaatoota addunyaa keessatti caqasameera. Kana jechuun garuu, biyyoota aadaa dimookiraasii gabatee hin qabne ilaalchisee qaamoolee mootummaa biroo bulchiinsa haqaa ykn manneen murtii keessatti gonkummaa hin hirmaatan jechuu akka hin taane hubatamu qaba. Bulchiinsa haqaa ykn manneen murtii keessatti hirmaannaa qaamoolee biroo hanbisuun hin danda'amu. Haa ta'u malee bilisummaa abbaa seerummaa mirkaneessuuf dhimma mana murtii keessaa ykn bulchiinsa ilaalchisee hirmaannaa qaama seera raawwachiiftuu ykn qaama seera tumtuu dhimmoota sirni mootummaadha dirqama jedhu irratti qofa kan daangeeffame ta'uu qaba. Kanaafiis abbootii seeraa muuduu, hojirraa gaggeessuu fi baajata manneen murtii mirkaneessuun akka fakkeenyaatti tuquun ni danda'ama.[107]

Itti gaafatamummaa mana murtii bulchuu ilaalchisee moodeeloonni adda addaa akka jiranii fi muxannoon biyyootaatiis gargar ta'uu isaa kanaan dura ibsamee jira. Moodeeloota ibsaman keessaa '*a multi-branch responsibility model'* jedhame kan waammamu biyyoota baay'ee keessatti kan fudhatama argachaa dhufee fi sanadoota madaalliiwwan bilisummaa abbaa seerummaa addunyaa keessattis kan eerameedha. Sirni bulchiinsa '*a multi-branch responsibility model'* itti gaafatamummaa mana murtii bulchuu mana murtiif ykn qaama seera raawwachiftu qofaaf kan kennuu osoo hin ta'in mana murtii fi qaamoolee mootummaa irraa akkasumas akkuma haala isaatti namoota kutaalee hawaasaa gara biroo irraa qaama walitti babahee dhaabbateef kan kenname dha. Akka ulaagaa madaalli addunyaatti qaama kana keessatti namoonni mana murtii irraa bakka bu'an lakkoofsa caalmaa qabachuutu isaan irra jiraata. Sababiin isaas murtiin murtaa'u harka caalmaan murteessuuf namoota mana murtii keessa walitti bobbaa'an sagalee caalmaa qabaachuu qabu waan ta'eef.

Heera Mootumm Federaala Diimokraatawaa Itiyoopiyaa bilisummaa dhaabbatummaa qaama abbaa seerummaa dhugoomsuuf manneen murtii dhimma keessaa isaanii murteessuu irratti

[107] Alamaayyoo Taganee, Qajeeltoowwan Bu'uuraa Manneen Murtii Ittiin Qajeelfaman: Bilisummaa Abbaa Seerummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftooma, (Moojulii Leenjii Hojii Irraaf kan qophaa'e, ILQSO) (2001), fuula 22-30.

bilisummaa qaban mirkanneessuf keessaahuu fo'annoo abbootii seeraa; jijjirraa; tarkaanfii naamusaa ilaalchisee aangoo gumii bulchiinsa abbootii seeraa akka ta'e ifatti teechiseera.[108] Tumaa heerichaa hojirra oolchuuf Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeraa sadarkaa Federaalaa fi naannooleetti dhaabbatee jira.[109] Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeraa Federaalaa fi naannoos fo'annoo, mindaa, naamusa, guddina, jijjirraa, durgoo fi yaala abbootii seeraa murteessuuf aangoo qabu.[110] Walumaagalatti Federaalaaf naannootti aangoon abbootii seeraa bulchuu '*a multi-branch responsibility model'* modeela jedhamu kan hordoofe dha jechuun ni danda'ama. Miseensonni gumee baayyeen isaanii mana murti irraa haa ta'an malee, miseensonni cafee fi muudamaan pirezidaantii naannoons kan keessa jiru want ta'eef qaamolee motummaa sadeen keessaa kan walitti bahan ta'uu hubachuun ni dandaa'ama. Miseensoota gumii bulchiinsa abbootii seeraa yammuu ilaallu abbootiin seeraa gumii keessatti lakkoofsa caalmaa qabu.[111] Haa ta'u malee, bilisummaa abbaa seerummaa mirkanneessuudhaaf gumii bulchinsa abbootii seeraa keessatti abbootiin seeraa lakkoofsa caalmaa qabaachuun isaanii qofti gahaa akka hin taane hubatamu qaba. Gumiin abbootii seeraa kun dirqama isa irraa eegamu bahu danda'eera moo hin dandeenye kan jedhutu madaallii ta'uu qaba.

<u>Gaaffii marii</u>

1. Gumii abbootii seeraa keessatti qaamoleen mootummaa biroon kanneen akka seera baaftuu fi raawwachiiftuu keessaa hirmaachuun dhiibbaa inni bilisummaa abbaa seerummaa irratti qabu jiraa? Maaliif?
2. Lakkoofsaan miseensonni gumii kan mana murti irraa keessa jiran sagalee caalmaa qabaachuu fi dhiisuun isaa dhiibbaa inni bilisummaa abbaa seerummaa irratti qabu jiraa? Maaliif?

---

[108] "CONSTITUTION OF THE FEDERAL DEMOCRATIC REPUBLIC OF ETHIOPIA," Proclamation no.1/1994 § (1994), kewt. 79.

[109] Alamaayyoo Taganee, Qajeeltoowwan Bu'uuraa Manneen Murtii Ittiin Qajeelfaman: Bilisummaa Abbaa Seerummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftooma, Moojulii Leenjii Hojii Irraaf kan qophaa'e (2001),

[110] "A Proclamation for the Re-Establishment of Oromia Judicial Administration Commission Proclamation No. 217/2018," Proclamation No. 217/2018 § (2018), kwt.8; CONSTITUTION OF THE FEDERAL DEMOCRATIC REPUBLIC OF ETHIOPIA, art.79.

[111] A Proclamation for the Re-establishment of Oromia Judicial Administration Commission Proclamation No. 217/2018, kwt. 6.

3. Bu'uura labsii 217/2001 kwt. 6 tiin, Pirezidaantii Waliigalaa Oromiyaa Walittiqabaa; Pirezidaantii Itti-aanaa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Walittiqabaa Itti-aanaa; Miseensota Caffee lama Miseensa; Abbootii Seeraa Mana Murtii Waliigalaa lama yoo xiqqate tokko dubartii Miseensa; Muudamaa Pirezidaantii tokko Miseensa; Mana Murtii Pirezidaantii Ol'aanaa tokko Miseensa; Abbaa Seeraa Mana Murtii Ol'aanaa tokko Miseensa akka ta'e tumamee jira. Haala kanaan miseensonni cafee gumii keessatti akka hirmaatan taasisuun dhiibbaa inni qabu jiraa?

1.5.2.2. Bilisummaa Baajataa

Akka madaallii bilisummaa abbaa seerummaa addunyaatti manneen murtii bulchiinsa haqaa keessatti gahee irraa eeggamu akka bahuu dandayan baajanni gahaan ramadamufi qaba. Baajanni manneen murtii qaama rogummaa qabu waliin qindaahuun qophaa'u qaba. Kana keessatti manneen murtii hirmaannaa barbaachisaa ta'e gochuu fi baajanni yammuu hayyamamu aangoo bulchuu qabaachuu qabu.[112] Bilisummaa baajataa ilaalchisee muxannoon biyyootaa garaagarummaa qaba. Fakkeenyaaf: Ameerikaa, Indiyaa fi Jaappaan yoo fudhanne, manneen murtii tilmaama baajata isaanii qopheessanii qaama seera tumtuuf dhiyeessu.[113] Yammuu eyyamamus jiddu lixummaa qaama seera raawwachiftuun ala bilisummaa bulchuu qabaachu qabu. Ameerikaatti giddu-lixummaa seera raawwachiftuun malee baajata qopheessuun dhiyeessun bu'uura bilisummaa dhaabbatummaa fi qoodinsa aangoo heerichi teechise irraa kan madduudha.

Muxxannoon Jarman, Faransaay, Ingiliizi, Nizarlaand, Braazil, Afrikaa Kibbaa fi kan Kaanaadaa immoo, muxannoo Ameerikaa, Hindii fi Jaappaaniin faallaa dha. Biyyoota kana keessatti manneen murtii baajata isaanii kallattiidhaan qaama seera tumtuuf dhiyeessuun aangoo mirkannessisu hin qabani. Baajatni manneen murtii seera tumtuuf kan dhiyaatu karaa seera raawwachiftutini. Seera raawwachiftuun baajata mana murtii seera tumtuuf dhiheessuun mirkaneessisuu qofa osoo hin taane gama baajata mirkanaa'e bulchuutiin aangoo ol'aanaa qabu. Bilisummaa baajataa

[112] Alamaayyoo Taganee, Qajeeltoowwan Bu'uuraa Manneen Murtii Ittiin Qajeelfaman: Bilisummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa, (Moojulii Leenjii Hojii Irraaf kan qophaa'e, ILQSO) (2001), fuula 26.
[113] Ibid.

ilaalchiisee heerri RDFI ijannoo ifa ta'e akka fudhatee tumaa heerichaa kewwata 79(6) fi (7) irraa hubachuun ni danda'ama. Tumaan kunis akka itti aanu kanatati dubbiffama.

1. *Manni Murtii Waliigala Federaalaa baajata qaama abbaa seerummaa Federaalichaa ittiin bulchu Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataatti dhiyeessee murteessisa; yammuu haayyamamus baajaticha ni bulcha.*

2. *Baajenni Qaamota Abbaa Seerummaa Naannoo Manneen Marii Naannoo Isaaniitiin Ramadama.*

Seera naannoo keessattiis haaluma walfakkaatuun tumameera. Bu'uura tumaalee kanaatiin manneen murtii Federaalaa fi naannoo baajata manneen murtii qopheessuudhaan seera tumtuuf dhiyeessuu fi yammuu mirkanaa'uus bilisummaa bulchuu qabu. Kanaafuu, baajata manneen murtii qopheessuus ta'e bulchuun giddu-lixummaa qaama raawwachiftu ala dha. Kunis bilisummaan baajataa guutuumaan gutuutti eegumsi heera kan kennameef akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Haaluma walfakkaatuunis sadarkaa naannoottis bajata manneen murtii naannichaa kallattiin caffeef dhiheessuun murteessisuun aangoon isaa kan mana murtii ta'uu tumamee jira. Dhimmichis kallattiin bilisummaa bulchiinsaa mana murtii waliin kan walqabatu ta'uu isaas ibsamee jiraa.[114] Bu'uura kanaanis, Manni Murtii Naanno Oromiyaa dhimmoota bajataa isaa ilaalchisee jiddu lixummaa qaama kamiiyyuu malee karooraa isaa caffeef dhiheessuun mirkaneeffachuu kan danda'u ta'uu tumamee jira.

Qabxiilee Marii

1. Bilisummaa abbaa seerummaaf eegumsa heeraa gochuun faayyidaa inni qabuu maali? Bilisummaa abbaa seerummaaf eegumsa heeraa malee mirkaneessuun ykn dhugomsuun hin dandayamuu jettani yaadduu? Maaliif? Kallattii kanaan biyyoota heera mootummaa barreeffamaa hin qabne bilisummaa abbaa seerummaa akkamitti mirkaneessuun dandayama?

[114] "A Proclamation to Redefine the Structure, Powers and Functions of the Oromia Regional State Courts Proclamation No. 216/2018," 216/2018 § (2018), kwt. 6.

2. Haguuggii Bilisummaa abbaa seerummaaf HMFDRI fi MNO jalatti taasifamee jiru akkamitti ilaaltuu? Maaliif?

3. Mootummaa Federaalawaatis ta'e kan Naannooti, aangoon abbaa seerummaa kan manneen murtii qofa akka ta'e Heera mootummaa RDFI kewwata 79(1) jalatti tumameera. Tumaan kun tumaa heerichaa kew.78(4) wajjiin akkamitti ilaalama?

4. Aangoon abbaa seerummaa kan mana murtii qofa akka ta'e HMFDRI fi HMNO keessattis ibsamee jira. Haa ta'u malee, aangoo abbaa seerummaa qaamolee biroof kennuu akkamitti ilaaltuu? Kun bilisummaa abbaa seerummaa irraan dhiibbaa inni geessisu jiraa? Maaliif?

5. Gumii bulchiinsa abbootii seeraa keessatti mana murtii fi qaamoolee mootummaa (seera tumtuu fi raawwachiftuu) dabalatee kutaaleen hawaasa gara biroon akka hirmaatan gochuun gama bilisummaa abbaa seerummaa mirkaneessuutiin faayidaa qaba jettani yaadduu? Deebiin keessaan eeyyee yoo ta'e faayidaa inni qabuu maal akka ta'e ibsaa.

6. Oromiyaatii miseensoonii Gumii akkamitti filatamu? Gama bilisummaa abbaa seerummaa mirkaneessuutiin akkaataa miseensoonii Gumii itti filataman akkamitti madaaltu? (Labsii Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa Irra Deebi'anii Dhaabuuf Bahee Lakk. 217/2011 ilaalaa)

7. Bilisummaa abbaa seerummaa kabajuu fi kabachisuun hundaa ol kan gatamee abbaa seeraa mataa isaa irratti. Abbaan seeraa bilisummaa abbaa seerummaa kabajuu fi kabachisuuf maaltuu irraa eegama jettuu? Maal gochu qaba? Tokko tokkoon ibsaa. Kallattii kanaan seera tumtuu; seera raawwachiftuu fi qaamoolee biroo irraa maaltuu eegama jettuu? Akka Oromiyaatii hojirra oolmaan qajeeltoo bilisummaa abbaa seerummaa maal fakkaata?

1.5.2.3. Fo'aanoo Fi Muudama

Sirni haqaa biyya tokko kan madaalamu eenyummaa fi gahumsa ogeessota sirna haqaa biyyichaa keesa jiraniinidha. Kanaaf, sirnichi ogeessotaa akkamii hawwata kan jedhu fi adeemsa ogeessonni kunniin ittiin gara sirna haqaatti makaman murteessaa ta'a jechuudha. Biyya tokkooti mirkanaa'ini bilisummaa abbaa seerummaa harka caala cimina fi laafina tokko tokkoo abbaa seeraa irratti kan hundaa'eedha. Keessumaa ammoo adeemsi fo'annoo fi muudama abbootii seeraa sirna haqaa

biyya tokko bilisummaa abbaan seeraa qabu irratti dhiibbaa guddaa ni qabaata. Abbaan seeraa akkanaa qajeeltoon bilisummaa abbaa seerummaa dirqisiisutti loogmaleessummaa, bilisummaa fi madaalummaa qabaachuun hojjechuu kan danda'u aantummaa addaa qaama isa muude ykn fo'ateef kan hin qabne yoo ta'e qofadha. Abbaan seeraa adeemsi fo'annoo fi muudamni isaa qaawwaa qabu bilisummaan hojjechuu irratti hanqinni kan isa mudatu ta'a jechuudha.

Namoonni beekumsa gahaa qaban; naamusaawwaa ta'an; ejjannoo gaarii qaban; kan ofitti amanan ykn kan sodaatu hin taanee fi namoomni kan itti dhagahaamu adeemsa hojii murtii keessatti seeraan qofa hojjechuun ol'aantummaa seeraa ni kabaju; ni kabachisuus. Bilisummaa mana murtii dabarsanii hin kennani. Kabaja mana murtii eegsiisuuf gahumsa ni qabaatu. Namoonni akkanaa kun uummanni fi mootummaan mana murtii irratti amantaa akka horatan ni godhu. Adeemsii fo'aanoo namoota gahumsa akkanaa qaban muudamaaf kan geessiisu yookiin dandeessisu ta'uu qaba. Kanaafis fo'aanoon kaadhimamtoota abbootii seeraa akkamitti geggeeffamuu qaba kan jedhuuf fi ulaagaaleen fo'aanoo maal ta'u qaban kan jedhu sadarkaa addunyaatti dhimma xiyyeeffannaa ol'aanaa argateedha.[115]

Akka mootummoota gamtoomanitti qajeeltoowwan bu'uuraa bilisummaan mana murtii namoonni hojii abbaa seerumaaf fo'aaman namoota naamusa gaarii; dandeettii fi ogummaa seeraa ykn leenjii seeraa gahaa ta'e kan qaban ta'utu irra jiraata.[116] Akkasumas adeemsii fo'aanoo kaadhimamtoota abbootii seeraa loogmaleessa ta'u qaba. Fo'aannoonis ulaagaalee qabatamaa irratti kan hundaa'e ta'uutu irra jiraata. Adeemsii fo'aannichaa ilaalcha siyaasaa filatamtichaa ykn amanamummaa paartii siyaasaa biyya bulchuuf qabu tilmaama keessaa galuu hin qabu.[117]

---

[115] Alamaayyoo Taganee, Qajeeltoowwan Bu'uuraa Manneen Murtii Ittiin Qajeelfaman: Bilisummaa Abbaa Seerummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftooma Hojii Abbaa Seerummaa, (Moojulii Leenjii Hojii Irraaf kan qophaa'e, ILQSO) (2001), fuula. 39.

[116] Adopted by the Seventh United Nations Congress on the Prevention of Crime and the Treatment of Offenders held at Milan from 26 August to 6 September 1985 and endorsed by General Assembly resolutions 40/32 of 29 November 1985 and 40/146 of 13 December 1985, Basic Principles on the Independence of the Judiciary, principle 10.

[117] Adopted by the Seventh United Nations Congress on the Prevention of Crime and the Treatment of Offenders held at Milan from 26 August to 6 September 1985 and endorsed by General Assembly resolutions 40/32 of 29 November 1985 and 40/146 of 13 December 1985, Basic Principles on the Independence of the Judiciary.

Fo'aannoo ilaachisee adeemsii walfakkaatu hin jiru. Adeemsi fo'aanoo biyyaa biyyatti garaagarummaa qaba. Biyyoonni tokko tokko ulaagaalee muudama abbaa seerummaaf barbaachisan ifatti kaa'u. Kanaafis biyyoota sirna 'Comman Law' hordofan keessaa Kaanaadaa, Ingilizii fi Afrikaa Kibbaa tuquun ni danda'ama. Ulaagaalee muudama abbaa seerummaaf barbaachisan dabalataatti ulaagaalee kaadhimummaa irraa ittisuu dandayan biyyoonni tartibaan teechisanis jiru. Fakkeenyaaf, aradaa alkoolii ykn seera siviliin ykn yakkaan kan himatame ykn himatni sagaagalummaa ykn naamusaa kan irratti dhihaate jiru yoo ta'e kaadhimamummaan dhiyaachuu hin danda'u.[118] Gama biraatiin biyyoonni tokko tokko ulaagaalee abbaa seerummaaf kaadhimamuuf guutamuu qaban hin teechisan. Fakkeenyaaf, Faransaay yoo fudhanne eebbifamtoonni seeraa akkuma manneen barnootaa seeraa irraa erga qormaataan fo'amaniin booda gara leenjitti akka seenan godhama. Leenjichis ji'oota sodami sadiif kan turu ennaa ta'uu leenjifamtoonni leenjicha sirritti xumuran karaa Gumii ykn karaa Ministeera Haqaatiin dhiyaachuun pireezidaantii biyyatitiin muudamu. Adeemsi fo'aanoo Faransaay kun ulaagaa alloogummaa kan guutuudha jechuun barreessitoonni akka fakkeenyatti tuqanis jiru.[119]

Ameerikaatti abbootiin seeraa mana murtii Federaalawaa pireezidaantiin dhiyaachuun karaa seeneetiin muudamu. Kaadhimamtoota qulqulleesse pireezidaantiif kan dhiyeessu koree miseensoota seeneetii ofi keessaa qabudha. Adeemsi fo'annoo kuni qajeeltoowwan iftoomaa fi itti gaafatamummaa irratti kan hundaa'edha jechuun akka fakeenyaatti ni caqasama. Karaa biraa immoo muudamni abbootii seeraa mana murtii waliigalaa ilaalchisee adeemsi fo'anichaa qabiyyee siyaasaa kan qabu dha jedhanii kan qeeqaniis jiru. Kaanaadaatti abbootiin seeraa Federaalaa kan muudaman karaa kaabineetiin. Kaadhimamtoonni calalaman kaabineef kan dhiyaatan karaa koreetini. Miseensoonni koreetiis waldaa abukaatootaa; mana murtii fi kutaa hawaasa gara biroo irraa kan walitti babahaanidha. Miseensoonni koorichaas kan moggaafataman karaa Ministeera Haqaa yammuu ta'u korichis iyyattoota sadarkaadhaan baasee kaabinichaaf dhiyeessa. Walumaagalatti adeemsi fo'annoo biyyaa biyyatti gargaara yoo ta'ees fo'annoon akka fe'eetti raawwatamuu hin qabu. Adeemsi fo'annoo fi ulaagaalleen madaallii akkasumas qaamni

[118] Alamaayyoo Taganee, Qajeeltoowwan Bu'uuraa Manneen Murtii Ittiin Qajeelfaman: Bilisummaa Abbaa Seerummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftooma Hojii Abbaa Seerummaa, (Moojulii Leenjii Hojii Irraaf kan qophaa'e, ILQSO) (2001), fuula. 39-40

[119] Ibid.

fo'annicha adeemsiisuuf aangoon kennameef adeemsa fo'annicha itti gaggessu ifatti beekamu qaba. Adeemsi fo'annoo iftooma kan qabu fi malaammaltummaa irraa bilisa ta'uu qaba.[120]

HMFRI keewwata 81 jalatti akka tumameetti pireezidaantii fi itti aanaan pireezidaantii Mana Murtii Waliigala Federaalaa mummicha ministeeraa mootummaa Federaalaatiin dhiyaatani Bakka Bu'oota Mana Marii Uuummataatiin kan muudamanidha. Itti dabaluunis, pireezidaantii fi ittaanaan pireezidaantii manneen murtii naannoolee immoo bulchaa duree naannoon fo'amuun dhihaachuun Mana Maree naannootiin kan muudaman ta'uu ni ibsa.[121] Adeemsi fo'annoo abbootii seeraa gara biroo ammoo kanarraa adda. Akkasumas, adeemsii muudama abbootii seeraa Fedéeraala fi naannoolee jidduttis garaagarummaan muraasni akka jiru tuma heerichaa kana irraa hubachuun ni danda'ama. Abbaa seeraa ta'aanii hojjechuuf ulaagaalee barbaachisaan Labsii Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Fedéeraala[122] fi Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa irra deebisanii hundeessuuf bahe keessatti ibsamee jira.[123] Kan, Naannoo Oromiyaa kanas adda kan godhu aangoo fo'annoo fi filannoo kaadhimamtootaa abbootii seeraa aangoo gumii osoo hin taane aangoo Pirezidaantii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa ta'ee dhihaachuu isaati.[124] Gumiin filannoofi fo'annoo Pirezidaantiin taasifame kaadhimama taasisee caffeef dhiheessuuf qofa aangoo qaba.

Qabxiileen akka ulaagaatti fo'annoof filannoof ka'anis,

- Heera Federaalaaf amanamaa ta'uu; naannooleetti immoo heera Fedeeraala fi naannoo tiif amanamaa ta'uu.

---

[120] Alamaayyoo Taganee, Qajeeltoowwan Bu'uuraa Manneen Murtii Ittiin Qajeelfaman: Bilisummaa Abbaa Seerummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftooma Hojii Abbaa Seerummaa, (Moojulii Leenjii Hojii Irraaf kan qophaa'e, ILQSO) (2001), fuula. 39-40

[121] CONSTITUTION OF THE FEDERAL DEMOCRATIC REPUBLIC OF ETHIOPIA, p. art. 81.

[122]"A PROCLAMATIONTOPROVIDEFORTHE ESTABUSHMENTOF THEFEDERAL.JUDICIAL ADMINISTRATION COMMISSION," Pub. L. No. 24/1996, PROCLAMATIONNO. 24/1996 (n.d.), Art.8.

[123] A Proclamation to Redefine the Structure, Powers and Functions of the Oromia Regional State Courts Proclamation No. 216/2018, kwt. 19.

[124] A Proclamation for the Re-establishment of Oromia Judicial Administration Commission Proclamation No. 217/2018, kwt. 8; A Proclamation to Redefine the Structure, Powers and Functions of the Oromia Regional State Courts Proclamation No. 216/2018, kwt. 19.

- Barnoota seeraa ykn muxannoo seeraa gahaa ta'e. (yoo xiqqaatee xiqqate barumsa seeran digirii jalqabaa (LLB) kan qabuu fi Leenjii abbaa seerummaa kan fudhatee ykn muuxannoo gahaa kan qabu ta'uu Oromiyaatti akka ulaagaa ta'ee dhihaateera.),
- Naamusa fi maqaa gaarii,
- Umriin isaa waggaa 25 gadi kan hin ta'in, (Umuriin isaa Abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaatiif waggaa 28, Abbaa Seeraa Mana Murtii Ol'aanaatiif waggaa 32 fi Abbaa Seeraa Mana Murtii Waliigalaatiif ammoo waggaa 35 gadi kan hin ta'in akka ulaagaatti Oromiyaatti dhihaateera)
- Ogummaa abbaa-seerummaatiin hojjechuuf fedhii kan qabu,
- Afaan hojii naannichaa dhagahuu, dubbachuu, barreessuufi dubbisuu kan danda'u;

Gaaffii marii

1. Ulaagaa kanneen keessatti yakkaan himatamuu dhabuu fi haalli sammuu kaadhimamtoota abbaa seerummaad dorgoman ilaalchisee haguuggii hin argannee akka Naanno Oromiyaa fi Federaalaatti. Haguugamuu dhabuu ulaagaalee kanneen dhiibbaa inni fidu jiraa? Maaliif?
2. Heeraaf amanamaa ta'uu ulaagaa jedhu akkamiin mirkaneessuun dandaa'amaa? Ulaagaa maaliinis madaalamaa?
3. Gumii keessatti qaamoleen akka seera raawwachiiftuu fi baaftuu akka hirmaatan taasisuun bilisummaa abbaa seerummaa irraan dhiibbaa inni geessisu maali jettu?
4. Bu'uura Labsii 2016 kwt. 19 tiin aangoon abbootii seeraa naannicha filachuu kan pirezidaantii ta'uu ibsamee jira. Pirezidaantiin fo'annoo fi filannoo geggeessuun gumiif kan dhiheessu ta'uu tumamee jira. Aangoo kana fo'annoo fi filannoon eenyuun geggeeffamuu qaba jettu? Guiin ta'uu qaba turee? Maaliif? Kun tumaa HMFDRI kwt. 81(4) waliin akkamitti ilaalama? Maaliif?

1.5.2.4. Wabii Bara Hojii Fi Hojirraa Gaggeeffamuu

Abbaan seeraa tokko dhimmi inni irratti murteessuuf adeemu bu'aa murti isaa irratti hundaa'uun dhiibbaan hojii isaa irratti kan dhufu taanaan bilisummaan abbaa seerummaa jira jechuun hin dandaa'amu. Kanaaf, bilisummaa abbaa seeraa karaa ittiin mirkanaa'u keessaa tokko wabii bara hojii mirkaneessuunidha. (security and tenure) Ogeessonni gara sirna haqaa dhufan hojii irraan geggeeffama yaaddoo jedhu malee hojii isaanii beekumsa, dandeettii gahaa fi naamusa gaarii

qabanii akka hojjetaniif haguuggii kan ta'udha. Wabii bara hojii jechuuni, abbaan seeraa murtiin kennu qaama siyaasaatiin fudhatama hin qabaatu laata, sababuma kanaan hojirraa ari'amuu nan danda'a sodaan jedhu sammuu abbaa seerichaa keessatti akka hin uumamne fi abbaan seerichaa hojii isaa akka hin dhabne ykn yeroo hojii isaa dheereffachuuf jecha haalli seeraan ala itti murteessuu dandayuu akka hin jiraanne ittisuudha.

Kana waliin walqabatee abbootii seeraa yeroo kan jedhamu barmaatilee wabii bara hojii abbaa seerummaa miidhan keessaa isa jalqabaa akka ta'e barreeffamoonni ni kaasu.[125] Abbootiin seeraa akkasii akka feeteen muudamuu fi ka'uuf karaan isaa banaa waan ta'eef amaleeffannaa kallattiin bilisummaa abbaa seerummaa irraan dhiibbaa guddaa geessisudha. Kun kallattiin, manneen murti yeroo (ad-hoc courts) hundeessuu waliin kan walqabatudha. Manneen murti akkanaa kun yeroo aangoo abbaa seerummaa mana murtii irraa fudhachuun kan hojjetan waan ta'eef bu'uuraan bilisummaa abbaa seerummaaf yaaddoo guddaadha. Haala kana hambisuuf, HMFDRI fi HMNO keessatti hundeeffamni manneen murti akkanaa dhorkaa akka ta'e tumamee jira.[126]

Barri hojii abbootii seeraa fedha ykn hayyama seera raawwachiftu irratti kan hundaa'e ta'uu hin qabu. Barri hojii abbootii seeraa wabii kan hin qabne yoo ta'e fi fedha seera raawwachiftutiin kan murtaa'u yoo ta'e abbootiin seeraa loogmaleessa ta'aanii murteessuu hin danda'an. Barri hojii abbootii seeraa wabummaa kan argatu danda'u muudama abbootii seeraa ummurii gutuuf ykn abbaan seerichaa hanga uumuriin isaa seeraan murtaa'ee gahutti gochudhaani. Kuni qofti gahaa miti. Barri hojii abbootii seeraa wabummaa akka qabaatu abbaan seeraa tokko hanga barri hojii isaa gahutti sababooni hojii isaa irraa isa kaasiisuu dandayan seeraan ifatti tumamanii jiraachuu qabu. Karaa biraatiin garuu, barri hojii seeraan murtaa'e osoo hin ga'iin, abbootii seeraa hanqina gahumsaa fi rakkoo naamusaa qaban hojirraa gaggeessuun ykn barri hojii isaanii akka addaan citu gochuun barri hojii abbootii seeraa wabii akka qabaatu gochuu waliin kan walitti bu'uu akka hin taane hubatamu qaba. Inumaatuu bilisummaa abbaa seerummaa mirkaneessuuf abbootii seeraa haaqina gahumsaa fi rakkoo naamusaa qaban barrii hojii seeraan murtaa'ee osoo hin ga'iin dura,

[125] José Zeitune, *International Principles on the Independence and Accountability of Judges, Lawyers and Prosecutors*, p.52.

[126] CONSTITUTION OF THE FEDERAL DEMOCRATIC REPUBLIC OF ETHIOPIA, p. art. 78(4); "Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lakk. 46/1994" (1994), kwt. 61(4).

barrii hojii isaanii akka addaan citu gochuun qajeeltoon bilisummaa abbaa seerummaa dirqama jedha.[127]

Wabii bara hojii ilaalchisee mootumoota gamtoomanitti qajeeltoowwan bu'uuraa mana murtii keewwata 11,12, fi 18 jalatti ifatti tumameera.[128] Barbaachiisummaa wabummaa bara hojii abbootii seeraa irratti falmiin homtu hin jiru. Biyyoonni hedduun bara hojii abbootii seeraa eegumsa seeraa godhaniru. Biraazil, Kolombiyaa, Chilii, Peruu, Arjentinaa fi Ameerikaa /Abbootii Seeraa Federaalaa/ fakeenyaaf barri hojii abbootii seeraa hanga uumrii gututti dha. Hindii, Faransaayi, Jarmman, Kaanaadaa, Gaanaa fi Naayijjeriyaan immoo barri hojii abbootii seeraa hanga uumrii sooramaa seeraan murtaa'eetti dha. Barri hojii seeraan murtaa'e kuni osoo hin ga'iin dura sababooni abbaan seeraa tokko haalli hojii irraa itti gaggeeffamuu danda'u adda addaa ta'aaniru. Sirni abbaan seeraa tokko hojii irraa itti gaggeeffamus akkasumatti biyyaa biyyatti garaagarummaa qaba.[129]

Haguuggii wabii bara hojii abbaa seerummaa ilaalchisee HMFDRI jalatti barri turmaatii hojii abbaa seerummaa hanga sooramaatti akka ta'e tumameera. Abbaan seeraa otoo barri soorama isaa hin gahinis hojii irraa karaa itti ka'uu danda'us, alnaamusummaan ykn hagumsa dhabuu ykn bu'a qabeessumma dhabuun yoo mirkanaa'e qofadha. Kunis adeemsa himannaa keessa darbuun kan raawwatamudha. Kanaan ala abbaan seeraa fedhii isaan yoo ta'e malee aangoo isaa irra ka'uu akka hin dandeenye tumameera. Itti dabaluun abbaan seeraa sababa dhukkubaan dirqama isaa bahu yoo hin dandeenye garuu aangoo isaa irraa murtee gumiin ka'uu akka danda'u akka haala addaatti kaa'amee jira. Murteen gumii kuni bakka bu'oota uummataan yoo mirkanaa'e qofa hojiitti

[127] Alamaayyoo Taganee, Qajeeltoowwan Bu'uuraa Manneen Murtii Ittiin Qajeelfaman: Bilisummaa Abbaa Seerummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftooma, Moojulii Leenjii Hojii Irraaf kan qophaa'e (2001),

[128] Adopted by the Seventh United Nations Congress on the Prevention of Crime and the Treatment of Offenders held at Milan from 26 August to 6 September 1985 and endorsed by General Assembly resolutions 40/32 of 29 November 1985 and 40/146 of 13 December 1985, Basic Principles on the Independence of the Judiciary.

[129] Alamaayyoo Taganee, Qajeeltoowwan Bu'uuraa Manneen Murtii Ittiin Qajeelfaman: Bilisummaa Abbaa Seerummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftooma, Moojulii Leenjii Hojii Irraaf kan qophaa'e (2001),

geeddarama.[130] Yaadumti walfakkaatus HMNO jalatti haammatamee jira.[131] Kanaaf, barri hojii abbaa seerummaa akka naannoo Oromiyaatti haguuggii argateera jechuun ni dandaa'ma.

Labsii hundeeffama gumii abbootii seeraa naannoo Oromiyaatiin abbaan seeraa akkamitti aangoo irraa ka'uu akka danda'u ibsamee jira. Bu'uura labsii kanaanis, abbaan seeraa kamiyyuu haala armaan gaditti ibsameen ala umurii sooromaa seeraan murtaa'e osoo hin gahin dura fedhii isaa malee hojii abbaa seerummaa irraa geggeeffamuu akka hin dandeenye tumameera. Sababoonni akka haala addaatti kaa'amaniin jiranis; badii naamusaa yoo raawwate, hanqinni dandeettii yoo mudatee fi sababa rakkina fayyaan kan ka'ee abbaan seeraa hojii idilee isaa hojjechuu kan hin dandeenye yoo ta'edha. Kan hojiirraa geggeeffamuus danda'u murtee gumin qofadha. Murteen gumii kun sagalee caalmaan caffeen yoo mirkanaa'uu qaba.[132] Haala kanaan eegumsa wabii bara hojii abbaa seerummaaf kennamee jiru hubachuun ni dandaa'ama.

1.5.2.5. Kaffaltii Gahaa

Kaffaltii gahaan bilisummaa dhuunfaa abbootii seeraa waliin walqabate dhimma ka'uu dha. Hojii abbaa seerummaa qixa sirri ta'een raawwachuu kan danda'an namoota gahumsa qaban gara abbaa seerummaatti isaan fiduuf ykn abbootii seeraa gahumsaa fi naamusa gaarii qaban hojii abbaa seerummaatti hawwachuu kan danda'u kanfaltiin yoo jiraatedha. Dabalataanis kaffaltii gahaan gareen falmitootaa adeemsa murtii kennuu irratti dhiibbaa dinagdee geessisuu danda'an hir'isuuf faayidaa guddaa akka qabu barreessitooni dhimmi ilaalatu baay'een ni ibsu. Manneen murtii biyyoota dinagdeetiin boodatti hafan keessatti malaammaltummaa hidha hidhatee jiruuf sababni caqasamu tokko kaffaltiin abbootii seeraaf kafalamu gahaa ta'u dhabuu isaati jechuun qo'aanoon deegaruun barreessitooni ibsan jiru. [133]

Akka madaalliiwwan bilisummaa abbaa seerummaa addunyaatti bilisummaa abbootii seeraa mirkaneessuuf mana murti hojjeechiisuu kan danda'u bajata biyyoonni hayyamuufii akka qabu

[130] CONSTITUTION OF THE FEDERAL DEMOCRATIC REPUBLIC OF ETHIOPIA, p. art. 79(4).
[131] Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lakk. 46/1994, kwt.63(4).
[132] A Proclamation for the Re-establishment of Oromia Judicial Administration Commission Proclamation No. 217/2018, kwt.22.
[133] Alamaayyoo Taganee, Qajeeltoowwan Bu'uuraa Manneen Murtii Ittiin Qajeelfaman: Bilisummaa Abbaa Seerummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftooma, Moojulii Leenjii Hojii Irraaf kan qophaa'e (2001),

kan jedhu qajeeltoo ta'ee kaa'amee jira.[134] Bajanni kunis kan barbaachiseef keessaa tokko abbootii seeraaf kanfaltii gahaa ta'e raawwachuufidha. Kaffaltiin abbootii seeraa fi hangi kaffaltiis akka hin hir'anne eegumsii seeraa godhamufii qaba.[135] Biyyoota tokko tokko keessatti mindaan abbootii seeraa hojjettoota mootummaa gara biroo waliin walqixa. Fakeenyaaf Jarman. Biyyoonni tokko tokko immoo abbootii seeraaf kaffaltii gahaan akka kafalamufi qabu heera isaanitiin kan tumanis jiru. Fakkeenyaaf: - Jaappaan. Biyyoota tokko tokko immoo hangi kaffaltii abbootii seeraa seeraan kan murtaa'e dha. Akkasumas kafaltichi akka hin hir'anne heeraan eegumsii ni godhamaaf. Ameerikaa, Naayijeeriyaa, Biraazil, Hindii fi Gaanaa akka fakeenyaatti tuquun ni danda'ama.[136] Walumaagalatti bilisummaa abbaa seerummaa mirkaneessuuf barbaachiisummaa kaffaltii gahaa irratti hanga ta'e tokko waliigalteen jiraatus, kaffaltii gahaan maali gaaffii jedhuf deebiin hin jiru. Haa ta'u malee bilisummaa dhuunfaa mirkaneessuuf mi'a jireenyaa tilmaama keessaa galchuudhaan kaffaltiin abbootii seeraa yeroodha yerootii ilaallamu qaba kan jedhu irratti baay'een isaanii waliigalu. Kana gochuu dhabuuniis bilisummaa dhuunfaa tuqudhaa jedhu.

Abbaan seeraa kanfaltii gahaa akka argatu taasisuun dhiibbaa qaamolee alaa irraa karaa dinagdee irra gahuu danda'u hambisuuf jalqabbii bu'uuraa akka ta'e barreeffamoonni ni kaasu. Kana yeroo jedhamu ala qofaa osoo hin taane qaamolee mootummaa keessaa garmalee kanfaltii abbaa seeraa irraan qaamoleen mootummaa biroon akka dhiibbaa geessisan hayyamuun bilisummaa abbaa seerummaa irraan dhiibbaa guddaa geessisa. Keessumaa, miindaa abbaa seeraa hirrisuu ilaalchisee haguuggiin seeraa kana daangessu jiraachuun murteessaadha. Sababiin isaa miindaan abbaa seeraa harka qaamolee mootummaa biroon kan to'atamu yoo ta'e dhiibbaa qaamni kun geessisuu danda'u bilisummaaf yaaddoo ta'a waan ta'eef.[137] Itti dabaluuni, bajanni mana murti akka dhaabbataatti qabamu kanfaltii gahaa abbaa seeraaf kanfalchiisuu kan dandeessisu ta'uu qaba.

---

[134] Adopted by the Seventh United Nations Congress on the Prevention of Crime and the Treatment of Offenders held at Milan from 26 August to 6 September 1985 and endorsed by General Assembly resolutions 40/32 of 29 November 1985 and 40/146 of 13 December 1985, Basic Principles on the Independence of the Judiciary, principle 7.

[135] Jonathan L Entin, "Getting What You Pay For: Judicial Compensation and Judicial Independence," n.d., p.25.

[136] Alamaayyoo Taganee, Qajeeltoowwan Bu'uuraa Manneen Murtii Ittiin Qajeelfaman: Bilisummaa Abbaa Seerummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftooma, Moojulii Leenjii Hojii Irraaf kan qophaa'e (2001),

[137] In Hamilton's words, "a power over a man's subsistence amounts to a power over his will." THE FEDERALIST No. 79

Hojiirra oolmaa kanfaltii gahaa ilaalchisee, bu'uura HMFDRI kwt. 79(6) fi HMNO kwt. 64(7) tiin karooraa fi bajata manneen murti qopheessuun caffeef dhiheessuun mirkaneessuun fi bulchuuf aangoo kan qabu mana murtii akka ta'e tumamee jira. Olitti akkuma ibsame karoo isaa keessatti manni murti bajata kanfaltii gahaa abbaa seeraaf raawwachuu isa dandeessisu qabachuun dirqama isaa ta'a jechuudha. Eenyuutu kanfaltii abbaa seerummaa murteessa kan jedhu ilaalchisee aangoon isaa kan gumii bulchiinsa abbootii seerati.[138] Bu'uura aangoo kanaan gumiin kanfaltii abbootii seeraa gahaa ta'e murteessuuf aangoo fi dirqama ni qabaata jechuudha. Haa ta'u malee, gaaffiin guddaan ammayyuu deebii argachuu qabu kanfaltii gahaa jechuun maal jechuudha kan jedhudha. Qabxiin kun mariin kan gabbatu ta'a.

Gaaffii marii

1. Kanfaltii gahaa jechuun maal jechuudha? abbaa seeraaf kanfaltii gahaan kanfalamuu qaba yeroo jedhamuhoo maal agarsiisuu barbaadameetu?
2. Kanfaltii gahaa tilmaamuuf gumiin maal tilmaama keessa galchuu qaba jettuu? Maaliif?
3. Kanfaltii gahaa ilaalchise seerota keenya keessatti haguuggiin dhibuun dhiibbaa inni bilisummaa abbaa seerummaa irratti qabu maali jettuu?

1.5.2.6. Jijjirraa Fi Guddina

Qajeeltoon bilisummaa abbaa seerummaaf karaa Mootummoota Gamtoomannii ka'ame kan agarsiisu guddinni abbaa seerummaa ulaagaa beekamaa fi ifaa ta'e (objective standards) irratti kan hundaa'e ta'uu akka qabu ni kaa'a. Itti dabaluunis, ulaagaa ta'anii kan dhihaachuu qaban dandeettii, naamus (fayyaalummaa) fi muuxannoo abbaa seeraa ta'uu qaba malee ulaagaalee looggii uumuu danda'an ta'uu hin qabu.[139] Akka madaallii bilisummaa abbaa seerummaa addunyaatti abbootiin seeraa jijjirraa idilee malee hayyama isaanitiin alatti iddoo tokkoo gara iddoo gara biraatti jijjiramuun isaan irra hin jiraatu. Abbaan seeraa tokko karaa kanaan yoon murteesse sababa kanaan gara iddoo gara biraatti nan jijjirama laata! sodaan jedhu sammuu isaa

[138] A Proclamation for the Re-establishment of Oromia Judicial Administration Commission Proclamation No. 217/2018, kwt. 8(1)(d).

[139] Adopted by the Seventh United Nations Congress on the Prevention of Crime and the Treatment of Offenders held at Milan from 26 August to 6 September 1985 and endorsed by General Assembly resolutions 40/32 of 29 November 1985 and 40/146 of 13 December 1985, Basic Principles on the Independence of the Judiciary, Principle 13.

keessatti akka hin uumamneefi akka gara iddoo biraatti hin jijjiramne haalli seeraan ala itti murteessuu dandayu akka hin jiraanne jijjirraan abbootii seeraa sababa seeraan ifatti taa'e irratti hundaa'een ta'uu qaba.[140]

Gara biyya keenyaatti yammuu deebinu jijjirraa abbootii seeraa kan murteessu gumii bulchiinsa abbootii seeraati.[141] Jijjiirran ulaagaa beekamaa ta'ee fi fedhii abbootii seeraa irratti hundaa'ee kan raawwatamu ta'uun bilisummaa abbaa seerummaa kabachiisuu keessatti murteessaadha. Sababa murtii tokko kenneef jecha abbaan seeraa nan jijjiirama sodaa jedhu isa irra jiraachuu hin qabu. Gama biraatiin sadarkaa fedeeraalatis ta'e naannooti aangoon guddina murteessuu kan gummii abbootii seeraati. Sadarkaa Naannoo Oromiyaatti aangoo Gumii keessaa tokko jijjiirraa fi guddina abbootii seeraa irratti murteessuu akka ta'e kwt. 8 (f) labsii 217/2011 jalatti tumamee jira. Kunis geggeefffamuu kan qabu fedhii fi ulaagaa beekamaa ta'e irratti ta'uu qaba.

1.5.3. Faloota Dhiibbaa Bilisummaa Abbaa Seerummaaf kennaman

Bilisummaa abbaa seerummaa olaantummaa seeraaf, ijaarsa sirna diimokraasii, heerummaaf, kabajamuu mirgoota namoomaaf, bu'a qabeessummaa walitti dhufeenya dhuunfaaf fi kan kana fakkaataaniif bu'uura akka ta'e olitti kaafameera. Haa ta'u malee, manni murtii murtii inni kenne, hin raawwatamu yoo ta'e ykn bilisummaa abbaa seerummaa irraan kallattiin fi alkallattiin dhiibbaan kan gahu yoo ta'e abbaan seeraas ta'e manni murtii dirqama isaan irraa eegamu bahuuf rakkisaa ta'a. Kanaaf, bilisummaa abbaa seerummaa irraan dhiibbaan kallattiinis ta'e alkallattiin kan gahu yoota'e furmaanni seeraan tumame jiraachuun murteessaadha. Heeraan mirgi murtii haqa qabeessa argachuu fi dhimma ofii mana murtii bilisummaa qabuu fi loogmaleessa ta'etti ilaalchifachuu eegameera. Kana yoo jennu manni murtii dhimmicha ilaalu bilisummaa kan hin qabne yoo ta'e ykn loogmaleessummaan isaa kan eegame miti yoo ta'e maal ta'a gaaffii jedhu kaasa jechuudha. Dhiibbaa bilisummaa abbaa seeraa irra gahuuf furmaanni bulchiinsaa barbaachuun akkuma jirutti ta'ee qabatamaan seeraan haguuggiichaaf golgaan kennamuun kabajamuu bilisummaa abbaa seerummaaf bu'uura ta'uu danda'a.

---

[140] Alamaayyoo Taganee, Qajeeltoowwan Bu'uuraa Manneen Murtii Ittiin Qajeelfaman: Bilisummaa Abbaa Seerummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftooma, Moojulii Leenjii Hojii Irraaf kan qophaa'e (2001),

[141] A Proclamationtoprovideforthe Estabushmentof The federal.Judicial Administrationcommission; Constitution Of The Federal Democratic Republic Of Ethiopia.

Bu’uuraan rakkoowwan kanaaf karaa lama fala laachuun ni dandaa’ama. Isaanis, bilisummaa dhibuuf eenyuutu sababa ta’e kan jedhuu akka qaama sadaffaatti fudhachuun dubbachuu fi bilisummaan dhibbuuf abbaan seeraa fi qaamoleen manneen murtii kan ilaaltu yoo ta’e furmaata maalitu jira kan jedhudha. Kanaafis, seerota jiran yoo ilaallu, HMFDRI jalatti akkuma tumamee jiru, kwt. 79 (2) kan jedhu manneen murtii sadarkaa kamirra jiran hundinuu dhiibbaa qaama mootummaa, abbootii aangoo mootummaa fi kamirraayyuu bilisa ta’uu qabudha. Olitti akkuma ilaalle abbaan seeraa bilisuummaa guutuu qabaachuun seera qofaan geggeeffamuu akka qabu ilaalleera. Haa ta’u malee, kun yoo guutamuudhaa baate furmaata abbaan seeraas ta’e manni murtii qabu maali kan jedhu dhimma gaaffii kaasudha. Kanaafis, fala jedhamee kan kaa’uu danda’u HMFDRI kwt. 9(1 fi 2) jalatti tumamee kan jirudha. Innis kan jedhu lammiileen, qaamoleen mootummaa, dhaabni siyaasaa fi dhaabbileen kamiyyuu heerichi hojiirra akka oolu taasisuu fi tumaa isaa hordofuu akka qaban dirqama kaa’eera. Murtiileenii fi hojimaanni qaama mootummaa ykn abbootii aangoo kamiyyuu kan tumaalee heerichaa waliin walitti bu’u bu’a qabeessa akka hin taane kaa’ameera. Kun olaantummaa heeraa waliin kan walqabatu waan ta’eef, heerichi haguuggii bilisummaa abbaa seerummaaf kennee jiruufis raawwatiinsa kan qabu ta’a.

HMNO keessattis haaluma walfakkaatuun tumamee jira. Qabatamaan seeronni tumaalee heera kanaa hojiirra oolchuuf bahan eegumsa bilisummaa abbaa seerummaaaf godhamu ilaalchisee duuchumaan dirqama kaa'uun kan darban ture. Kanas, labsiilee Manneen Murtii Federaalaa Hundeessuuf bahe labsi lakkoofsa 25/88 fi labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa hundeessuuf bahe duraanii labsii 141/2000 ilaaluun ni dandaa’ama. Haa ta’u malee yeroo ammaa kana labsiin Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Hundeessuuf bahe labsiin lakkoofsa 216/2011 kwt. 47 fi 48 jalatti tumaa haaraa fudhatee dhufeera. Bu’uura tumaa kanaanis, qaamoleen kamiyyuu dirqama ajajaa fi murtii mana murtii kabajuu akka qaban kaa’eera. Murtii mana murtii fi ajaja mana murtii kabajuun kallattiin bu’a qabeessummaa mana murtii fi bilisummaa mana murtii irraan dhiibbaa geessisuu danda’u haala agarsiisuu danda’uun dirqama kaa’eera. Kana qofa osoo hin taane, murtiin mana murtii akka raawwatamuuf qaamooleen kamiyyuu deggersa kennuu akka qaban kaa’eera. Deggersa barbaachisu gochuu dhabuunis kallattiin itti gaafatamummaa kan fidu ta’uus haala labsiileen kanaan dura waa’ee bilisummaa mana murtii ka’an hin keenyeen ibsameera.

Itti gaafatamummaan dhufus itti gaafatamummaa yakkaa ta’uu isaa labsiin kun ifa baasee kaa’eera. Kanas kwt. 48 irraa hubachuun ni dandaa’ama. Bu’uuruma kanaanis, namni kamiyyuu

bilisummaan hojjechuu abbaa seeraatti ykn mana murtiitti gufuu kan ta'u yoo ta'e, irraan dhiibbaa kan geessise fi geessisuuf yaale ykn jidduu seene yakkaan kan adabamu ta'uu tumameera. Taateewwan akka yakkaatti fudhatamu jedhamuun keewwata kana jalatti tarraa'anii jiran yoo fudhannee ilaallu, ajaja mana murtii diduu, raawwii mana murtii gufuu ta'uu, hoji mana murtii kamittiyuu gufuu ta'uu fi deggersa barbaachisu akka taasisuuf gafatamanii diduu kan dabalatu ta'uu hubachuun ni dandaa'ama. Gochaawwan kun kallattiin bilisummaa mana murtii fi dhiibbaa fi sodaa tokko malee manni murtii hojii akka hojjetu taasisuuf kan gargaaranidha jechuun ni dandaa'ama.

Qabxiilee Marii

1. Qabatama amma jiruun wabiin bara hojii abbootii seeraa eegumsa argateera jettuu? Maaliif?

2. Heera Mootummaa RDFI kew.79 (5) yeroon soorama bahuu abbaa seeraa kamiyyuu akka hin dheereffamne tumameera. Tumaan kun bilisummaa abbaa seerummaa wajjiin walqunnamitti qabaa? Maaliif?

3. Pirezidaantii fi itti aanaan pirezidaantii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa kan muudaman dhiheessa Pirezidaantii Naannoonidha. Kun kallattiin bilisummaa abbaa seerummaa irratti dhiibbaa inni qabu jiraa? Maaliif?

4. Barri hojii pirezidaantii fi itti aanaa pirezidaantii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa eegumsa argateera jechuu dandaa'amaa? Maaliif?

5. Ulaagaan fo'annoo pireezidaantootaa fi itti-aanoota pireezidaantoota manneen murtii Waliigala Federaalaa fi naannoolee maali jettani yaadduu? Sadarkaa barumsaa? Muxxannoo abbaa seerummaa? Ilaalcha siyaasaa? Hoggantoota manneen murtii kana filee muudamaaf kan dhiheessuu qaama aangoo siyaasaa ol'aannaa qabuudha. Kanarraa ka'un namootni tokko tokko manneen murtii siyaasaa irraa bilisa akka hin taane yammuu dubbatan ni dhagayamu.Yaada kana akkamitti madaaltu? Adeemsii muudamaa hoggantoota manneen murtii kun bilisummaa abbaa seerummaa ykn al-loogummaa

manneen murtii irratti rakkina fiduu qaba jettani yaadduu? Deebiin keessaan eeyyee yoo ta'ee, akkamitti? Furmaani isaa hoo maali jettu? Muxannoon biyyoota ambaa hoo kallattii kanaan maal fakkaata?

6. Ilaalchi siyaasaa abbaa seeraa ta'uun muudamuuf dhiibbaa inni qabu akkamitti ilaaltu? Nama kalleessa hoggannaa dhaabba siyaasaa ol'aanaa ta'e tokko haar'a abbaa seeraa godhanni muuduun rakkina qaba jettani yaadduu? Maaliif?

7. Akka waliigalaatti bilisummaan abbaa seerummaa wanta halkan tokkoon dhugumsuun dandayamu miti. Kanuma cimsuun Profeessar Shiimoon Sheetritti *"The independence of the judiciary and its protection of its constitutional position is not achieved in an instant act, but rather over a period of time by a continuous struggle which takes place within the framework of an ongoing and dynamic process"* jechuun ibsaniru. Kana irraa ka'uun abbootii seeraa irraa maaltu eegama jettuu? Mana murtii irraa akka dhaabbataattihoo waanti eegamu jira jettuu? Maaliif?

8. Ijaarsa mana murtii bilisa ta'ee fi abbootii seeraa bilisummaa qabanii keessatti wantoonni akka gufuutti ka'uu danda'an maalfa'i? maaliif? Furmaanni isaanihoo maali?

9. Labsii 2016/2011 keewwata 47 fi 49 jalatti yakka jedhamuun gochaalee tumamanii jiran akkamitti ilaaltu? Tumaan kun bilisummaa abbaa seerummaaf bu'aa fi sodaa inni qabu maali jettu? Yaada keessan sababeessuun kaasuun irratti maria'adha.

Boqonnaa Lama

2. Itti- gaafatamummaa Abbaa Seerummaa

> *"An accountable judiciary without any independence is weak and feeble. An independent judiciary without accountability is dangerous."*[142]

1. Seensa

Qajeeltoowwan bu'uuraa manneen murtii ergama heeraan itti keenname bahuudhaaf ittiin qajeelfaman keessaa tokko itti gaafatamummaa abbaa seerummaadha. Akkuma jechama olii keessatti ibsame hojiin abbaa seerummaa itti gaafatamummaa malee kan hojjetamu yoo ta'e kaayyoo hojichi barbaachiseef ooluu dhiisuun rakkoo biraaf karaa ta'uu danda'a.[143] Aangoon abbaa seerummaa dirqama abbaa seerummaa haala kabajeen kan hojiirra oole ta'uu isaa mirkaneeffachuun barbaachisaadha. Itti dabaluunis, maddi aangoo hundinuu uummata waan ta'eef, karaa itti birmadummaan uummataa mirkanaa'u keessaa tokko itti gaafatamummaa qaamolee aangoo qabanii uummataaf ta'uu haala dandeessisuun sirna ijaaruunidha.

Kanaaf, boqonnaa kana keessatti abbaan seeraas ta'e manni murtii akka qaama aangoo uummataa qabatee jiruu tokkootti itti gaafatamummaa abbaan seeraa dhuunfaan qabu, manni murtii akka dhaabbataatti qabu adda baasuun kan ilaallu ta'a. Dabalees, itti gaafatamummaan gaaffiilee inni kaasuu danda'u keessaa kanneen akka itti gaafatamummaan eenyuufi jedhu deebisuuf ni yaalama. Boqonnaa kana jalatti, manni murtii fi abbaan seeraa dirqama itti gaafatamummaa eenyuuf akka qaban kan ilaallu ta'a jechuudha. Itti aansuun sirna HMFDRI fi HMNO jalatti itti gaafatamummaan abbaa seerummaa diriiree jiru kaasuun haguuggiin kennameefii akka jiru maal akka ta'e kan ilaallu ta'a. Dhuma irrattis, gosoota itti gaafatamummaa abbaa seerummaa fi eenyuuf itti gaafatamumma manni murtii fi abbaan seeraa qabaachuu akka qabu sababootaa isaanii waliin kaasuun kan ilaallu ta'a.

---

[142] Stephen B Burbank, "What Do We Mean by Judicial Independence?" *Ohio State Law Journal* 64 (N.D.): P.325. see also; The Constitution of Phillips Academy, Andover Massachusetts 11-12 (Rev. Ed. 1995)

[143] Burbank, P.226.

2. Itti gaafatamummaa Abbaa Seerummaa: Maalummaa, Barbaachisummaa Fi Goosota

2.2.1. Maalummaa

Bilisummaan abbaa seerummaa abbootii seeraaf golgaa dhiibbaa qaama sadaffaa fi keessoo manneen murtii dhufuu danda'u hambisuuf kan gargaarudha. Haa ta'u malee, golgaan kun karaa itti abbootiin seeraa fi manneen murtii akka dhaabbataatti itti gaafatamummaa jalaa miliquuf gochaawwan seeraan allaa hojjetan ittiin dhoffatan ta'uu hin qabu.[144] Kanaaf, abbootiin seeraa hojii fi jireenya isaanii keessatti ulaagaa isaan irraa barbaachisuun jiraachuu akka qabaniif itti gaafatamummaa qabaachuun agarsiiftuu ta'a jechuudha. Biyyoonni hedduunis naamusa abbotii seeraa to'achuuf koodii naamusa abbaa seerummaa baafatanii hojiirra oolchaniiru.[145] Sadarkaa addunyaattis qajeeltoowwan naamusaa Bangloor itti gaafatamummaa abbaa seerummaa haammatee jira.

Kana yeroo jedhamu garuu, itti gaafatamummaan bilisummaa waliin madaalawaa ta'ee hin adeemu yoo ta'e kallattiin abbaan seeraa bilisummaa akka hin qabaanne kan taasisu waan ta'eef, waa'een itti gaafatamummaa yeroo ka'u akka dugda saantima tokkootti bilisummaa waliin ilaalamuu qaba.[146] Addunyaa irra muuxannoo jiru yeroo ilaalaamu, itti gaafatamummaaf hiikkoon kennamuu fi qabatamaan kan lafa irratti mullatu sirnaa sirnatti garaagarummaa guddaa qabaachuu danda'a jechuudha. Kana irraa kan ka'es, yaaddama itti gaafatamummaa abbaa seerummaa jedhuuf, barreessitoonni karaa garaa garaa garaa hiikaniiru. Fakkeenyaaf, akka Rogelloo Pirez Peerddomotti itti gaafatamummaa abbaa seeraa jechuun; itti gaafatamummaa abbootiin seeraa dhuunfaan hojii isaanii keessatti dirqama isaan irraa eegamu bahuu fi bahuu dhabuun dhufudha. Itti gaafatamummaa abbaa seeraa jechuun, karaa geggeessitoota abbootii seeraa ykn hooggantoota abbootii seeraan abbaan seeraa akka seeran ala akka hin hojjeneef to'annoo taasifamudha.[147]

---

[144] For a discussion on corruption in the judiciary, see Richard J. Scott, "Towards an ethic to control judicial corruption", in Strengthening Judicial Independence, Eliminating Judicial Corruption, CIJL Yearbook 2000, p. 117.

[145] See, for instance, the Code of Conduct for United States Judges and the Code of Ethics of the Peruvian Judiciary (Código de Ética del Poder Judicial del Perú)

[146] Stephen B. Burbank, "Judicial Independence, Judicial Accountability and Interbranch Relations," *SSRN Electronic Journal*, 2006, p.911-912, https://doi.org/10.2139/ssrn.922091.

[147] Rogelio Perez-Perdomo, Independence and Accountability: Issue of Pwer and Control (Comprehensive Legal and Judicial Development: Toward an Agenda for a Justice) (edited by Rudolf V. Van Puymbroeck), P.205-206. "It is

Bilisummaa fi itti gaafatamumaa waliin madaalchisuu ilaalchisee, ilaalchi dogongoraa abbaan seeraa bilisummaa akka qabaatuuf sirni ijaaraamaa akkuma adeemu itti gaafatamummaa dhibaa deemaa jedhuu fi abbaan seeraa itti gaafatamummaaf sirni ijaaraamaa akkuma adeemu bilisummaa hirrataa adeema jedhu ilaalcha dogongoraa akka ta'e hubatamuu qaba.[148] Yaaddamni bilisummaa abbaa seerummaa jedhuu fi itti gaafatamummaa abbaa seerummaa jedhu akka yaaddama walfaalleessuutti osoo hin taane akka yaaddama waldeggeruutti fudhatamuu qaba.

Maalummaa bilisummaa fi itti gaafatamummaa ilaalchisee dabalataan ogeessi Siiddimaan kan jedhu; itti gaafatamummaa jechuun dirqama abbootiin seeraa murtii kennannaniif itti gaafatamaa ta'uu fi murtii kennan sababeessuu waliin kan walqabatu akka ta'e ibsa. Kana jechuunis, murtiin abbaa seeraan kennamu bu'aa yaada badaa fi akka feetee abbaa seeraa ta'uu akka hin qabne kan agarsiisu akka ta'e hubachuun ni dandaa'ama.[149] Akka hiikkowwan kanaatti itti gaafatamummaa abbaa seerummaa jechuun abbaan seeraa tokko waan seeraan ala raawwateef ykn raawwachuu qabu raawwachuu dhabuu isaatiin itti gaafatamummaa dhufuu danda'u ykn sonawwan hawaasaan fudhatama qaban irraa akka hin goree ykn kanaan ala akka hin hojjane to'aanaa ykn hordofi irratti godhamuu ykn abbaan seeraa murtii inni kennuuf itti gaafatamummaa qabu jechuudha.[150]

Ittigaafatamummaa abbaa seerummaa mirkaneessuu keessatti gaaffileen gurguddoo deebii argachuu malan ni jiru. Jalqaba irrattis itti gaafatamummaa kan qabu enyuu, dhuunfaan abbaa seeraadhamoo akka dhaabbataatti mana murtidha. Itti aansuun, itti gaafatamummaan enyuufi, qaamni manni murtii akka dhaabbataattii fi abbaan seeraa akka dhuunfaatti itti gaafatamummaa qabuuf adda bahee kan beekame ta'uu qaba. Dhuma irratti, itti gaafatamummaan kan dhufu yoo maal ta'ee dha, Ykn maal yoo ta'u baateedha kan jedhuuf yaad rimeen itti gaafatamummaa deebii kennuu danda'uu qaba. Kanatti dabalees, gaaffileen akka itti gaafatamummaa abbaa seerummaa

consequence of individual judge's wrongful acts or omission. Or it is control or supervision of judges to make certain that they do not deviate from the commonly accepted values of the public."

[148] Rogelio Perez-Perdomo, Independence and Accountability: Issue of Pwer and Control (Comprehensive Legal and Judicial Development: Toward an Agenda for a Justice) (edited by Rudolf V. Van Puymbroeck), P.205-206.

[149] "The responsibility of judges for their decision and/or the liability of judges to give reasons or justification for their conduct in the resolution of dispute is not the product of mere whim or caprice." Alamaayyoo Taganee, Bilisummaa Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa (Moojulii Leenjii Hojiin Duraaf Kan Qopha'e) ILQSO, 2001 keessatti akkuma caqasamee jirutti.

[150] Alamaayyoo Taganee, Bilisummaa Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa (Moojulii Leenjii Hojiin Duraaf Kan Qopha'e) ILQSO, 2001, fuula 31-32.

yeroo jedhamu abbaa seeraa dhuunfaa qofa ilaallatamoo abbaa seeraa akka mana murtii ykn akka dhaabbataatti ni dabalata kan jedhu dhimma qulqullaa'uu qabudha.

Hiikkoo olitti kennaman keessatti gaaffilee kana irraa kaanee ergaa guutuu kan hin arganne ta'uu hubachuun ni dandaa'ama. Sababiin isaas, kan xiyyeeffatanii jiran abbaa seeraa akka dhuunfaatti kan jiran irratti malee mana murtii akka dhaabbataatti hiikkichi hin haamanne waan ta'eefi. Akka barreessitoota kanaatii itti gaafatamummaa abbaa seerummaa abbootii seeraa qofa mit, yaadrimee itti gaafatamummaa abbaa seerummaa hammayyawwaatiin itti gaafatamummaa manneen murtiis akka waajjiratti kan hammatu ta'uu qaba.[151]

Bifa walfakaatuun itti gaafatamummaan manneen murtii ykn abbootii seeraa qaamoolee mootummaa lameenii (seera tumtuuf ykn seera raawwachiftuuf) qofa miti. Itti gaafatamummaan abbootii seeraa ykn manneen murtii qaamoolee mootummaa lamaaniif, garee falmiitootaaf, qaama abbaa seerummaa mataa isaaf, dhaabbilee sab-quunnamtiif, garee al-idiilee fi qaamoota biroof ta'u ni danda'a.[152] Gareewwan kun hundinoo manneen murtii irraa dantaa qabu, qaamolee mootummaa waliin dirqama walto'achuu, abbootii dhimmaa, dhimmi isaanii mana murtii waan jiruuf, hawwaasni olaaantummaa seeraa, sab quunnamtii mirga odeeffannoo argachuu fi kkf irraa kan ka'e manni murtii isaaniif akka dhaabbataattis ta'e abbootiin seeraa akka dhuunfaatti itti gaafatamummaa qabu jedhame.

Abbootiin seeraa itti-gaafatammaa kan ta'an yammuu murtii kennan dogongoora ummanif ykn waan raawwachuu qaban otoo hin raawwatin hafaniif qofa otoo hintaane dhaddachaa fi dhaddachaan alatiis naamuusa agarsiisaniifiis itti gaafatama ni ta'u. Bilisummaa fi itti gaafatamummaan waliin adeemuun barbaachisaadha. Waa'ee itti gaafatamummaa yeroo kaafamu waa'ee aangoon mana murtii ykn abbaan seeraa daangaa qabaachuu kaasuudha. Aangoon kamiyyuu sirna diimokraasii keessatti fudhatamummaa fi daangaa qabaachuun barbaachisaa waan

[151] Burbank, "Judicial Independence, Judicial Accountability and Interbranch Relations," p.912. (judicial accountability should run to courts and the judiciary as an institution, both because individual judicial independence exists primarily for the benefit of institutional independence and because appropriate intrabranch accountability is essential if potentially inappropriate interbranch accountability is to be avoided.)
[152] Burbank, p.912.

ta'eef kan mana murtiis ta'e abbaa seeraa daangaa qabaachuu qaba yaadni jedhu madde.[153] Gaaffiin bilisummaa abbaa seerummaa waliin ka'uu qabu, erga bilisa ta'an aangoon abbaa seerummaa maal irraa madda kan jedhudha. Madda aangoo abbaa seerummaa irraa ka'uun daangaa isaafi bu'aa isaa tilmaamuun waan dandaa'amuufi. Kanaafiyyuu jalqaba irratti kan hubatamuu qabu boqonnaa tokkoffaa jalattis akkuma ilaalame waa'een bilisummaa abbaa seerummaa akka dhimma cimaatti kan ka'u sirna diimokraasii keessattidha. Sirna kana keessatti ammo qajeeltoowwan akka olaantummaa seeraa, adda bahiinsa aangoo, kabajamuu mirga namoomaa fi kkf kan sirna diimokraasii waliin walqabatan akka bu'uuraatti ilaalamu. Adeemsa kana keessatti manni murtii bilisummaa qabu gaafa jedham seeran oli ykn aangoon isaanii daangaa hin qabu jechuu akka hin taane hubachuun ni dandaa'ama. Sababiin isaas sirni diimokraasii bu'uuraan aangoon mootummaa murtaa'adha kan jedhu irraa kan ka'u waan ta'eefi. Dabalees, bilisummaan abbaan seeraa kan tilmaama keessa galchu abbaan seeraas ta'e manni murtii bilisummaa isaan aantummaa seerichaaf qabu akka agarsiisu barbaadameetu.[154]

Kaayyoon mummeen manneen murtii hawaasaaf tajaajila haqaa kennuudha. Kallattii kanaan hawaasni manneen murtii irraa haqa qulqullina qabu; madaalawwaa fi bu'a qabeessa ta'e eega. Manneen murtiis haqa qulqullina qabu; madaalawwaa fi bu'aa qabeessa ta'ee hawaassaaf kennuuf dirqama qabu. Akkasumas, manneen murtii qabeenya mootummaa sirnaan fayyadamtu irra jiraata. Kanaafuu, manneen murtii akka waajjiratti gochoota hojiiwwan bulchiinsaafi abbaa seerummaa raawwataniif itti gaafatamummaa qabu. Biyya tokko keessatti hiikkoon itti gaafatamummaa abbaa seerummaatiif kennamu qaamooleen siyaasaa fi uummanii bulchiinsa haqaa, abbaa seeraa ykn manneen murtii irratti ilaalcha (attitude) qaban; akkasumas sirnii seeraa fi siyaasaa; sirna abbaa seerummaa; seenaa fi baratamaa fi haala qabatammaa biyya sanaatiin kan murtaa'uudha. Kana irraa ka'uun itti gaafatamummaa abbaa seerummaa jechuun, abbaan seeraa fi manni murtii akka dhaabbataatti bu'uura seeraa fi qajeeltoowwan ykn dambiiwwan naamusaatiin hojjachuuf dirqama

[153] Rogelio Perez-Perdomo, Independence and Accountability: Issue of Pwer and Control (Comprehensive Legal and Judicial Development: Toward an Agenda for a Justice) (edited by Rudolf V. Van Puymbroeck), P.207.
[154] Rogelio Perez-Perdomo, Independence and Accountability: Issue of Pwer and Control (Comprehensive Legal and Judicial Development: Toward an Agenda for a Justice) (edited by Rudolf V. Van Puymbroeck), P.208.

qabu kan agarsiisudha. Walumaa galatti, itti gaafatamummaa malee manni murtii kallattiin sodaa sirna diimokraasii kan ta'u ta'uu ogeessoni ni kaasu.[155]

2.2.2. Barbaachisummaa

> *"A Judiciary that claims independence but which refuses to be accountable to society will not enjoy the trust of society and will not achieve the independence for which it strives."*[156]

Manni murtii akka dhaabbata uummataa (public) ta'e tokkootti abbootii seeraa dhuunfaa mana murtii keessa tajaajilan dabalatee aangoon isaanii kan maddu seera irratti. Seerichi ammo sirna diimokraasii keessatti calanqeettii sonawaa uummataati. Kanaaf, aangoo uummataa kana akkamitti hojiirra oolchaa jedhu adda baafachuun barbaachisaa ta'a.[157] Sirna dimookiraatawaa keessatti uummanni aangoo isaa to'achuuf mirgaas diirqamas ni qaba. Aangoon itti gaafatamummaa hin qabne sirna dimookiraatawaa waliin wal hin simu ykn hin deemu. Kan irraa kan hubatamuu qabu bilisummaan abbaa seerummaa, abbaan seeraa akka barbaadetti kan itti gargaaramuu danda'u akka hin taanedha. Bilisummaan kun, abbaan seeraa olaantumaa seeraa, mirga namoomaa fi kkf. Kan sirna diimokraasiif bu'uura ta'aniif eegumsa akka kennu barbaadameetu malee.[158] Abbaan seeraa aantummaan isaa jallisuun loogiin qaama tokko qofa deggeruuf akka hin hojjennee barbaadameetu. Abbaan seeraas ta'e manni murtii ulaagaa kana guutuu dadhabe seera cabsaa kan jiru ta'uu isaa mullisa. Abbootiin seeraa bifa faayidaa uummataa miidhuun hojii isaanii raawwachuu ni danda'u. Seera cabsuu ni danda'u. Yaada siyaasaa fi feedhii mataa isaanii tarkaanfachiisuu; logii raawwachuu ni danda'u. Malaammaltummaan murtii isaanii irratti dhiibbaa akka godhu hayyamu ni danda'u. Hojii isaanii si'oominaan hojjachuu dhabuu ni danda'u. Walumaagalatti abbootiin seeraa hojii isaanii bu'uura seeraatiin hojjachu dhabu ni danda'u. Kanaaf, gaaffiin abbootiin seeraa akkamitti hojii isaanii bu'uura seeraatiin akka hojjatan

---

[155] Burbank, "What Do We Mean by Judicial Independence?" p. 326–28.
[156] ENCJ Project 2013-2014 Independence and Accountability of the Judiciary–adopted Rome 13 June 2014
[157] Rogelio Perez-Perdomo, Independence and Accountability: Issue of Pwer and Control (Comprehensive Legal and Judicial Development: Toward an Agenda for a Justice) (edited by Rudolf V. Van Puymbroeck), P.208.
[158] Rogelio Perez-Perdomo, Independence and Accountability: Issue of Pwer and Control (Comprehensive Legal and Judicial Development: Toward an Agenda for a Justice) (edited by Rudolf V. Van Puymbroeck), P.209.

godhuun dandayama jedhuuf itti gaafatamummaan abbaa seerummaa jiraachuun dhimma murteessaadha.

Amallii hojii abbaa seerummaa haaqummaa; madaalummaa; fayyaalumaa fi miira tajaajiltummaa uummataa kan gaafatuudha. Abbootiin seeraa hojii abbaa seerummaa isaanii irratti amala kana akka goonfatan sirnii taasissuu dandayuu jiraachu qaba. Yoo kun jiraachuu baatee garuu, abbootiin seeraa faallaa kanaa ta'u ni danda'u. Manneen murtiis akka waajjiraatii hojiiwwan isaanii haala bu'aa qabeessaafi si'oomina qabuun raawwachuu dhiisuu ni danda'u. Bulchiinsi manneen murtii gahumsa hinqabne jiraachuu isaa fi hojjimaatni badaan manneen murtii keessaa jiru qulqullina haqaa miidhu ni danda'a. Qabeenyaa fi qarshii uummataa qisaasaaf saaxilu ni danda'a. kanaaf, deebii ta'uu kan danda'u itti gaafatamummaa abbaa seerummaa akka dhaabbataatti fi dhuunfaatti jiraachuudha. Kun hin jiru yoo ta'e garuu aangoon abbaa seerummaa daangaa kan hin qabne ta'uu agarsiisa. Haa ta'u malee abbaa seeraa itti gaafatamaa taasisuu fi to'achuu jidduu garaagarummaa jiru hubachuun murteessaadha.

Abbaa seeraa to'achuu (control) yeroo jedhamu duuchaadhumatti muudama fi guddina abbaa seeraa waliin kan walqabatu yommuu ta'u. Itti gaafatamummaan abbaa seerummaa ammo kallatti gocha abbaa seeraan seeraan ala ta'e raawwachuu waliin ykn dirqama irraa eegamu bahuu dhabuu jedhuun ilaalamuu danda'a. Qabatamaan yoo ilaalamu, yaadota kana lamaan adda baasuun rakkisaa ta'uu danda'a. sababiin isaas qabatamaan kan walqabatee jiru waan ta'eef. Sababiin isaas, ta'annoon abbaa seerummaa irratti taasifamu gamtokkoon akka itti gaafatamummaatti ilaalamuu danda'a waan ta'eefi.[159]

Gaaffii Marii

1. Itti gaafatamummaa abbaa seerummaa fi abbaa seeraa to'achuu (judicial accountability and control) jidduu garaagarummaan jiru maalii? Dhiibbaa inni bilisummaa abbaa seerummaa irratti fidu maalii?

[159] Rogelio Perez-Perdomo, Independence and Accountability: Issue of Pwer and Control (Comprehensive Legal and Judicial Development: Toward an Agenda for a Justice) (edited by Rudolf V. Van Puymbroeck), P.2011.

2. Karaa itti itti gaafatamummaa fi to'annoon abbaa seeraa geggeeffamuu danda'u yaadota lamaanuufiyuu adda baasuun irratti mari'adhaa.

2.3. Abbaan Seeraa Eenyuuf Itti Gaafatama

Itti gaafatamummaa abbaa seeraa ilaalchisee wantoonni dursa akka qajeeltootti fudhatamuu qabu itti gaafatamummaan dirqama abbaa seerummaa bahu waliin kan walmadaale ta'uu akka qabudha.[160] Dabalees, sirni itti gaafatamummaa diriiree jiru abbaan seeraa badii akkamii yoo raawwate akka itti gaafatamu ifaan beekamuu danda'uu qaba. Itti fufuun, abbaan seeraa adeemsa akkamii keessa darbuun itti gaafatamaa ta'uu akka danda'u seerri fi adeemsi beekamaanii fi ifaan jiraachuu danda'uu qaba. Dhuma irratti, itti gaafatamummaa abbaa seerummaa ilaalchisee dhimmi xiyyeeffannoo argachuu qabu, abbaan seeraa wantoota sassalphaa fi sirrachuu danda'aniif hunda itti gaafatamaa ta'uu akka hin qabnee fi qaamni abbaan seeraa dhuunfaatti ittis ta'e akka mana murtiitti itti gaafatamaa taasisuu danda'u beekamaa ta'uu qaba.[161]

Itti gaafatamummaa abbaa seerummaa ilaalchisee gaaffiin abbaan seeraa eenyuuf itti gaafatamuu qaba jedhu xiyyeeffannoo addaan ilaalamuu qaba. Sababiin isaas, qaamni abbaan seeraa itti waamamuuf ykn itti gaafatamaa ta'u kun kallattiinabbaa seeraa irraan dhiibbaa geessisuuf qaama aangoo qabaatu waan ta'eef. Kanaaf, abbaan seeraa sababa itti gaafatamummaan kan ka'e sodaan itti uumamuu akkaataa hin qabneen ta'u akka qabu barreeffamoonni ni kaasu.[162] Itti gaafatamummaa abbaa seerummaa karaa garaa garaan ta'uu danda'a. Isaanis, itti gaafatamummaa[163] keessaa fi itti gaafatamummaa alaa jechuun qooduu ni danda'ama. Itti gaafatamummaan keessaa manneen murtii fi abbootiin seeraa itti gaafatamummaa seeraa fi manuma murtii keessatti qaama dhimmii ilaallatuuf itti gaafatamummaa qaban wajjiin kan walqabateedha. Walumaa galatti moodeliin itti gaafatamummaa abbaa seerummaa gurguddoon

[160] José Zeitune, *International Principles on the Independence and Accountability of Judges, Lawyers and Prosecutors*, p.55.
[161] José Zeitune, p.57. also Principle 19 of the UN Basic Principles, which states that "All disciplinary, suspension or removal proceedings shall be determined in accordance with established standards of judicial conduct". Operative paragraph 27 of the Beijing Principles is identical.
[162] David Pimentel, "BALANCING Judicial Independence and Accountability IN A TRANSITIONAL STATE: The Case of Thailand" 33 (n.d.): p.165.
[163] Ibid.

afur akka jiru barreessitoonni ni kaasu,[164] isaanis itti gaafatamummaa kunis bilisummaa dhaabbataa manni murti waliin kan walqabatudha. Boqonnaa tokkoffaa keessattis akkuma kaafame itti gaafatamummaa abbaan seeraa bulchiinsa isaa dhuunfatee kan bulchatu yoo ta'e dhufuu danda'u, kan mana murti waliigalaa yoo ta'e dhufuu danda'uu, seera raawwachiifutuuf yoo ta'e dhuufuu danda'uu fi waliin yoo ta'e dhufuu danda'u adda baasuun ilaaluun barbaachisaadha. Kun itti gaafatamummaa oliyyannoo, itti gaafatamummaa bulchiinsaa, itti gaafatamummaa naamusaafaa of keessatti haammatamuu danda'a.

Itti gaafatamummaa seeraas yammuu jennu abbootiin seeraa dhimmoota isaaniif dhiyaatan bu'uura seeraatin murtii kennuuf dirqama qaban kan ibsuudha. Abbootiin seeraa murtii abbaa seerummaa yammuu kennan seeroota rogummaa qaban moogaati dhiisuu hin qaban. Akkasumas, abbootiin seeraa hojii abbaa seerummaa haala iftooma qabuun dirqama raawwachuu qabu. Adeemsi kenniinsa murtii abbaa seerummaas ragaa fi bu'uura seeroota deemmii irratti kan hundaa'e ta'u qaba. Sirna adeemsa abbaa seerummaa keessatti jalqabaa hanga dhummaatti garee walfalmitootaa walqixxummaadhaan ykn ija tokkoon keessuumaa'u qabu. Dabalataaniis abbootiin seeraa dhimmoota yakkaa ilaachisee mirgootni himatamoota heeraa fi seera deemmiin beekumtii fi eegmsii godhameef akka hin sarbamne dirqama kabachisuu fi eeguu qabu. Bu'uura seeroota hundee (substantive) fi seeroota deemmiitiin hojjachuu dhabuun itti gaafatamummaa hordofsiisa.

Abbootiin seeraa sadarkaa manneen murtii olitti argaman murtii mana murtii sadarkaa jalaa ol'iyyannoodhaan haquu (diigu) ni danda'u. Akkuma haala isaatii badiin raawwatamu abbootiin seeraa kanarratti tarkaanifii naamuusaa hordofsiisu ni dandaya. Kunis fakkeenya itti gaafatamummaa keessatti. Karaa biraatiin itti gaafatamummaan ala abbootiin seeraa fi manneen murtii hojii abbaa seerummaa fi bulchiinsaa ykn gocha raawwatanif qaamolee siyaasaa mootummaaf; uuummataaf; dhaabbilee sab-qunnamtii fi qaamolee birootiif itti gaafatamummaa qaban kan ilaallatuudha. Abbootiin seeraa fi manneen murtii qaamoolee adda addaatiif itti-gaafatamaa ta'u ni danda'u. Hundeen itti gaafatamummaa garuu, adda addaa ta'u ni dandaya. Kana irratti hundaa'udhaan barreesitoonni gosoota itti gaafatamummaa abbaa seerummaa bifoota

[164] Shetreet, "Developments in Constitutional Law," p.388. S. Shetreet. Judicial Independence: New Conceptual Dimensions and Contemporary Challenges. – Judicial independence: the contemporary debate. S. Shetreet, J. Deschênes (eds.). Dordrecht: Kluwer Law International 1985, p. 644.

adda addaatiin qoodu. Fakkeenyaaf Mooroo Kaapiiliitii itti gaafatamummaa abbaa seerummaa moodeelota sadiitti qoodu.[165] Jalqaba irratti 'repressive/ Dependecy/ model' kan jedhamu yommuu ta'u, bu'uura kanaan itti gaafatamummaan manneen murtii fi abbaan seeraa qaamolee mootummaa lameens seera tumtuu fi raawwachiistuuf akka ta'eetti ni ka'a. lammffaa irratti 'corporative autonomous/ serparateness model' kan jedhu, bu'uura moodela kanaantiin aangoon abbootii seeraa manneen murtii bulchuu fi to'achuun manneen murtii mataa isaaniif kan dhiifamedha. Manneen murtiis of danda'uun dhiibbaa qaama kamiyyuu malee of bulchu jechuudha. Sadaffaa irratti, moodelli jiru 'responsive (consumer oriented) model kan jedhamu yommuu ta'u, bu'uura moodela kanaan, itti gaafatamummaan manneen murtii fi abbootii seeraa manneen murtii, qaamolee siyaasaa mootummaa fi kutaalee hawwaasaa biro irraa qaama walitti babbahee fi gurmaa'eefidha. Akka Mooroo Kaapiiliiteeti bilisummaa abbaa seerummaa fi itti gaafatamummaan abbaa seerummaa madaalii isaanii eegatani akka deeman gochuuf moodeeliin sadaffaan kun moodeeloota isaan kaan caala filatamaadha jedhu.

Waandil El Girrifen barreessaan jedhamu immoo gama isaatiin gosoota itti gaafatamummaa abbaa seerummaa bakka saditti qoodu. Isaaniis: Itti gaafatamummaa siyaasaa (*political accountability*), Itti gaafatamummaa murtii *(decisional accountability)* fi Itti gaafatamummaa naamusaa *(behavioral accountability*) dha. Akka Girrifeniitti itti gaafatamummaan siyaasaa: fo'aannoo; wabii bara hojii fi akkasumasa aangoo abbaa seerummaa ilaalchisee abbootiin seeraa itti gaafatamummaa qaamoolee siyaasaatiif qaban kan ilaallatuudha. Karaa biraatiin itti gaafatamummaa murtii immoo abbootiin seeraa murtii fi ajaja kennaniif haala itti gaafataman kan ilaallatuudha. Itti gaafatamummaan naamusaa immoo naamusa abbaa seerummaa himanaa naamusaatiif bu'uura ta'e waliin kan walqabateedha.[166]

Proofeessar Shiimmoon Sheetiritti ammo gama isaanitiin itti gaafatamummaa abbaa seerummaa bakka sadiitti qoodu. Isaaniis: Itti gaafatamummaa seeraa (*Legal accountability)*, Itti gaafatamummaa uummataa *(Public accountability)* fi To'annaa hawaasummaa fi al-iddilee

[165] M. Cappelletti, "Who Watches the Watchmen?" (1983) 31, S. Shetreet, "Judicial Accountability: A Comparative Analysis of the Models and the Recent Trends" (1986)11

[166] Alamaayyoo Taganee, Bilisummaa Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa (Moojulii Leenjii Hojiin Duraaf Kan Qopha'e) ILQSO, 2001, fuula 43-45.

(*Informal and social controls*) dha. Akka Sheetirittiti itti gaafatamummaan seeraa hordofi abbootii seeraa irratti godhamu; sirna ol'iyyannoo fi itti gaafatamummaa hariiroo hawaasaa fi yakkaa kan hammatuudha. Itti gaafatamummaan uummataa immoo seera tumtuu, seera raawwachiftuu, dhaabbilee sab-qunnamtii fi gareewwan birootiin to'aanoo abbootii seeraa irratti godhamu kan ilaallatuduha. To'annaa hawaasummaa fi al-iddilee ammo abbootii seeraa waliin hojjatani fi oggeessoota seeraa, itti gaafatamtoota manneen murtiitiin gorsa kennamufi to'annaa godhamu kan ilaallatuudha.[167]

Itti gaafatamummaa abbaa seeraa keessatti qabxiin guddaan abbaan seeraa eenyuuf itti gaafatama jedhu yeroo deebifnutti ilaalluu qabnu jiru. Sababiin isaas qaamni abbaan seeraa itti gaafatamamuuf kun aangoo abbaa seeraa kana hojii irraa buusuu kan qabu waan ta'eef, bilisummaa abbaa seeraa irraan dhiibbaa geessisuu kan danda'u ta'uun isaa dagatamuu hin qabu. Sababiin isaa sodaan itti gaafatamummaa dhuufuu danda'u irraan kan ka'e abbaan seeraa murtee qaamoleen abbaa seeraa itti gaafatamaa taasisuu danda'an biratti hin jaallatamne kennuuf sodaa itti uumuu danda'a waan ta'eef. Kanaaf, itti gaafatamummaa fi bilisummaa akkamitti waliin madaalchisuu dandeenya kan jedhu dhimma xiyyeeffannoo guddaan ilaalamuu qabudha. Kana ilaalchisee, qabxiilee armaan gaditti kaa'an tilmaama keessa galchuun sirni itti gaafatamummaa ijaaraamuu akka qabu barreeffamoonni ni kaasu.

2.3.1. Itti Gaafatamummaa Abbaa Seerummaa Manuma Murtii keessatti akka Ta'u Taasisuu (Administering Judicial Discipline Within the Judiciary)

Gaaffiin guddaan asitti ka'u eenyuutu abbaa seeraa akka to'atuuf amanama kan jedhudha. Sababiin isaas, namni kun abbaa seeraa irraan dhiibbaa geessisuu kan danda'u waan ta'eef. Deebiin salphaan gaaffii kanaaf kennamu qaamni aangoon kun kennamuuf qaama ajandaa siyaasaa qabu ta'uu akka hin qabnedha. Kanaaf, qaamni abbaa seerummaa itti gaafatamaa taasisuu danda'u sadarkaa jalqabaatti manuma murti keessatti ta'uu akka qabu barreeffamoonni ni kaasu.[168] Manni

[167] Alamaayyoo Taganee, Bilisummaa Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa (Moojulii Leenjii Hojiin Duraaf Kan Qopha'e) ILQSO, 2001, fuula 44-45. Shetreet, "Developments in Constitutional Law," p.388. S. Shetreet. Judicial Independence: New Conceptual Dimensions and Contemporary Challenges. – Judicial independence: the contemporary debate. S. Shetreet, J. Deschênes (eds.). Dordrecht: Kluwer Law International 1985, p. 644.

[168] David Pimentel, "Balancing Judicial Independence and Accountability in a Transitional State: The Case of Thailand" Vol. 33:155 (2016): p.165, https://escholarship.org/uc/item/6gr416nk.

murtii qaama siyaasaa miti waan ta'eef itti gaafatamummaa naamusaa fi sadarkaa jalqabaatti abbaa seerummaa waliin walqabatanii jiran siyaasa irraa fageessuun barbaachisaa ta'a.

2.3.2. Itti Gaafatamummaa Abbaa Seerummaa Hawwaasa Ballaa Irraa Bilisa Taasisuu (Keeping Judicial Discipline Away from Majoritarian Politics)

Manni murtii hawaasaaf itti gaafatamummaa qabu yaadni jedhamu akkuma jirutti ta'ee, itti gaafatamummaan akkasii itti gaafatamummaa maaliitti inni jedhu dhimma adda bahee ilaalamuu qabudha. Haa ta'u malee, yaaddamni kun kallattiin manni murtii dhiibbaa sagalee caalmaa uummataa jalatti akka inni kufu kan taasisu ta'a. Kun ammoo kallattiin manni murtii dirqama heeraan itti kenname akka hin baane taasisuu kan danda'u waan ta'eef of eeggatamuu qaba. Sababiin isaas manni murti dirqama sagalee xiqqaa (minority) ta'an eegsisuu bahuuf rakkachuu danda'a waan ta'eef. Manni murti qaamolee sagalee xiqqaa ta'aniif eegumsa heeraan kennameefii jiru kennuufii danda'uu qaba, manni murtii jijjiirama qileensaa siyaasa keessatti sagalee caalmaa waliin walqabatee dhufu duukaa yeroo hundumaa ilaalchi isaa gaggeeddaramuu hin qabu.[169]

2.3.3. Qaama Addaa Mana Murtii Keessatti Hundeessuu (Establishing a Special Disciplinary Body Within the Judiciary)

Akkuma olitti ka'e sirni to'annoo ykn itti gaafatamummaa abbaa seeraaf ba'eessa ta'u, sirna keessoo mana murtiitti dirire akka ta'edha. Kanaafis, gumii, ykn koree abbootii seeraa mataa isaaniin hundaa'een itti gaafatamummaan akka hojiirra oolu taasisuun filannoo jalqabaa fi adeemsichi dhiibbaa siyaasaa fi hawwaasa ballaa irraa bilisa akka ta'u taasisaa. Akkanatti sirna itti gaafatamummaa ijaaruun qajeeltoo bilisummaa dhaabbataa mana murti waliin kan adeemuuf carraa qaamni alaa adeemsa kana gargaaramuun bilisummaa abbaa seeraa irraan dhiibbaa geessisuu danda'u kan hanqisu ta'a.[170] Qabxiin akka sodaatti ka'u biroon, qaamni kun miseensota akkamii qabaata kan jedhudha. Sababiin isaas, bilisummaan abbaa seerummaa kan eegamuu danda'u gumiin ykn koreen kun irra jireessaan miseensonni isaanii abbaa seeraa yoo ta'anidha.[171]

---

[169] David Pimentel, p.67. David Pimentel, Judicial Independence at the Crossroads: Grappling with Ideology and History in the New Nepali Constitution, 21 Ind. Int'l & Comp. L. Rev. 207, 220–21 (2011).

[170] David Pimentel, p.169.

[171] David Pimentel, Constitutional Concepts for the Rule of Law: A Vision for the Post-Monarchy Judiciary in Nepal, 9 Wash. U. Glob. Stud. L. Rev. 283, 293–94 (2010)

Yaadni kunis sadarkaa idila addunyaatti yaada fudhatama argatedha.[172] Itti dabaluunis, harki caalaan miseensota gumii ykn koree kanaa mana murtii keessaa ta'uu qaba. Gumiin ykn koreen kun miseensonni isaa bakka bu'oota abbootii seeraa ta'uu qabu ykn adeemsi filannoo isaanii kan beekamee fi abbootii seeraa hirmaachise ta'uu qaba.

2.3.4. Itti Gaafatamummaan Maaliif?

Qabxiin kun moojulii naamusa abbaa seerummaa jedhu jalatti ballinaan kan ilaalamu yoo ta'es, addanatti itti gaafatamummaan maaliif gaaffiin jedhu dhimma ilaalamuu qabudha. Sababiin isaa, dhimmoonni falmisiisoo ta'anii fi dantaa abbootii siyaasaa qaban abbaa seeraa bira yeroo dhufutti sodaa itti gaafatamummaan kan ka'e abbaan seeraa hojii isaa hojjechuu dhiisuu danda'a waan ta'eef. Kanaaf, adeemsi itti gaafatamummaa fi qabxiileen itti gaafatamummaa fiduu danda'an dursamee kan seeraan beekame ta'uu qaba. Kunis abbaan seeraa himannaa siyaasaan guutame irraa akka bilisoomuuf gumaacha guddaa taphata waan ta'eef. Kana hambisuuf, qabxiileen itti gaafatamummaaf sababa ta'uu danda'an dursanii beekamuu fi abbaan seeraas hojii idilee isaa keessatti isaan kana tilmaamee hojjechuu akka danda'u taasifamuu qaba.

2.4. Sirna heeraa Mootummaa RDFI fi itti gaafatamummaa abbaa seerummaa

Aangoon abbaa seerummaa akka aangoo mootummaa tokkootti maddi isaa uummata irratti. Kanaaf, HMFDRI keessatti qajeeltoowwan bu'uuraa heeraa hammataman keessaa tokko itti gaafatamummaa jechuun tuamame.[173] Itti gaafatamummaan qajeeltoo heeraa qaamoolee mootummaa sadeenu irratti raawwatiinsa qabudha. Sirna diimokraasii keessatti aangoon kamiyyuu daangaa qaba. Kunis kan mirkanaa'u sirna walto'achuu fi itti gaafatamummaa qaamolee mootummaa jidduutti diriirsuunidha. Sirna diimokiraasii ijaaruu keessatti gahee abbaan seeraa bilisa ta'e qabu boqonnaa tokkoo keessatti ilaalleerra. Haa ta'u malee, aangoon abbaa seeraa kun daangaa fi to'annoo kan hin qabne yoo ta'e kallattiin sirna diimokraasiif soda ta'a. kallattiin abbaan seeraa fi manni murtii itti gaafatamummaa hin qabne sirna diimokraasiif yaaddoodha. Kanaaf,

---

[172] Universal Charter of the Judge, Int'l Ass'n of Judges art. 11 (Nov. 17, 1999), http://www.iaj-uim.org/universal-charter-of-the-judges/ [https://perma.cc/59AG-L22C]. The Charter has been approved by the member associations of the International Association of Judges and was unanimously approved by the delegates attending the meeting of the Central Council of the International Association of Judges in Taipei, Taiwan on November 17, 1999. Id. at pmbl.

[173] CONSTITUTION OF THE FEDERAL DEMOCRATIC REPUBLIC OF ETHIOPIA, kwt. 12.

akkuma armaan dura tuqameetti manneen murtii ergama heeraan qaban bahuudhaf bilisa ta'u qofa otoo hintaane itti gaafatamummaa qabaachuu qabu.

Bilisummaa fi itti gaafatamummaan akkamitti walii wajjin adeemsifamuu qaba kan jedhu gaaffii deebi'uu maludha. Haa ta'u malee, bilisummaa fi itti gaafatamummaan gargar bahee ilaalamuu hin qabu. Sababiin isaa bilisummaan itti gaafatamummaa hin qabnee fi daangaa isaa hin beekamne olaantummaa seeraa kabachiisuu hin danda'u waan ta'eef. Heera Federaalaa fi naannoo irratti hundaa'uun seeroota bahaan keessatti tummaaleen bilisummaa abbaa seerummaa ilaallatan hundii isaanii kallattiidhaaniis ta'e al-kallattiidhaan qabiyyee ykn bifa itti gaafatamummaa abbaa seerummaa agarsiisuun kan kaa'amanidha. Bilisummaan abbaa seeraaf kennamee jiru kan daangaa hin qabne ykn itti gaafatamummaa hin hordofsiifne miti jechuudha. Kanaaf, heeraa fi seeraan bilisummaa abbaa seerummaa mirkaneessuuf sirnoonni diriirfaman hundinuu itti gaafatamummaa abbaa seerummaa kan ilaalatan akka ta'e hubatamu qaba.

Itti gaafatamummaa abbaa seerummaa kallattii garaagaraan ta'uu danda'a. Isaanis; itti gaafatamummaa uummataa, seera baaftuuf, itti gaafatamummaa naamusaa, itti gaafatamummaa yakkaa, itti gaafatamummaa keessaa fi kkf jechuun tarreessuun ni dandaa'ama. Haa ta'u malee isaan kana hunda walitti fiduun itti gaafatamummaa uummataa, itti gaafatamummaa seeraa fi to'annaa hawaasuumaa fi al-iddilee jechuudhaan qoodne ilaaluu ni dandeenya. Akkuma armaan dura tuqametti itti gaafatamummaan uummata abbootiin seeraa fi manneen murtii qaamoolee mootummaa biroo fi dhaabbilee sab-qunnamatiif itti gaafatamummaa qaban; itti gaafatamummaan seeraa immoo sirna ol'iyyannoo, itti gaafatamummaa yakkaa fi naamusaa kan ilaallatuudha. Kutaa kanaan kana ilaaluu abbootiin seeraa fi manneen murtii seera tumtuuf itti gaafatamummaa qaban; itti gaafatamummaa yakkaa fi naamusaa qofa ta'a. Isaan hafan ammoo qabxii mariifi qajeeltoowwan bu'uuraa iftooma waliin kan ilaaluu ta'a.[174]

2.4.1. Itti Gaafatamummaa Seera Baaftuu

Manni murti dhaabbilee uummataa keessaa tokko. Kanaaf, uummataaf itti gaafatamummaa qabaachuu dirqama ta'a. Haa ta'u malee, akkuma olitti kaafame itti gaafatamummaan uummataa kallattiin dhimma raawwatu yoo ta'e bilisummaa mana murti irraa dhiibbaa geessisuu kan danda'u

[174] Burbank, "Judicial Independence, Judicial Accountability and Interbranch Relations," p.913.

waan ta’eef karaa bakka bu’oota isaanii raawwatamuun dirqama ta’a. Manni Murtii Waliigala Federaalaa fi manneen murtii naannoolee sadarkaa sadeen irratti argaman kallatiidhaan heeraan kan dhaabbatanidha. Dirqamni manneen murti heeran kennameefii jirus seeraa hiikuun hojiirra oolchuudha. Aangoodhuma mana murtiif kenname irraa ka’uun daangaan aangoo isaanii seeraan kan daangeffame ta’uu hubachuun ni dndaa’ama. Kun kallattiin itti gaafatamummaa manni murti seerichaaf qabu kan agarsiisudha.

HMFDRI kwt. 8 jalattii tumamee akkuma jiru walabummaan kan uummataa ta’uudha. Kana jechuun abbaan taayitummaa kan uummataati jechuudha. Manni murtiis heerichaan kan hudeeffame seericha hiikuun mirgaa fi fedhii uummataa heerichaan beekamtii argatan mirkaneessuudha. Kana hojjechaa jiraachuu isaanii to’achuuf uummanni mirga ni qaba. Kunis kan raawwatamu karaa seera baaftuu ta’a jechuudha. Gabaabinaan, aangoon abbaa seerummaa abbootii seeraa manneen murtii keessa hojjatani aangoo uummataatti. Kanaafuu, abbootiin seeraa fi manneen murtii hojii raawwatan hundaaf uummataaf itti gaafatamummaa qabu jechuudha. Uummanni aangoo abbaa taayitummaa karaan hojii irra ittiin olfatuu inni tokko bakka bu’oota isaatiini. Kanaafuu, abbootiin seeraa fi manneen murtii kallatiidhaan uummataaf itti gaafatamummaa qabu jechuun, manni murti seera baaftuuf itti gaafatama jechuudha.

Karaa ittiin itti gaafatamummaan mana murti seera baaftuuf hojiira oolus; Pirezidaantoota fi abbootii seeraa muuduu fi hojiiraa yeroo geggeeffamanitti mirkaneessuun. Adeemsii muudamaa fi hojii irraa gaggeessuu abbootii seeraa manneen murtii Federaalaa fi naannoo kan biroos kan agarsiisuu abbaan seeraa mana murtii Federaalaa tokkon tokkoon isaa Mana Mare Bakka Bu’ootaa Federaalaatiif, abbaan seeraa mana murtii naannoo immoo mana mare naannootiif itti gaafatamummaa akka qabu kan mirkaneessuudha. Kanaafuu, Manni Maree Bakka Bu’ootaa naamusa abbootii seeraa manneen murtii Fedeeraalaa manni mare naannoolee immoo naamusa abbootii seeraa naannoolee isaanii ni to’atu jechuudha. Pireezidaantiin Mana Murtii Waliigalaa Fedeeraalaa Mana Mare Bakka Bu’ootaa fi pireezidaantooni mana murtii waliigalaa naannoo immoo manneen mare naannoo isaanitiif gabaasa raawwii hojii manneen murtii dhiyeessuu dirqama qabu. Qaamni seeraa tumuu gabaasa dhiyaatu irratti hundaa’uudhaan sochii hojii manneen murtii ni qorata. Sirreefama fi tarkaafiwwaan barbaachiisaa ni fudhata ykn akka fudhatamu ni godhu. Kun itti gaafatamummaa manneen murtii mirkaneessuuf sirna diriiree isa

birootti.[175] Baajata manneen murtii kan mirkaneesu qaama seera tumuudha. Kun immoo Manni Maree Bakka Bu'ootaa manni murtii Fedeeraalaa manneen mare naannoo immoo manneen murtii naannoo isaanii bu'uura karoora isaaniitiin raawwachuu isaanii to'achuuf carraa ni kennaaf.[176] Kun qajeeltoo qoqqooddii aangoo keessatti qaamoleen mootummaa walto'achuuf dirqama qaban akkamitti bahuu kan jedhu keessaa seera baaftuun manneen murtii irratti aangoo to'annoo isaan qaban kan agarsiisudha.

Itti gaafatamummaan abbootii seeraa fi manneen murti kraa biraatiif itti gaafatamummaan isaan seeraaf qaban alkallattiin seera baaftuuf itti gaafatamummaa qaban kan agarsiisudha. Sababiin isaas, manni murti hojii isaa hojjechuu kan qabu bu'uura seeraa fi ragaalee isaaf dhihaataniin ta'uu akka qabu ilaallee jirra. Seera kana ammo kan baasu seera baaftuudha. Sirna seeraa warra ardii awuuroopaa keessatti aangoo mana murti aangoo seera hiikuudha malee seera baasuu waan hin qabneef dirqama seerota seera baaftuun bahan hundaan bitamuu qaba jechuudha. Haala kanaan qaamni seera tumu seeroota aangoo manneen murtii ilaalatan jijjiirudhaan ykn haquudhaan sochii hojii manneen murtii to'achuu ni danda'u. Manni murtiis seerota seera baaftuun bahan kabajuun hojiirra oolchuuf dirqama qaba. Heerummaa isaanii akka ilaalamu taasisuun akkuma jirutti ta'ee.

2.4.2. Itti gaafatamummaa Yakkaa

Olaantummaa seeraa jedhamee yeroo ibsamu kan ittiin beekamu inni guddaan namni kamiyyuu seeraa gadi ta'uudhaanidha. Haaluma kanaan manni murti ykn abbaan seeraa bilisummaa qaba jechuun abbaan seeraa seeraa oli jechuu miti. Bilisummaan abbaa seerummaa, abbootii seeraa itti gaafatamummaa yakkaa jalaa akka bilisa ta'aniif kan kenname miti. Abbaan seeraa tokko seera yakkaa darbee yoo argame akkuma nama kamiyyu himatamuun seeraan itti gaafatamaa ta'uu danda'a. Adeemsi qorannoo fi to'annoo isaa haala addaan seeraan kan tumame yoo ta'eyyuu. Bu'uura seera yakkaatiin abbootiin seeraa hojjataa mootummaa waan ta'aanif seerri yakkaa keewwata 402 fi tumaaleen itti aanaan isaan irratti raawwatiisa ni qabu. Seera kabajuu ilaalchisee abbootiin seeraa hawaasa keessatti adda duree ykn fakkeenya gaarii ta'uun isaan irraa eegama. Abbootiin seeraa aangoo isaanii seera malee ykn sirnaan ala fayyadamu hin qaban. Abbootiin

[175] Constitution Of The Federal Democratic Republic Of Ethiopia; Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lakk. 46/1994; A Proclamation To Redefine The Structure, Powers And Functions Of The Oromia Regional State Courts Proclamation No. 216/2018; "Federal Courts' Proclamation," Proclamation No. 25/1996 § (N.D.).
[176] CONSTITUTION OF THE FEDERAL DEMOCRATIC REPUBLIC OF ETHIOPIA, p. art. 79 (4 & 5).

seeraa tajaajiltoota uummataa malee tajaajilamoo miti.[177] Aangoo abbaa seerummaa uummata tajaajiluuf fayyadamu qabu malee feedhii fi faayidaa dhuunfaa ittin tarkaafachiisuuf fayyadamu akka hin qabne seekoondii tokkoof ilee dhagachuu hinqaban. Abbootiin seeraa kana dhagachuudhaan haqa faayidaaleedhaan gurguuru fi jijjirudhaan kabaja hojii abbaa seerummaa salphisan hojii irraa gaggeeffamuu qofa otoo hin taane akkaataa seeraatiin yakkaan gaafatamu qabu.[178]

Kanaaf abbaan seeraa akkuma namoota kamiiyyuu itti gaaftamummaa yakkaa ni qabaata jechuudha. Haa ta'u malee, abbaan seeraa adeemsi ittiin qabamuu fi himatamuu danda'u kan namoota idilee irraa adda. Abbaan Seeraa yakka cimaa osoo raawwatuu harkaa fi harkatti yoo qabame malee, hayyama Gumiitiin ala hin qabamu; yakkaanis hin himatamu; hin hidhamus kan jedhu Naannoo Oromiyaatti tumamee jira.[179] Kana jechuun, abbaan seeraa hin himatamu ykn hin qabamu jechuu osoo hin taane adeemsi inni ittiin qabamuu danda'u yakka cimaa harkaa fi harkaatti osoo raawwatuu yoo ta'e qofa qabamuu akka danda'u haalduree kaa'uudha. Asitti akka gaaffiitti ka'uu kan danda'u yakka cimaa jechuun maal jechuudha kan jedhudha kana ammoo mareen leenjii irratti kan gabbifamu ta'a. Haa ta'u malee, labsi kana keessatti yakka cimaa jechuun akkamitti murtaa'a kan jedhuuf karaa agarsiiseera. Gumiin cimina yakkichaa, haala raawwatiinsa isaa, miidhaa dhaqqabe yookiin dantaa hawaasa bal'aa duubaan jiru, yookiin dhiibbaa inni maqaa gaarii Mana Murtii irratti qabu madaaluudhaan hayyamuu akka danda'u kaa'ee jira.

Labsiin kun haala addaan aangoo Gumiif yakkoota addaadha jedhaman irratti kallattiin mirga hayyamuu kenneera. Bu'uuruma kanaanis, yakki Abbaan Seerichaa itti shakkame matta'aa fudhachuu, ajjeechaa yookiin gudeeddaa yoo ta'e, Gumiin Naannoo kallattiidhaan hayyamuu ni danda'a jechuun labsichi tumee jira. Kana irraa hubachuun kan dandaa'amu yakkoonni cimoodha jedhaman yakkoota akkamii akka ta'anidha.

---

[177] Alamaayyoo Taganee, Qajeeltoowwan Bu'uuraa Manneen Murtii Ittiin Qajeelfaman: Bilisummaa Abbaa Seerummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftooma, Moojulii Leenjii Hojii Irraaf kan qophaa'e (2001),

[178] Alamaayyoo Taganee, Qajeeltoowwan Bu'uuraa Manneen Murtii Ittiin Qajeelfaman: Bilisummaa Abbaa Seerummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftooma, Moojulii Leenjii Hojii Irraaf kan qophaa'e (2001),

[179] A Proclamation to Redefine the Structure, Powers and Functions of the Oromia Regional State Courts Proclamation No. 216/2018, kwt. 40.

2.4.3. Itti gaafatamummaa Naamusaa

Gochaalee aangoon olii ykn al seerummaa ta'an to'achuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, abbaan seeraan dirqama heeraan itti kenname bahu danda'uu qaba. Yoo dirqama isaa akkaataa hin malleen kan raawwatu ta'e bu'uura heeraan ka'amee jiruun akkuma abbootii aangoo mootummaa kamiiyyuu itti gaafatamuummaa kan qabu ta'uu isaa ilaallee jira. Gosoota itti gaafatamummaa dhufuu danda'u keessaa tokko itti gaafatamummaa naamusaati. Abbootiin seeraa seeraan ala hojjatan to'achuufi hordofudhaaf itti gaafatamummaan naamusaa meeshaa ol'aanaadha. Haa ta'u malee tarkaanfiin naamusaa fudhatamuu danda'u dambii naamusaatiin ykn dambiiwwaan manneen murtiitiin haa ifaa ta'een dursee kan beekame ta'uun barbaachisaadha.

Naannoo Oromiyaa keessatti abbaa seeraa fi muudamaa kamiyyuu ilaalchisee itti gaafatamummaa naamusaa jiruu fi sadarkaa naamusaa akkamii akka irraa barbaachisu labsii mana murti Oromiyaa irra deebi'anii hundeessuuf bahe keessatti ibsamee jira. Bu'uura kanaanis, abbaan seeraa fi muudamaan kamiyyuu hojii isaanii naamusa ol'aanaa fi ittigafatamummaa cimaadhaan raawwachuu akka qaban tumamee jira. Addanatti xiyyeeffatamee kan ilaalamuu qabu naamusa olaanaa fi itti gaafatamummaa cimaa kan jedhudha. Abbaan seeraa fi muudamaan koodii naamusaa fi duudhaa hojii abbaa seerummaa kabajanii hojjachuu fi socho'uuf dirqama qabu. Kanaan ala kan bahan yoo ta'e naamusaan kan itti gaafataman ta'uu fi koodii naamusaas Gumiin kan tumu ta'uu ibsamee jira.[180] Gadi fageenyaan waa'een danbii naamusaa waliin walqabatee qabxiileen jiran mata duree naamusa abbaa seerummaa jedhu jalatti kan ilaalamu ta'a. Abbaan seeraa tokko naamusa ogummaan abbaan seerummaa gaafatu yoo guutuu baatee ykn hir'isee ykn kabajuu baate qajeeltoon itti gaafatamummaa abbaa seerummaa tarkaafiin naamusaa akka abbaa seerichaa irratti fudhatamu ykn akka hojii irraa gaggeefamu gaafata.

Itti gaafatamummaa naamusaa hojii irra olchuuf dambiin naamusaa dhaddachaafi dhaddachaan alatti naamuusni abbaa seeraa maal ta'u akka qabu kan tarreesuufi gochawwan ykn amaloota himata naamusaatiif geessiisuu dandayan maal akka ta'an sirriti kan kaayuu ta'u qaba. Bu'aa barbaadamu fidudhaaf kun qofatti gahaa miti. Bu'aa barbaadamu fiduudhaaf sirni naamusaa dhaqaboo fi iftooma qabu jiraachu qaba. Sirna haala iyyannoon itti dhiyaatu fi yeroo hir'inni

[180] A Proclamation to Redefine the Structure, Powers and Functions of the Oromia Regional State Courts Proclamation No. 216/2018, kwt.34.

naamusaa raawwatamu sirreeffammaa fi tarkaanfii barbaachiisaa fudhachuu danda'u jiraachuu qaba. Bu'uura kanaan sirni diriiruu gareen abbaa seeraatiin dhiibbaan nara gahee jedhun iyyannoon isaa haala salphaa ta'en dhiyeeffachuu kan dandeessisuu ta'u qaba. Iftooma sirnichaa mirkaneessuuf sirni diriiruu inni iyyannoo dhiyeefatee bu'aa iyyannoo isaa akka beeku kan dandeessisuu ta'u qaba.[181]

Sirna abbaa seeraa itti gaafatamaa taasisu qofa osoo hin taane sirna naamusaa madaalawwaa, si'oominaa fi bu'aa qabeessa ta'e jiraachu qaba. Sababiin isaa, bilisummaan abbaa seerumaa haguuggii himannaa naamusaan miidhamuu hin qabu waan ta'eef. Adeemsichi ta'e jedhamee abbaa seeraa irraan dhiibbaa geessisuuf kan saxaxamee ta'uu hin qabu. Kanaaf, himanni naamusaa abbaa seeraa irratti dhiyaatu yeroo gabaabaa keessatti, karaa madaalawaa ta'en dhihaatee kan ilaalamu ta'uu qaba. Sirni naamusaa abbaan seeraa himanni irratti dhiyaate dhimma itti himatamee irratti deebii kennuufi mirga of-irraa ittisu kan sarbu ykn dhiiphisu ta'u hinqabu. (due process of the law) Sirnii diriiruu yaada badaa (bad faith) irraa ka'udhaan ta'e jedhamee abba seeraa irraan dhiibbaa geessissuuf kan diriire ta'uu hin qabu.

HMFDRI kwt. 79(4) (a) fi 81(6) jalatti sirna itti gaafatamummaa ilaalchisee diriire irraa ka'uun abbaan seeraa itti gaafatamummaa naamusaa qabu tilmaamuun ni dandaa'ama. Qajeeltoo heerichaa irraa hubachuun kan dandaa'amu aangoon abbaa seeraa naamusaan gaafachuu kan gumiiti. Kunis kallattiin bilisummaa abbaa seerummaa waliin akka ade Akkasumas, aangoon dambii naamusa abbootii seeraa baasuu kan gumii bulchiinsa abbootii seeraa akka ta'e ibsameera. Bu'uuruma kanaan naannoo fi federaalaatti dambiin naamusaa abbootii seeraa bahani hojii irra oolaa jiru. Dudhaaleen bu'uuraa dambii keessatti hammataman keessaa haqummaa, amanamummaa, iftooma, tajaajilummaa uummataa, garee kamiirayyuu bilisa ta'u fi seera kabajuun isaan muraassaadha. Dudhaaleen bu'uuraa kaniin abbaa seeraa kaminu kabajamu fi hojii irra ooluu kan qabanidha. Waa'ee dudhaalee bu'uuraa kanaa leenjiifamtooni leenjii mata duree naamusa ogummaa jedhuun fuula duratti kan baratan ta'a.

[181] Alamaayyoo Taganee, Qajeeltoowwan Bu'uuraa Manneen Murtii Ittiin Qajeelfaman: Bilisummaa Abbaa Seerummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftooma, Moojulii Leenjii Hojii Irraaf kan qophaa'e (2001),

2.4.4. Itti Gaafatamummaa Seera Raawwachiiftuuf

Kallattii itti gaafatamummaa manni murtii qabu keessaa tokko itti gaafatamummaa manni murtii seera baaftuu fi seera raawwachiiftuuf qabudha. Qoqqooddii aangoo keessatti mootummaa iddoo sadiitti qooduun kan barbaachiseef fqaamoleen mootummaa kun akka wal to'ataniif akka ta'e beekamaadha. Ykn qaamolee kanneen keessaa tokko aangoo hundumaa fudhachuun lammiilee irraan dhiibbaa hin malle akka hin geessifneefidha. Manni murtiis bilisummaa qaba yeroo jedhamu dirqama bilisummaan mana murtii itti gaafatamummaa waliin walmadaalee adeemuu qaba. Karaa itti kun mirkanaa'u keessaa tokko itti gaafatamummaa manni murtii qaamolee mootummaa lameen hafaniif qabu tokkodha. Kana jechuunis, seera baaftuu fi raawwachiiftuun mana murtii karaa irraa ce'ee jiru irratti olaantummaa seeraa akka raawwatuuf taasisuuf dirqama qabu jechuudha.[182]

Qabxiilee Marii

1. Itti gaafatamummaa mana murti ilaalchisee moodelota dhihaatan keessaa isa kamitu bilisummaa abbaa seerummaa eegsisuu danda'an isaan kami jettu? Maaliif?

2. Walitti hidhamiinsa bilisummaa abbaa seerummaa fi itti gaafatamummaa abbaa seerummaa maali? Barreessitoni baay'een bilisummaan abbaa seerummaa fi itti gaafatamummaan abbaa seerummaa: *"they are two side of the same coin"* jechuun ibsu. Erga kana jedhani booda garuu, inni murteessaan maddaallii qajeeltowwan kana jedhu jiraachuu qabu egudha jedhu. Bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbaa seerummaa jiddu maddaallii jiru akkamitti eeguu danda'amaa? (*How to strike a balance between judicial independence and judicial accountability?)* Fakkeenyaan deeggarudhaan ibsaa.

3. Itti gaafatamummaa abbaa seerummaa mirkaneessuuf sadarkaa Federaalaa fi naanoo Oromiyaati hammatni seeraa gahaa jiraa? Heera Mootummaa RFDI kew.12 jalatti qajeeltoon itti gaafatamummaa tumamee jiru manneen murtii keessatti raawwannaa qabu jettani yaadduu? Maaliif?

[182] Tinkham, "Applying a Rational Approach to Judicial Independence and Accountability on Contemporary Issues," p.1637.

4. Sirni ol'iyyannoo/ijibbaataa itti gaafatamummaa abbaa seerummaa mirkaneesuuf shoorii qabu akkamitti ibsama? Akka Oromiyaatii hoo maal fakkaata? Manni murtii Oromiyaa Mana Murtii Waliigala Fedeeraalaaf itti gaafatamummaa qabaa? Kun Labsii Fedeeraalaa Lakk. 454/2005 kew.2(1) *"interpretation of a law by the Federal Supreme Court rendered by the cassation division with not less than five judges shall be binding on federal as well as regional courts at all levels"* jedhu wajjiin akkamitti ilaalama*?* Akkasumas akka waliigalaatti tumaan kun bilisummaa abbaa seerummaa waliin akkamitti ilaalama? Keessaahuu bilisummaa keessaa waliini?

5. Abbootiin seeraa naannoo Oromiyaa heeroota fi seeroota Fedeeraalaa fi Oromiyaa itti gaafatamummaa qabu? Deebiin keessan eyyee yoo ta'ee, kallattii kanaan itti gaafatamummaan qaban maal akka ta'e fakkeenyaan deegaruun ibsaa.

6. Itti gaafatamummaa abbaa seerummaa, itti gaafatamummaa keessaa fi alaa jechuun ilaaluu akka dandayamu armaan olitti tuqameera. Manneen murtii Oromiyaa ilaalchisee itti gaafatamummaan keessaa maal akka fakkaatu ibsaa. Kana waliin walqabatee gahee Gumiin qabu kaasuun irratti mari'adha?

7. Itti gaafatamummaa naamusaa mirkaneessuuf haalawwan guutamu qaban maal akka ta'an tokko tokkoon ibsaa. Kallattii kanaan itti gaafatamummaa naamusaa gama mirkaneessuutiin qabiyyee fi raawwannaan dambii naamusa abbootii seeraa Oromiyaa akkamitti madaaltu? Muxannoon jiru maal fakkaata?

8. Bu'uura Labsii Lak. 216/2011tiin Pireezidaantii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa hojii manneen murtii naannichaa ilaalchisee gabaasa Caffeef akka dhiheessuu tumameera. Gabaasa dhiheessuun itti gaafatamummaa abbaa seerummaa haala akkamiin mirkaneessuun dandayama? Aanaan Mana Maree Aanaa, Mana Maree Bulchiinsaa Aanaafi Qaama Abbaa seerummaa Aanaa akka qabu Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kew.76 jalatti tumameera. Qaamni abbaa seerummaa aanaa mana murtii aanaa akka ta'e ifa. Mannii murtii aanaa mana Maree aanaaf itti gaafatamummaa qabaa? Fakkeenyaaf, mannii murtii aanaa mana maree aanaaf dirqama gabaasa dhiheessuu qabaa?

9. Itti gaafatamummaa naamusaa ilaalchisee tarkaanfileen rakkoowwan naamusaa manneen murtii keessa jiran hirrisuuf gargaaran maali jettu? Amantaa uummanni mana murtii irratti qabu dabaluuf gumaacha itti gaafatamummaan qabu waliin qabuun kaasuun irratti mari'adhaa.

Boqonnaa Sadii

3. Iftooma Abbaa Seerummaa

1. Seensa

Hojiin abbaa seerummaa bu'uuraan hojii iccitummaan isaa eegame akka ta'u dirqama. Haa ta'u malee itti gaafatamummaan dhufuu kan danda'u manni murtii fi abbaan seeraa maal hojjechaa akka jiru hawwaasni kan beeku yoo ta'edha. Kanaaf, itti gaafatamummaa mirkaneessuu keessatti shoorrii iftoomminni taphachuu danda'u guddaa ta'uu isaa hubachuun ni dandaa'ama. Ijaarsa sirna diimokraasii keessatti tokko kan hojiirra oolu iftoomina qaamolee mootummaadha. Bu'uura HMFDRI kwt. 12 (1) tiin hojiin mootummaa kamiyyuu iftoomina qabaachuu akka qabu tumamee jira. Manni murtiis qaamolee mootummaa sadeen keessaa gahee bahuu qabu ni jira. Gaheen kunis kallattiinis ta'e alkallattiin sirna dinagdee, siyaasaa fi hawwaasummaa biyyaa irratti dhiibbaa geessisu ni qaba. Kanaaf, sadarkaa bulchiinsaattis taa'e sadarkaa murtii kennuutti hojiin abbaa seerummaa fi mana murti iftoomina qabaachuun barbaachisaadha.

Iftoominni hojii abbaa seerummaa kallattiin kan ilaallatu manni murti maal hojjechaa jira kan jedhu beeksiisuu fi itti gaafatamummaa irra darbuun amantaa hawwaasni mana murti irraa qabu dabaluuf akka meeshaa guddaatti sirna gargaaruu danda'udha. Boqonnaa kana jalatti barbaachisummaa iftoomina hojii abbaa seerummaa irraa ka'uun, dhiibbaa iftoomina adhabuu itti gaafatamumma abbaa seerummaa, sirna haqaa, sirna siyaasaa fi diimokraasii biyya tokkoo irraa gahuu danda'u maal akka ta'e kan xiinxallu ta'a. Dhuma irratti iftoominaa fi bilisummaa hojii abbaa seerummaa akkamitti walmadaalchisuun akka dandaa'amuu yaadota kaasuun kan goolabamu ta'a.

Boqonnaa kana booddee leenjitoonni;

- Barbaachisummaa iftoomaa abbaa seerummaa fi qajeeltoon bu'uuraa kunis manneen murtiitti karaa hojii irra ittiin oolan ni tarreessu.
- Walitti dhufeenya itti gaafatamummaa fi iftoomina hojii abbaa seerummaa irratti hubannoo qaban ni cimsatuu.
- Qajeeltoowwan iftoomina haojii abbaa seerummaa HMFDRI fi HMNO keessatti haammatamanii jiran irratti hubannoo qaban ni cimsatu.

2. Maalummaa fi Hiikkoo Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa

Jalqaba irratti iftoomina (transparency) jechuun maal jechuudha kan jedhu kan jedhu ilaaluun barbaachisaadha. Sirna diimokraasii ijaaruu kessatti iftoominni qajeeltoo bu'uuraa akka ta'e barreeffamoonni ni kaasu.[183] Iftoomni qajeeltoo bu'uuraa itti gaafatamummaan ittiin ibsamu keessaa isa tokko waan ta'eef yeroo hedduu qajeeltoo bu'uuraa itti gaafatamummaa waliin kan deemu bu'uura qajeeltoowwan bu'uuraa sirna dimookiraatawaa isa birooti. Yaaddamni iftoomina jedhu adeemsa bulchiinsaa keessatti, bu'aa adeemsa bulchiinsaa ta'uu qaba. Iftoomminni kallattiin amantaa fi hirmaannaa hawwaasaa dabaluuf baayyee murteessaadha. Qabatamaan kan hojiirra ooluu danda'us, hawwaasni mirga odeeffannoo argachoo yoo qabaatedha. Mootummaanis ykn qaamni mootummaa kamis dirqama odeeffannoo hawwaasaaf dhiheessuu yoo qabaatedha. Kana qofa osoo hin taane, iftoomminni dirqama isaa kana qaamni mootummaa ykn mootummaan akka baahatuuf meeshaa ittiin dirqiisiifamu ta'uus hubatamuu qaba.[184]

Armaan dura itti gaafatamummaa abbaa seerummaa waliin walqabsiisnee tuqudhaaf akka yaalametti aangoo manneen murtiis ta'e aangoo abbootii seeraa manneen murtii keessatti ramadamani hojjatan burqaan aangoo uummata waan ta'eef abbootiin seeraa fi manneen murtii gocha (hojii) irraa eegamu raawwachuu fi raawwachu dhabuu isaanii to'achuu fi mirkaneessuuf uummanni mirga qaba. Uummanni murtiiwwan fi ajajoota abbootii seeraatiin keennamani fi gochoota (hojiwwaan) manneen murtii tiin raawwataman beekudhaan abbaan seeraa tokko tokkon karaa sirri ta'een seera hiikaa akka jiru fi akka hin jirre hojii isaa si'ominaan raawwachuu fi raawwachuu dhabu isaa ilaaluu, taajjabuu fi mirkaneessuu akka danda'u abbootiin seeraa fi manneen murtii qajeeltoowwan bu'uuraa iftoomaa bu'uura gochuudhaan raawwachuu yoo danda'an qofadha.[185]

---

[183] Álvaro Herrero and Gaspar López, *Access to Information and Transparency in the Judiciary*, A Guide to Good Practices from Latin America (Access to Information program of the World Bank Institute (WBI), 2010), p.9, Asociación por los Derechos Civiles (ADC) www.adc.org.ar.

[184] Álvaro Herrero and Gaspar López, p.9.

[185] Alamaayyoo Taganee, Qajeeltoowwan Bu'uuraa Manneen Murtii Ittiin Qajeelfaman: Bilisummaa Abbaa Seerummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftooma, Moojulii Leenjii Hojii Irraaf kan qophaa'e (2001),

Iftoominni kallattiin akkafeetummaa, alnaamusummaa fi mal nadhibdummaan hojii hojjetamu hambisuuf itti gaafatamummaa fiduuf murteessaadha. Itti dabaluuni, iftoominni hojii abbaa seerummaa itti gaafatamummaaf hundee ta'uu irra darbee abbaa seeraa irra dhiibbaa gahu hambisuuf akka meeshaattis gargaaruu danda'a. Sababiin isaas, dhiibbaan geessifamu kamiyyuu hojii iftoomina qabuun bakkeetti mullachuu waan danda'uuf.[186] Iftoomina malee odeeffannoon hojii qaamolee mootummaa hawwaasa bira hin gahu. Rakkoowwan aangoo garmalee gargaaramuu malaamaltummaa fi kkf irratti hawwaasni qooda taphachuu qabu bahu hin danda'u jechuudha. sababiin isaas, hawwaasni odeeffannoo gahaa ta'e hin qabu waan ta'eef.[187] Iftoominni sirna diimokiraasii keessatti dhimma murteessaadha. Qajeeltoon iftoomina seerummaan akka baballatu, al seerummaan akka hirratuu fi mootummaan fi qaamoleen isaa itti gaafatamummaan akka itti dhagaahamu taasisuuf meeshaa murteessaadha.

Iftoominni olaantummaa seeraaf barbaachisaadha yeroo jedhamu kan dagatamuu hin qabne olaantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti iftoominni qooda inni qabu guddiisuu akka hin taanes dagatamuu hin qabu. Iftoominni kallattiin eenyu akka itti gaafatamuu fi maal hojjetu waanta ibsu hin qabu. Kana kan murteessu seericha qofadha. Iftoominni kallattiin kan walqabatu adeemsa seericha hojiirra oolchuu keessatti hawwaasni odeeffannoo maalii qaba ykn akkamitti hojjetamaa jira kan jedhu akka beekuu fi gahee isaa akka bahu taasisuu gargaaruu danda'a kan jedhuuf qofadha. Itti dabaluunis mootummaan akka mootummaatti dirqama seericha hojiirra oolchuu bahaa jiraachuu isaa beeksiisuuf gargaaruu danda'a. kana irraan kan hafe kallattiin olaantummaa seeraa fi hojiirra oolmaa seerichaa keessatti kallattiin walqabsisunis rakkisaa ta'uu akka danda'u barreeffamoonni ni kaasu.[188] Iftoomina mootummaa fi qaamolee mootummaa keessatti hirmaannaan qaamolee hawwaasummaa, siivilii, miidiyaa, miti mootummaa (NGO), mana murti, abbaa gaar, seera baaftuu fi kkf qooda isaan taphatan guddaa ta'uu danda'a.

Iftoominaaf hiikkoo kennuu ilaalchisee rakkisaa akka ta'u barreessaan tokko yeroo ibsutti;

---

[186] Álvaro Herrero and Gaspar López, *Access to Information and Transparency in the Judiciary*, p.11.

[187] Naomi Reniutz-Ursoiu and Mihaela Musan, "PRINCIPLES OF TRANSPARENCY AND ACCOUNTABILITY: MECHANISMS FOR SECURING OBLIGATIONS INCUMBENT TO PUBLIC BODIES," 2010, p.2.

[188] Reniutz-Ursoiu and Musan, p.3-4.

"As a term of art, transparency could well win the prize for most increased usage of any word and has been used almost to the saturation point over the past decade. becoming a pervasive cliché of modern governance. In perhaps its commonest usage, transparency denotes government according to fixed and published rules, on the basis of information and procedures that are accessible to the public, and within clearly demarcated fields of activity."[189]

Yaaddamni iftoomina jedhu akka hiikkoo armaan olitti kennametti haala ballaa ta'een hiikamuu kan danda'udha. Haa ta'u malee, hiikkoo kana keessatti fayyadama irraa kan ka'e hiikkoon iftoominaaf kennamuu danda'u ballachuu fi dhiphachuun isaa akkuma jirutti ta'ee, qabxiileen ka'an jiru isaanis, mootummaan adeemsa ittiin murtii fudhatu beekamuu, odeeffannoo fi adeemsa banaa ta'e hordofuu fi daangaa aangoo keessatti hojjetamu ifaa ta'uu waliin kan walqabatu ta'uu hubachuun ni dandaa'ama. Kana qaaccessuun barreeffamni tokko iftoomina jedhamee yeroo kaa'amu wantoota sadii akka of keessatti qabatu ni kaa'a; isaanis; Adeemsi qaamoleen mootummaa keessa darbuun murtii ittiin kennaan hubatamuu fi beekamaa ta'uu, murtiileen fudhataman sababawaa ta'uu fi hanga dandaa'ametti odeeffannoowwan murtichi irratti hundaa'u hawwaasaaf ifaa ta'uu kan jedhanidha.[190]

Iftoomina yeroo jedhamu kallattii mirga lammiilee odeeffannoo argachuu jedhamee kaa'amu qofaan kan ilaalamu osoo hin taane, kallattii mootummaan dursanii odeeffannoowwan hawwaasaaf ifaa gochuu kan dabalatu ta'a.[191] kanaaf, iftoomina jechuun caasefamma adeemsa murtii kennu keessatti banaa ta'e, sirna murtii kennuu iftoomina qabu qabaachuu waliin kan walqabatu ta'uu hubachuun ni dandaa'ama. Itti dabaluunis, adeemsa kenniinsa murtii irra darbuun murtiin kennamu mataan isaa kan walsimuu fi ifaa ta'uun akka dabalatu ogeessonni ni kaasuu.[192]

---

[189] C. Hood, ―Transparency in historical perspective‖, in Transparency: the key to a better governance? by C. Hood and D. Heald, published for The British Academy by Oxford University Press, 2006, p.3

[190] European Ombudsman, ―Transparency as a Fundamental Principle of the European Union‖, 2001 http://www.euro-ombudsman.eu.int/speeches/en/2001-06-19.htm

[191] D. Curtin and A. Meijer, _Does transparency strengthen legitimacy ', Information Polity 11, IOS Press, 2006

[192] Reniutz-Ursoiu and Musan, "PRINCIPLES OF TRANSPARENCY AND ACCOUNTABILITY: MECHANISMS FOR SECURING OBLIGATIONS INCUMBENT TO PUBLIC BODIES," P. 4. (In this sense a transparent government should provide optimal public information about its actions through means such as publications, access to information and

3. Barbaachisummaa Iftoominaa

Itti gaafatamummaan iftoomina malee jiraachuu kan hin dandeenye ta'uu fi yaaddamoonni lamaanuu walqabatanii kan adeeman ta'uu hiikkoo jalatti kaafnee ilaalleera. Itti dabaluunis iftoominni olaantummaa seeraa fi ijaarsa sirna diimokraasiif gumaacha inni qabu ka'eera. Faayidaa fi barbaachisummaa iftoominaa ilaalchisee bifa waliigalaan yeroo cuunfamee yeroo kaa'amu qabxiilee gurguddoo armaan gadiin gudunfuun ni dandaa'ama.[193]

- Jalqaba irratti iftoominni bulchiinsaaf gumaacha inni qabu irraa ka'uun ni dandaa'ama. Kana jechuunis, akkuma iftoomini dabalaa adeemu xiyyeeffannoon kaayyoo irratti jiraatuu fi kallattiin dhimmoota murteessoo ta'an irratti daataa fi ragaalee qabachuun dabalaa kan adeemu waan ta'eef odeeffannoon qulqulluu fi iftoomina qabu qabamaa adeema. Kun ammoo bulchiinsa keessatti murtiileen fudhataman ragaa sirrii fi qulqulluu ta'e irratti kan hundaa'an kan taasisu sababa ta'eef bulchiinsaa gaarii ta'a.
- Lammaffaa irratti kallattii heeraan kaasuun ni dandaa'ama. Innis, iftoomina dabaluun kallattiin qaamoleen mootummaa dirqama seeraa fi heeraa isaanii bahaa jiraachuu isaanii qaamoleen seera baaftuu keessa jiranii fi qaamoleen to'annoo geggeessan akka beekaniif meeshaa murteessaadha.
- Sadaffaa irratti kan ka'u, iftoomina kallattii seeraan ilaaluun kan dandaa'amu ta'uu isaati. Kana jechuunis, murtiilee fudhataman keessatti murticha sababeessuu fi iftoominaan beeksiisuun kallattiin lammiileen fi qaamni kamiyyuu murtichi maal irratti hundaa'ee akka kenname akka beekaniif kan gargaaru ta'uu irra darbee murtiin kenname rakkoo qaba kan jedhan yoo ta'e, maal irratti hundaa'uun mirga isaanii seeraa eegsifachuu akka danda'an kan beeksisudha. Haala kanaan lammiileen murtiilee fi ajajoota seeraan alaa, adeemsa dogongoraa keessa darbanii fi sirrii hin taane kamiyyuu mormuu fi furmaata seeraa itti barbaadachuu akka dandaa'aniif karaa ta'a.
- Afuraffaa irratti iftoominni maaliif barbaachise kan jedhuuf sababni imaammata waliin walqabate ka'uu danda'a. Innis, iftoominni baballachuun murti gaarii ta'e akka kennamuuf

transparency in decision-making laws, procedural mechanisms to allow interest groups and individuals to express their concerns related to matters that directly affect them, and clear rules on restrictions.

[193] A. Tomkins, —Transparency and the emergence of European administrative law, in Yearbook of European Law ,1999-2000, Vol.19, Oxford University Press, 2000

karaa baneera yoo jenne, hanqinaaleen hafan akkuma adeemsi murtiin ittiin kennamu iftoomina qabaachaa adeemuun xiqqaachaa akka adeemuuf karaa bana. Sababiin isaas, iftoominni kallattiin hawwaasni fi midiyaaleen adeemsa murtichaa akka qeeqaniif karaa kan banu waan ta'eef gochaaleen alseerummaa of keessaa dhaban dhoksuuf rakkisaa ta'aa adeema waan ta'eef.

- Dhuma irratti barbaachisummaa iftoominaaf kan ka'u, iftoominni dandeettii lammiileen sirna diimokraasii keessatti odeeffannoo gahaa argachuun beekumsa gahaan akka hirmaatan kan taasisu waan ta'eef meeshaa murteessaadha.

Kana irraa ka'uun yaaddamoonni akka mirga odeeffannoo argachuu, hirmaannaa uummataa, lammiilee ogeessa ta'an hirmaachisuu, lammiilee sababawaa ta'an ykn dhama qabeessa ta'an qabaachuu, murtiilee sababawaa ta'an qabaachuu, adeemsa murtii kennuu banaa qabaachuu kan jedhan hundinuu kallattiin qajeeltoo iftoomina jedhu waliin kan walqabatan ta'uu hubachuun ni dandaa'ama.

4. Daangaa Iftoominaa

Qajeeltoo iftoominaa keessatti kan dagatamuu hin qabne, iftoomina yero jedhamu odeeffannoo hundumaa argachuun dandaa'ama jechuu akka hin taanedha. Iftoomina keessatti mootummaan ykn qaamni odeeffannoo irraa barbaadamu odeeffannoo sana madaaluun diduu kan danda'ut a'uu barreeffamoonni ni kaasu. Akka ulaagaattis wantoonni iftoomina waliin walqabatanii ka'an ni jiru. Jalqaba irratti mirgi odeeffannoo argachuu seeraan kan haguuggii argate ta'uu qaba. Mootummanis ta'e qaamni mootummaa kamiyyuu odeeffannoo kennuuf dirqama kan qabu ta'uus itti dabalamee hammatamuu qaba. Haa ta'u malee, gaaffiin itti aanee ka'u mirgi odeeffannoo argachuu odeeffannoowan akkamii haammata kan jedhudha. Sababiin isaas odeeffannoowwan hundumaatu ifaa ta'uu qaba kan jennu yoo ta'e kallattiin mirgoota hawwaasaa fi dhuunfaa waliin walitti bu'uu kan danda'u waan ta'eef.[194]

Akka qajeeltootti odeeffannoo argachuun mirga ta'uu qaba, haa ta'u male haala addaan odeeffannoon barbaadamu kallattiin dantaa hawwaasa ballaa waliin kan walitti bu'u yoo ta'e,

[194] Reniutz-Ursoiu and Musan, "PRINCIPLES OF TRANSPARENCY AND ACCOUNTABILITY: MECHANISMS FOR SECURING OBLIGATIONS INCUMBENT TO PUBLIC BODIES," P.5.

nageenya biyyaa fi hawwaasaa balaa irra kan buusu yoo ta'e, dandeettii murtii kennuu qaama mootummaa murtii kennuu kana kan miidhu yoo ta'ee fi dantaa dhuunfaa gareewwanii balaa irra kan buusu yoo ta'e sababeessuun dhorkachuun kan dandaa'amu ta'uu barreeffamoonni ni agarsiisu.[195] Mirgi bu'uuraa odeeffannoo argachuufi tamsaasuu kuni mirga heeraa fi waliigalteewwan sadarkaa addunyaatti gaggeeffamanii fi fudhatamaniin kan deeggaramee fi beekamtii argatee dha.[196]

5. Haguuggii Seeraa fi Heeraa Iftoominaa

Namoonni himatanii fi himatamanii hundinuu akka mirgaatti dhimmi isaanii dhaddacha ifaa fi haqa qabeessa ta'eti ilaalamuufiin mirga heeraan haguuggii argatedha.[197] Kun karaa itti manneen murtii hojii isaanii seera qofa irratti hundaa'uun dhiibbaa qaama kamiinu ala haala ta'een raawwachuu isaanii ittiin mirkanaa'u keessaa tokko akka ta'eetti ni ka'a.[198] HMFDRI jalattti akkuma tumamee jiru, mirgi odeeffanno argachuu fi yaada ofii biliisaan ibsachuu lamillee mirgaa bu'uuraa ta'uu isaati.[199] Yaadrimeen rakkoo walitti dhufeenya dhaabbilee sab-qunnamtii fi manneen murtis bu'uuruma bilisummaa fi ittigaafatamummaa abbaa seerummaa olitti caqasaman wajjiin kan deemudha. Akka yaada dabalataatti kan dhihaatudha malee yaada addaa ta'ee ilaalamuu hin qabu. Manni murtiis akka qaama mootummaatti dirqama heeraan qabu bahachuu qaba bu'uura kan godhate ta'a jechuudha. HMFDRI kwt. 12 (1) jalatti akkuma tumamee jiru hojiin qaamolee mootummaa kamiyyuu iftoomina qabaachuun akka qabudha. Haa ta'u malee, qajeeltoon bu'uuraa iftoominaa manneen murtii keessatti qaamolee mootummaa biro irraan adda haala ta'een hojiirra oola. Karaa itti iftoominni hojiirra ooluu danda'u keessaa tokkoffaanis dhaddacha ifaatti dhimmootu keessummeessuudha. Karaa birootiin seeraan yoo tumamee malee manneen murtii hojii isaanii dhaddacha ifa ta'een gaggeessu akka qaban labsii manneen murtii naannoo fi

---

[195] European Ombudsman, —Transparency, Accountability, and Democracy in the EU‖, 2006 http://www.euro-ombudsman.eu.int/speeches/en/2006-10-17b.htm

[196] Sanadoota mirgi odeeffannoo argachuu keessaatt sadarkaa idila addunyaatti beekamtii fi haguuggii keessatti argatee jiru keessaa muraasa yoo kaafne, Labsiin Mirgoota Waliigalaa Namoomaa (UDHR) keewwata 19 jalatti, ICCPR kew.19 jalatti, ACHPR keewwata 9, Ibsa Qajeeltoowwan Mirga yaada Bilisaan Ibsachuu Afrikaa (Declaration of principles on freedom of expression in Africa) Kew. 9 faa akka fakkeenyaatti kaasuun ni dandaa'ama.

[197] kwt. (20), Heera mootummaa RFDI, labsii lakk.1/1987

[198] preamble, UN Basic principles on the independence of the judiciary (resolution 40/146, Dec. 1985)

[199] HMFDRI, kewt.(29)

Federaalaa dhaabbudhaaf bahan keessatti tumameera.[200] Kana irraa ka'uun, dhaddachi hundinuu dhaddacha banaa ta'uu akka qabuu fi abbaan seeraas dirqama dhaddacha banaa ta'etti dhimmoota keessummeessuu kan qabu ta'uu hubachuun ni dandaa'ama.

Gaaffii marii

1. Dirqama dhaddacha ifaatti dhimmoota keessummeessuu ilaalchisee manneen murtii keessatti bakki mijataan kan hin jirre yoo ta'e furmaanni maal ta'uu qaba jettuu?
2. Dhimmoonni hundumtuu dhaddacha ifaattii keessummeessamuu qaba jettuu? Maaliif?
3. Dhaddacha ifaatti dhimmoota keessummeessuu fi bilisummaa abbaa seerummaa wanto walitti buusu ni jiraa? Maaliif?
4. Qajeeltoon bilisummaa abbaa seerummaa jedhuu fi mirgi hawwaasni odeeffannoo argachuu jedhu akkamitti waliin deemsisuun dandaa'ama? Sababaa fi barbaachisummaa isaa waliin kaasuun irratti mari'adhaa.
5. Mirga odeeffannoo argachuu fi mirga gareewwan falmii geggeessaa jiranii akkamitti walmadaalchisuu dandeenya?

Lammaffaa irratti kan ka'u ammo odeeffannoo karaa midiyaalee garaagaraa manneen murtii fi abbaa seeraa ilalchisanii darbanidha. Gaaffiin guddaan kana waliin walqabatee ka'uu malu walitti dhufeeny manneen murtii fi miidiyaa maal ta'uu qaba kan jedhu ta'a jechuudha. Dhaddacha banaatti geggeeffamu ilaalchisee oolmaa dhaddachaa hawwaasaaf odeeffannoo dhaqqabasiisuun miidiyaaleen karaa itti iftoomina abbaa seerummaa hawwaasa biraan gahan keessaa tokkodha. Dhaabbileen sabquunnamtiis odeeffannoo mana murtii bira argachuu fi hawwaasaaf tamsaasuuf mirga ni qabu. Kunis hojiirra oolmaa mirga odeeffannoo qaamolee mootummaa biraa argachuuf gaafachuu, argachuu fi tamsaasuu labsii 590/2000 kwt. 12 jalatti eegumsa argatee jiru irraa kan maddedha. walitti dhufeenya sab-qunnamtii fi manneen murtii irratti, kwt. 21 labsii kanaa odeeffannoo laachuu waliin walqabatee haalota addaa tumeera. Haaluma kanaan, dhimmoota mana murteen ilaalamaa jiranii fi adeemsa himatichaa danquu danda'an, haqa kan jallisu yoo ta'e

[200] Constitution Of The Federal Democratic Republic Of Ethiopia, P. Art. 26; A Proclamation To Redefine The Structure, Powers And Functions Of The Oromia Regional State Courts Proclamation No. 216/2018, Kwt. 38.

yookaan madaalawaa ta'uu adeemsichaa kan miidhu yoo ta'e, odeeffannoon laatamuu akka hin qabne kan teessifameen ala odeeffannoo kamiyuu tamsaasuuf argachuuf mirga ta'uu tumameera.

Midiyaaleen dhimmoota manneen murtii yeroo gabaasanitti dhimmoota isaan xiyyeeffannoo keessa galchuu qaban ni jiru. Inni guddaan bilisummaa mana murtii gabaasotaa fi odeeffannoowwan sarbuu danda'an gabaasuu fi odeeffannoo luucca'e ykn gamtokkee qofa gabaasuun dogongongora akka ta'e barreeffamoonni ni kaasu.[201] Kanaaf, odeeffannoowwan sabquunnamtiin darban kamiyyuu kallattiin bilisummaa manneen murtii fi mirga haqa argachuu gareewwanii kan balaa irra buusu ta'uu akka hin qabne hubachuun ni dandaa'ama jechuudha. Sadarkaa idila-addunyaattis, Waadaa Mirgoota Sivilii fi Siyaasaa Idil-addunyaa (ICCPR) keewwata 19(3) jalattii mirgootaa fi kabaja namoota biroo eegsisuuf, nagaa biyyoolessaa, nageenya ummataa, ykn fayyaa ykn naamusa kabachiisuuf jecha mirgoota odeeffannoo argachuu fi tamsaasuu irratti daangaan akka kaa'amuu danda'u ni ibsa. Inni kun immoo dhiibbaa manneen murtii irratti sab-qunnamtiidhaan qaqqabuu danda'u wajjiin kan wallitti dhufeenya qabaachuu danda'u dha.

Hojiileen karaa miidiyaa hojjetaman, kallattiin wantoota gurguddoo inni walmadalchisee adeemuu qaba, bilisummaa manneen murtii, mirga odeeffannoo argachuu hawwaasaa, mirga haqa argachuu gareewwanii fi dhibbaa odeeffannichi amantaa hawwaasni manneen murtii irraa qabu irratti inni geessisuu danda'udha. Sababiin isaas, odeeffannoowwan hawaasaaf dhiyaatan keessattuu raawwii yakkaa wajjiin wal qabatee jiran haalli hawaasaaf itti dhiyaataniif hawaasni itti hubatu haala qabatamaa manneen murtii (abbootiin seeraa) dhimmicha ija seeraatiin ittiin ilaalan gidduu garaagarumman kan jiru waan ta'eef miira hawwaasaa kakaasuu fi garmalee dhimmichi akka hubatamu taasisuu kan danda'u waan ta'eef ofeeggannoo mataa isaa danda'e ni barbaachisa jechuudha.

Itti dabaluunis, odeeffannoowwan darban dursee hawwaasni abbaa seeraan dura mirga akka nama qulqulluutti tilmaamamuu himatamaa bira darbuun yakkamaadha jedhee akka tilmaamu kan taasisu kan ta'u yoo ta'e, dhiibbaa inni abbaa seeraa irraan gahuu danda'u kallattiin bilisummaa abbaa seeraa waliin kan walitti bu'u ta'uun isaa hin hafu.

[201] Faasil, Walitti Dhufeenya Sabquunnamtii fi Manneen Murtii (2005),

Walumaagalatti iftoomina waliin walqabatee adeemsa abbaan seeraa ittiin muudamuu, gumiin abbootii seeraa ittiin filatamuu ifaa beekamaa, ulaagaa murtaa'e irratti ta'uun isaa iftoomina hojii abbaa seerummaaf gumaacha guddaa qaba. Itti dabaluuni, hojiiwwan mana murtii keessatti hojjetaman ifa gochuu, murtiilee mana murtii maxxansiisuu, adeemsa dhaddachaa akka hordofamu taasisisuu fi kkf. Kallattiin iftoomina hojii abbaa seerummaaf gumaacha guddaa qabu.

Qabxiilee Marii

1. Hojii abbaa seerummaa dhaddacha ifa ta'een akka raawwatamu gochuun qulqullina haqaa fi itti gaafatamummaa abbaa seerummaa mirkaneessuf shoorii inni qabu akkamitti ibsama? Manneen murtii keessatti dhaddacha ifa ta'een gaggeessuu qajeeltoowwan bu'uuraa iftooma hojii irra oolchuuf rakkinni jiru maali jettani yaadduu? Furmaani hoo maal jettu?

2. Abbootiin seeraa hojii abbaa seerummaa isaanii yammuu raawwatan dhiibbaawwan kara malee gama dhaabbilee sab-qunnamittii isaan irra gahuu danda'u irraa bilisa ta'u akka qaban qajeeltoon bu'uuraa bilisummaa abbaa seerummaa akka gaafatu kutaa tokkoffaa keessatti ibsuuf yaalameera. Karaa birootiin uummani waa'ee hojii abbaa seerummaa oddeeffannoo gayaa argachuuf mirga qaba. Kanaaf immoo pireesini shoora ol'aanaa taphata. Karaa biraatiin ammoo pireesiin mataa isaa bilisummaa abbaa seerummaa irratti dhiibbaa geessiissu ni dandaya. Kanaafuu, bilisummaa abbaa seerummaa fi pireesii jidduu madaalli jiraachuu qabu akkamitti eeguun danda'amaa?

3. Walitti dhufeenya bilisummaa abbaa seerummaa, itti gaafatamummaa abbaa seerummaa fi iftoomaa maali? Akkamitti ibsama?

———. “Fundamental Values Of The Justice System.” *Ssrn Electronic Journal*, 2011. Https://Doi.Org/10.2139/Ssrn.1837486.

———. “The Normative Cycle Of Shaping Judicial Independence In Domestic And International Law: The Mutual Impact Of National And International Jurisprudence And Contemporary Practical And Conceptual Challenges” 10, No. 1 (N.D.): 59.

“A Proclamation for the Re-Establishment of Oromia Judicial Administration Commission Proclamation No. 217/2018,” Proclamation No. 217/2018 § (2018), kwt.8;

“A Proclamation to Redefine the Structure, Powers and Functions of the Oromia Regional State Courts Proclamation No. 216/2018,” 216/2018 § (2018),

“A Proclamationtoprovideforthe Estabushmentof Thefederal. Judicial Administration Commission,” Pub. L. No. 24/1996, Proclamationno. 24/1996

“Constitution Of The Federal Democratic Republic Of Ethiopia,” Proclamation no.1/1994 § (1994),

“Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya’ee Bahe Labsii Lakk. 46/1994” (1994),

“Human Rights in the Administration of Justice: A Manual on Human Rights for Judges, Prosecutors and Lawyers,” n.d.,

“Human Rights In The Administration Of Justice: A Manual On Human Rights For Judges, Prosecutors And Lawyers,” N.D.

“Judicial_independence_Definition_measurement_and_i.Pdf,

“Judicial_Independence_Definition_Measurement_And_I.Pdf,” N.D.

A Proclamation for the Re-establishment of Oromia Judicial Administration Commission Proclamation No. 217/2018, kwt

A Proclamation for the Re-establishment of Oromia Judicial Administration Commission Proclamation No. 217/2018, kwt.22.

A Proclamation To Redefine The Structure, Powers And Functions Of The Oromia Regional State Courts Proclamation No. 216/2018, Kwt. 38.

A Proclamation To Redefine The Structure, Powers And Functions Of The Oromia Regional State Courts Proclamation No. 216/2018, 216/2018 § (2018).

A Proclamationtoprovideforthe Estabushmentof Thefederal.Judicial Administrationcommission, Pub. L. No. 24/1996, Proclamationno. 24/1996 (N.D.).

A. Tomkins, ―Transparency and the emergence of European administrative law, in Yearbook of European Law ,1999-2000, Vol.19, Oxford University Press, 2000

Alamaayyoo Taganee, Bilisummaa Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina Hojii Abbaa Seerummaa (Moojulii Leenjii Hojiin Duraaf Kan Qopha'e) ILQSO, 2001

Alemayehu Tegene. (2007). Independence And Accountability Of Oromia Regional State Judiciary In Light Of The Judicial Reform Program. (Master Thesis Aau Unpublished)

Álvaro Herrero and Gaspar López, Access to Information and Transparency in the Judiciary, A Guide to Good Practices from Latin America (Access to Information program of the World Bank Institute (WBI), 2010), Asociación por los Derechos Civiles (ADC) www.adc.org.ar.

Álvaro Herrero, And Gaspar López. *Access To Information And Transparency In The Judiciary*. A Guide To Good Practices From Latin America. Access To Information Program Of The World Bank Institute (Wbi), 2010. Asociación Por Los Derechos Civiles (Adc) Www.Adc.Org.Ar.

Basic Principles on the Independence of the Judiciary, 1985

Brinks, Daniel M, And Abby Blass. “Rethinking Judicial Empowerment: The New Foundations Of Constitutional Justice.” *International Journal Of Constitutional Law* 15, No. 2 (April 1, 2017): 296–331. Https://Doi.Org/10.1093/Icon/Mox045.

Burbank, “Judicial Independence, Judicial Accountability and Interbranch Relations,”

Burbank, “What Do We Mean by Judicial Independence?”

Burbank, Stephen B. “Judicial Independence, Judicial Accountability And Interbranch Relations.” *Ssrn Electronic Journal*, 2006. Https://Doi.Org/10.2139/Ssrn.922091.

Burbank, Stephen B. “What Do We Mean By Judicial Independence?” *Ohio State La Wjournal* 64 (N.D.): 18.

C. Hood, ―Transparency in historical perspective‖, in Transparency: the key to a better governance? by C. Hood and D. Heald, published for The British Academy by Oxford University Press, 2006,

Canadian Judicial Council. (1998). Ethical Principles For Judges. Ottawa, Ontario: Canadian Council

Cappelletti, M. (1983).”Who Watches The Watchmen? A Comparative Study On Judicial Responsibility.” 31 American Journal Of Comparative Law

Charles Gardner Geyh & Emily Field Van Tassel, The Independence of the Judicial Branch in the New Republic, 74 CHI.-KENT. L. REV 31, 32 (

Constitution Of The Federal Democratic Republic Of Ethiopia, P. Art. 26;

Constitution Of The Federal Democratic Republic Of Ethiopia, Proclamation No.1/1994 § (1994).

Cyrus Das K Chandra (Editors) Judges And Judicial Accountability (2005). Universal Law Publishing Co. Pvt. Ltd.

D. Curtin and A. Meijer, _Does transparency strengthen legitimacy ‘, Information Polity 11, IOS Press, 2006

Dakolias, Maria And Thachuk, Kim (2000). "Attacking Corruption In The Judiciary: A Critical Process In Judicial Reform." 18 Wisconsin International Law Journal

Daniel M Brinks and Abby Blass, "Rethinking Judicial Empowerment: The New Foundations of Constitutional Justice," International Journal of Constitutional Law 15, no. 2 (April 1, 2017): p.1, https://doi.org/10.1093/icon/mox045.

David Pimentel, "Balancing Judicial Independence And Accountability In A Transitional State: The Case Of Thailand" 33 (N.D.):

David Pimentel. "Balancing Judicial Independence And Accountability In A Transitional State: The Case Of Thailand" Vol. 33:155 (2016). Https://Escholarship.Org/Uc/Item/6gr416nk.

ENCJ Project 2013-2014 Independence and Accountability of the Judiciary–adopted Rome 13 June 2014

Entin, Jonathan L. "Getting What You Pay For: Judicial Compensation And Judicial Independence," N.D., 21.

Ervin, Sam J. "Separation Of Powers: Judicial Independence." *Law And Contemporary Problems* 35, No. 1 (1970): 108. Https://Doi.Org/10.2307/1191032.

European Ombudsman, ―Transparency as a Fundamental Principle of the European Union‖, 2001 http://www.euro-ombudsman.eu.int/speeches/en/2001-06-19.htm

Faasil, Walitti Dhufeenya Sabquunnamtii fi Manneen Murtii (2005), (Qorannoo ILQSO hin Maxxanfamne)

Federal Courts' Proclamation, Proclamation No. 25/1996 § (N.D.).

Fiona Elizabeth Jamieson, For a discussion on corruption in the judiciary, see Richard J. Scott, "Towards an ethic to control judicial corruption", in Strengthening Judicial Independence, Eliminating Judicial Corruption, CIJL Yearbook 2000, p. 117.

Fiona Elizabeth Jamieson, "Judicial Independence: The Master Narrative," SSRN Electronic Journal, 2018, p.3, https://doi.org/10.2139/ssrn.3128963.

G Petren, 'The Independence of the Judiciary' in Helsinki Symposium,

Griffen, Wendel L (1998). “Comment: Judicial Accountability And Discipline. “ 61

Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya’ee Bahe Labsii Lakk. 46/1994, kwt.63(4).

Human Rights Committee, General Comment No. 29 - States of Emergency (article 4), doc. cit., para 16, Habeas Corpus in Emergency Situations (articles 27.2, 25.1 and 7.6 American Convention on Human Rights), IACtHR Advisory Opinion OC-8/87, Series A No. 8,

Ibsa Waliigalaa Bilisummaa Mooniteriyaal Jastiisii (The Montreal Universal Declaration on the Independence of Justice) (1983) (“Universal Declaration”),

In Hamilton's words, "a power over a man's subsistence amounts to a power over his will." THE FEDERALIST No. 79

Islam, “Does the Independent Judiciary Important in Bangladesh? A Legal and Economic Study,”

Islam, Mohammad Saiful. “Does The Independent Judiciary Important In Bangladesh? A Legal And Economic Study,” N.D., 13.

J. Clifford Wallace, “An Essay on Independence of the Judiciary: Independence From What and Why” vol 58:241, no. Issue 2 (2001):

J. Clifford Wallace. “An Essay On Independence Of The Judiciary: Independence From What And Why” Vol 58:241, No. Issue 2 (2001).

Jamieson, Fiona Elizabeth. “Judicial Independence: The Master Narrative.” *Ssrn Electronic Journal*, 2018. Https://Doi.Org/10.2139/Ssrn.3128963.

Jeffrey M Sharman, “Judicial Ethics: Independence, Impartiality, and Integrity,” n.d.,

Jonathan L Entin, “Getting What You Pay For: Judicial Compensation and Judicial Independence,” n.d.,

José Zeitune, International Principles on the Independence and Accountability of Judges, Lawyers and Prosecutors, second Edition, Lawyers and Prosecutors A Practitioners Guide (International Commission of Jurists, 2007),

José Zeitune. *International Principles On The Independence And Accountability Of Judges, Lawyers And Prosecutors*. Second Edition. Lawyers And Prosecutors A Practitioners Guide. International Commission Of Jurists, 2007.

K Mack and S Anleu "The Security of Tenure of Australian Magistrates" [2006] Vol 30 Melbourne University Law Review 370,

Larkins Christopher M. Judicial Independence and Democratization: A Theoretical and Conceptual Analysis. The American Journal of Comparative Law. 1996; 44(4):

Larkins, Christopher.(1996)." Judicial Independence And Democratization: A Theoretical And Conceptual Analysis". 44 American Journal Of Comparative Law 4

M. Cappelletti, "Who Watches the Watchmen?" (1983) 31, S. Shetreet, "Judicial Accountability: A Comparative Analysis of the Models and the Recent Trends" (1986)11

Madaalliiwwan Bilisummaa Abbaa Seerummaa Waldaa Abukaatoowwan Addunyaa (The International Bar Association and Minimum Standards of Judicial Independence) (1982) ("New Delhi Standards"),

Mathew D McCubbins, Roger Noll, and Barry R Weingast, "Conditions for Judicial Independence" 15 (n.d.):

Mccubbins, Mathew D, Roger Noll, And Barry R Weingast. "Conditions For Judicial Independence" 15 (N.D.): 24.

Ministry Of Capacity Building. (2002) Justice System Reform In Ethiopia: Proceeding Of The Work Shop On Ethiopianis Justice Reform, Addis Ababa: Mcb

Mohammad Saiful Islam, "Does the Independent Judiciary Important in Bangladesh? A Legal and Economic Study," n.d.,

Mt. Scopus Approved Revised International Standards of Judicial Independence (Mar 19, 2008), available online athttp://aw.huji.ac.il/upload/InternationalStandardsofJudicialInd2008.doc

Naomi Reniutz-Ursoiu And Mihaela Musan, "Principles Of Transparency And Accountability: Mechanisms For Securing Obligations Incumbent To Public Bodies," 2010.

Oxner, Sandra E (2003). "The Quality Of Judges."The World Bank Legal Review: Law And Justice For Development Vol. 1 The Hague/London/New York: The World Bank

Perez Perdomo, R. (2002) Judicial Independence And Accountability (Paper).

Peter H. Russell, Judicial Independence In Comparative Perspective, In Judicial Independence In The Age Of Democracy 301, 302 (Peter H. Russell & David M. O'brian Eds., 2001).

Pimentel, David. "Balancing Judicial Independence And Accountability In A Transitional State: The Case Of Thailand" 33 (N.D.): 33.

Plank, Thomas E. "The Essential Elements Of Judicial Independence And The Experience Of Pre-Soviet Russia" 5 (N.D.): 75.

Preamble, UN Basic principles on the independence of the judiciary (resolution 40/146, Dec. 1985)

Qajeeltoowwan Bu'uuraa Bilisummaa Mana Murtii Mootummoota Gamtoomanii (The United Nations Basic Principles on the Independence and Impartiality of the Judiciary),

Recommendation I.3 of Council of Europe Recommendation No. R (94) 12 is identical to Principle 12.

Reniutz-Ursoiu And Musan, "Principles Of Transparency And Accountability: Mechanisms For Securing Obligations Incumbent To Public Bodies,"

Reniutz-Ursoiu, Naomi, And Mihaela Musan. "Principles Of Transparency And Accountability: Mechanisms For Securing Obligations Incumbent To Public Bodies," 2010, 13.

report by the American Bar Association Commission on Racial and Ethnic Diversity in the Profession entitled Miles to Go 2000: Progress of Minorities in the Legal Profession. see www.abanet.org/minorities.

Report of Special Rapporteurs on the situation of human rights in Nigeria, uN document E/CN.4/1997/62/ Add.1, para. 71.

Report of the Special Rapporteur on the independence of judges and lawyers, uN document E/CN.4/1995/39, para. 55, pars, 32 and 34.

Rogelio Perez-Perdomo, Independence and Accountability: Issue of Pwer and Control (Comprehensive Legal and Judicial Development: Toward an Agenda for a Justice) (edited by Rudolf V. Van Puymbroeck),

Rosenn, Keith S. (1987). "The Protection Of Judicial Independence In Latin America." 19 International American Law Review 1

S. Shetreet, J. Deschênes (eds.). Dordrecht: Kluwer Law International 1985,

S. Shetreet. Judicial Independence: New Conceptual Dimensions and Contemporary Challenges. – Judicial independence: the contemporary debate.

Sajo' Andras (Ed), 2004. Judicial Intergrity. Martinus Nijhoff Publisher Leiden/Bostan

Sam J. Ervin, "Separation of Powers: Judicial Independence," Law and Contemporary Problems 35, no. 1 (1970): p.109, https://doi.org/10.2307/1191032.

Seidman, Louis Michael (1987)." Ambivalence And Accountability." 61 Southern California Law Review

Sharman, "Judicial Ethics: Independence, Impartiality, and Integrity,"

Sharman, Jeffrey M. "Judicial Ethics: Independence, Impartiality, And Integrity," N.D., 22.

Shetreet Shimon, Christopher Forsyth. The culture of judicial independence: conceptual foundations and practical challenges: Martinus Nijhoff Publishers,

Shetreet, "Judicial Independence: Conceptual Dimensions and Contemporary Challenges" in Shetreet, Judicial Independence: The Contemporary Debate (Dordecht,

Shimon Shetreet, "Developments in Constitutional Law: Selected Topics," Israel Law Review 24, no. 3–4 (1990): p.372, https://doi.org/10.1017/S0021223700010001.

Shetreet, "Developments in Constitutional Law," p.388. S. Shetreet. Judicial Independence: New Conceptual Dimensions and Contemporary Challenges. – Judicial independence: the contemporary debate.

Shetreet, "The Normative Cycle of Shaping Judicial Independence in Domestic and International Law: The Mutual Impact of National and International Jurisprudence and Contemporary Practical and Conceptual Challenges,"

Shetreet, Shimon, And Jules Deschens, (Eds.,) (1985). Judicial Independence: The Contemporary Debate, Dordrecht: Martinus Nijhoff Publishers. Or Martinus Nijhoff Publishers, Boston/Lancaster.

Shetreet, Shimon. (1994). Justice In Israel: A Study Of The Israeli Judiciary. Dordrecht/Boston/ London: Martinus Nijhoff Publishers

Shetreet, Shimon. "Developments In Constitutional Law: Selected Topics." *Israel Law Review* 24, No. 3–4 (1990): 368–430. Https://Doi.Org/10.1017/S0021223700010001.

Shimon Shetreet, "Fundamental Values of the Justice System," SSRN Electronic Journal, 2011, p.8, https://doi.org/10.2139/ssrn.

Stephen B Burbank, "What Do We Mean by Judicial Independence?" Ohio State Law Journal 64 (N.D.): P.325. see also; The Constitution of Phillips Academy, Andover Massachusetts 11-12 (Rev. Ed. 1995)

Stephen B. Burbank, "Judicial Independence, Judicial Accountability and Interbranch Relations," SSRN Electronic Journal, 2006, p.911-912, https://doi.org/10.2139/ssrn.922091.

The Bangalore Principles of Judicial Conduct, adopted by the Judicial Group on Strengthening JudicialIntegrity, as revised at the Round Table Meeting of Chief Justices at The Hague, 2002

The Criminal Code Of The Federaal Democratic Republic Of Ethiopia, Proclamation No.414/2004.

The Special Rapporteur on the independence of judges and lawyers has held that while "fixed-term contracts may not be objectionable and not inconsistent with the principle of judicial independence; a term of five years is too short for security of tenure". In his view "a reasonable term would be 10 years"; UN doc. E/CN.4/2000/61/Add.1, Report on the Mission to Guatemala, para. 169(c).

The United Nations Draft Principles on the Independence of the Judiciary (1981)

Thomas E Plank, "The Essential Elements of Judicial Independence and the Experience of Pre-Soviet Russia" 5 (n.d.): p.3.

Thomas Tinkham, "Applying a Rational Approach to Judicial Independence and Accountability on Contemporary Issues," SSRN Electronic Journal, 2010, p.1638, https://doi.org/10.2139/ssrn.1681100.Thomas Tinkham, "Applying a Rational Approach to Judicial Independence and Accountability on Contemporary Issues," SSRN Electronic Journal, 2010, p.1638, https://doi.org/10.2139/ssrn.1681100.

Tinkham, "Applying a Rational Approach to Judicial Independence and Accountability on Contemporary Issues,"

Tinkham, Thomas. "Applying A Rational Approach To Judicial Independence And Accountability On Contemporary Issues." *Ssrn Electronic Journal*, 2010. Https://Doi.Org/10.2139/Ssrn.1681100.

UN doc. GAOR, A/53/40 (vol. I), para. 132. UN doc. GAOR, A/52/40 (vol. I), para. 224

Universal Charter of the Judge, Int'l Ass'n of Judges art. 11 (Nov. 17, 1999), http://www.iaj-uim.org/universal-charter-of-the-judges/ [https://perma.cc/59AG-

Universal Declaration of Human Rights, General Assembly Res No 217A (Ill), UN Doc A/810 (1948),

Vanderbilt, Arthur T.(1952). Cases And Other Materials On Modern Procedure And Judicial Administration. New York: Washington Square Publishing Corp

White, Penny J. (2002). "Judging Judges: Securing Judicial Independence By Use Of Judicial Performance Evaluations "29 Fordham Urban Law Journal

Wixinee Ibsa Waliigalaa Bilisummaa Mana Murtii fi Al-loogummaa (Draft Universal Declaration on the Independence and Impartiality of the Judiciary) (1989),

Wixinee Qajeeltoowwan Bu'uuraa Bilisummaa Mana Murtii Mootummoota Gamtoomanii (The United Nations Draft Principles on the Independence of the Judiciary) (1981),